

Barnoota Hawaasaa

Kitaaba Barattootaa







Kutaa 7

Qopheessitoota:

Jamaal Musxafaa (M.A.)
Nagaash Heebboo (M.A.)
Nageessoo Ismoo (M.A.)

Gulaaltota:

Balaachoo Abarraa (M.A)
Girmaa Tseggaayee (M.A.)

Madaaltota

Abarraa Kabbaboo
Baqqalaa Qana'aa(M.A.)
Beekii Tolasaa (M.A.)
Fiqaaduu Kabbadaa (M.A)

Giraafiksii:

Taaddasaa Dinquu(M.A.)

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2013/2021

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota BarsiisotaaRoobee bara 2013/2021 qophaa'e.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

BoqonnaaAmaloota Uumama lafaa 1

1.1 Uumama Sirna Biiftuu 2

1.2. Qabiyyee Irra Lafaatti Argamaniifi Caasalee keessa Lafaa 10

1.3. Wantoota Baqqaanni Irra Lafaa Irraa Ijaarame.....15

1.4. Haala Faca'insa Kattalee Fi Faayidaa Dinagdee Itoophiyaa Keessatti Qaban 18

Boqonnaa 2 . Jijjiirrama Dhala Namaafi Umata Addunyaa 24

2.1. Jijjiirrama Dhala Namaa 26

2.2. Uummata Addunyaa 30

2.3. Dagaagina Geejjibaa 48

Boqonnaa 3 Namaafi Qabeenya Uumamaa 61

3.1. Hariiroo Namaafi Naannoo Uumamaa isaa 66

3.2 Akaakuu Qabeenya Uumamaa 6

3.3. Itiyoophiyaa keessatti Waantoota qabeenya Uumamaa irratti dhiibbaa geessisan 65

Boqonnaa 4 Seenaa Qarooma Addunyaa Bara Duriifi Giddugaleessaa 69

4.1. Qarooma Addunyaa Durii 70

4.2. Seenaa Addunyaa Bara Giddugaleessaa 87

Boqonnaa 5 Seenaa Afrikaa Durii 97

5.1 Mootummaa Misir Durii 98

5.2 Mootummaa Nuubiyaa (Kuush) Durii 104

5.3 Qarooma Mero'e Durii 106

Boqonnaa 6 Seenaa Mootummootaafi Ummattoota Itoophiyaa Bara Duriifi Giddugaleessaa ...112

6.1. Mootummoota Itiyoophiyaa Bara Durii 113

6.2. Sulxaaneetota Muslimaa Itoophiyaa 122

6.3. Hariiroo, Walitti Dhufeenyaafi Sosochii Ummattootaa (Sirna Gadaafi Dhaabbilee Hawasaa Beekkamoo).....124

6.4. Sochiilee Dinagdee Bu`uura Mootummoota Itiyoophiyaa (Qonna, Daldalaafi Gibira).....132

Boqonnaa 7 Dhimmoota Ijoo Addunyaa si'anaa Xiyyeeffannoo Barbaadan 137

7.1. Naannoo Keessa Jiraannu 138

7.2. Heddummachuu Lakkoofsa Ummataa 146

7.3. Shororkeessummaa 146

7.4 Daddabarsa Namootaa Karaa Seeraan Alaa 148

BOQONNAA 1

AMALOOTA UUMAMA LAFAA

Bu`aawwan Barachuu Boqonnichaa:

- Haala uumama lafaafi sirna biiftuu ni ibsta.
- Qabiyyeewwan afran lafaafi walitti dhufeenya isaanii ni ibsta.
- Baqqaanota lafaafi amaloota isanii ni ibsta.
- Maddeen odeeffannoo kallattiifi alkallattii waa'ee baqqaanota lafaa ibsan adda nibaasta.
- Elementoota, albuudotaafi kattaalee beekamoo irra lafaa uuman addaan nibaasta.
- Haala faca'insaafi faayidaa kattaaleen diinagdee Itoophiyaaf qaban nixiinxalta.

Seensa

Barnoota saayinsii naannoo kutaa 5ffaafi 6ffaa keessatti waa'ee argamaafi qubannaa ummata naannoo Oromiyaafi Itoophiyaa baldhinaan barattee jirta. Barnoota boqonnaa kanaa keessatti qabxiileen gurguddoon argaman uumama sirna biiftuu, uumama lafaa, qaamolee sirna biiftuu, pilaanetoota, caasaalee qaama irra lafaafi keessa lafaa, kattaaleefi facaa'iinsa kattaalee Itoophiyaa, akkasumas faayidaalee kattaaleen diinagdee Itoophiyaa keessatti qaban nibaratta.

Ga'umsa Barachuu Yoo Xiqqaate Gonfatamuu Qaban:

- Haala uumama lafaafi sirna biiftuu ni ibsita.
- Waantota irra lafaatti argaman (liitoosfeerii, baayoosfeerii, haayidroosfeeriifi atimosfeerii) addan baasuun nihimta.
- Sababoota elementoota baqqaanonni lafaa irraa ijaarraman adda adda ta'aniif nimadaalta.
- Irra lafaa kaasee gara handhuura lafaatti yemmuu deemmamu hoo'i, dhiibbaan, ulfaatinnifi elementoonni irraa ijaarraman maal akka ta'an nixiinxalta.
- Irri lafaa albuudota, elementootafi kattaalee gurguddoo akkamii irraa akka ijaarraman adda nibaafatta.
- Itoophiyaa keessatti faca'insa kattaaleefi faayidaa isaan dinagdee keessatti qaban ni ibsta.

1.1. Uumama Sirna Biiftuufi Lafaa


Gaaffilee Shaakalaa

1. Waa'ee sirna biiftuu waan beektan qabduu?
2. Qaamolee sirna biiftuu keessatti argaman ibsi.
3. Pilaanetoota sirna biiftuu keessatti argaman tarreessi.

Sirni biiftuu kan uumame akka yaada hiddama saayinsii ammayyaatti sochii gaazotaa, duumessaafi dhukkee adda addaa irraa akka ta'e ni ibsa. Adeemsi sochii kana keessatti qaamni gara alaa jiran pilaanetiitti kan geeddaraman yommuu ta'u qaamni gara keessaafi rukkina cimaa qabu gara biiftuutti jijjiirame jedhameeti amanama.

Biiftuun handhuura sirna biiftuu keessatti argamti. Sirni biiftuu erga uumamee kaasee waggoota biiliyoona 4.6 ta'a jedhamee

yaaddama. Sirna biiftuu keessatti pilaanetoonni saglan daandii / oorbitii/ jedhamu irra biiftuu naanna'u. Pilaanetoonni saglan fageenya Biiftuu irraa qabaniin dhihoo irraa gara fagootti yoo tarreessinu Meerikurii, Veenusii, Lafa, Maarsii, Juppitarii, Saatarnii, Uraanusii, Neeptuuniifi Piluutoodha. Qaamman biroo sirna biiftuu keessatti argaman immoo saatalaayitoota, asteerooyidootaa, koomeetotaafi meetiyoorota fa'a. Saatalaayitoonni qaamman sirna biiftuu keessaa kan pilaanetoota naanna'an yommuu ta'an Koomeetota, Asteerooyidootaafi meetiyooroonni qaammaan sirnicha keessatti biiftuu naanna'anii dha.



Fakkii 1.1. Sirna Biiftu

Biiftuu

Gaaffilee Shaakalaa

1. Biiftuun maali? Akkamitti uumamte?
2. Fageenyi biiftuufi lafa jidduu jiru kiiloo meetira meeqa?
3. Qaama biiftuu gara keessaati moo gara alaatu caala ho'a?

Biiftuun qaamolee sirna biiftuu keessaa bu'a qabeessa kan taateedha. Sababni isaatiis hoo'aafi ifa waan kennituufi. Osoo biiftuun hinjiraanne ta'ee, lafti baay'ee waan qabbanooftuuf lubbu qabeeyyiin irra jiraachuu hindanda'an ture. Biiftuun Sirna biiftuu keessaa qaama baay'ee guddoodha. Kunis 99.86% taati.

Biiftuun urjiilee jiran keessaa lafatti baay'ee dhiyaattee kan argamtuufi lafa irraa fageenya 150,000,000 Kiiloo meetira ta'u irratti argamti. Urjiin fageenya lafa irraa sadarkaa lammaaffaatti argamtu Alfaaseencharii jedhamti. Caarallaan ifa aduu irraa ka'ee lafa gahuuf hamma 8 daqiiqaa ta'u itti fudhata. Biiftuun qaama gara alaa ishiitiin hoo'a hamma 6000ºc kan maddisiiftu yoo ta'u qaama ishii gara keessaatiin immoo hamma 13,000ºc maddisiisti. Waytii halkanii urjiileen baay'een nimul'atu garuu, guyyaa guyyaa hinmuldhatan. Kunis kan ta'eef urjilee biroo irra biiftuun lafatti dhiyaattee argamuu ishii irraa kan ka'e ifti maddisiistu kan urjilee biroo caalaa muldhata.

Pilaanetoota

Gaaffilee Shaakalaa

Pilaaneetii jechuun maal jechuudha?

1. Pilaanetoonni urjiileerra maaliin adda ta'u?
2. Pilaanetoota jiran keessaa lubbu qabeeyyiin kan irra jiraatan kami? Maaliif?
3. Pilaanetoonni biiftuu irra madaala isaanii eeggatanii tartiibaan akka naana'an maaltu isaan gargaara?

Pilaanetoonni qaamman sirna Biiftuu keessatti biiftuu naanna'aniidha. Pilaanetoonni hundinuu biftuu irraa fageenya adda addaa irra kan jiraniifi orbiitii mataa ofii qabu. Orbiitiin daandii yaadaa boca killee qabuufi kan pilaanetoonni irra biiftuu naanna'aniidha. Orbiitiin pilaanetootaa hunduu walirra hinbu'an.

Biiftuun humna harkisaa qabduun pilaanetoota gara ofiitti harkifti. Humni harkisa biiftuu kun humna gara keessaa yookaan humna seentiriipetaalii jedhama. Humni faallaa kanaa ta'ee pilaanetoonni harkisa walirraa qaban kun immoo humna gara alaa yookiin humna seentiriifugaalii jedhama. Humnoonni kunniin lamaan humnoota walqixaafi faallaa walii yommuu ta'an pilaanetoonni akka orbiitii isaanii osoo gadi hindhiisin biiftuu naanna'an gargaara.

Pilaanetoonni ifa mataa isaanii hin qaban. Garuu ifa biiftuu irraa argatan calaqqisiisuu danda'u. Pilaanetoota keessaa Veenusii (bakkalcha) malee kan hafan ijaan urjiilee biroo irraa gargar baasuun arguun rakkisaadha. Bakkalcha ganamaafi galgala ijaan ilaallee urjiilee biraa irraa adda baasuun nidanda'ama. Pilaanetootaafi urjiilee gargar baasanii beekuuf meeshaa teleeskooppii jedhamutti fayyadaman.

Meerikuriifi Veenusii malee Pilaanetoonni hafan saatalaayitii mataa ofii qabu. Saatarniin pilaanetii saatalaayitii baay'ee qabaachuun beekkamtu yoo taatu, lafti satalaayitii tokko qofa qabdi. Odeeffannoo dabalataa waa'ee pilaanetootaa gabatee armaan gadii ilaali.

Gabatee 1.1. Odeeffannoo waa'ee Pilaanetootaa

Ulaagaalee addaddaa	Meerikurii	Veenusii	Lafa	Maarsii	Juuppitarii	Saatarnii	Uraanusii	Neeptuunii	Piluutoo
Fageenna Aduurraa(miil)	57.9	108.2	149.6	227.9	778.3	1,427	2,869	4,496	5,900
Dheerinna Waggaa	G88	G224	W1	W1.9	W11	W29.5	W84	W164.8	W247.7
Yeroo Maraanmartoo	G59	G243	S23D56	S24D37	S9D50	S10D14	S11	S16	G6
Rukkinna(g/cm^3)	5.3	5.2	5.5	3.9	1.33	0.70	1.3	1.8	1.1
Diyaameetirii Mudhii	4,878	12,104	12,756	6,787	142,800	120,000	51,800	49,500	3,000
Hanga Sadhaatawaa (lafaa=1)	0.055	0.815	1.0	0.108	317.9	95.2	14.6	17.2	0.002
Baay'inna Ji'aa	0	0	1	2	16	20	15	2	1
Qilleensa Atmoosfeeraa irra jireessa	He	CO_2	N_2,O_2	CO_2	He,H_2	He,H_2	He,H_2, CH_4	He,H_2, CH_4	-
TeempireecharaGuddaa °C	430	480	60	30	-140	-175	-220	-215	-220

Uumama Lafaa

Gaaffilee Shaakala

1. Uumamni lafaafi sirna biiftuun walfakkaataa? Akkamitti?
2. Danaan lafaa maal fakkaata? Ragaaleen ittiin beekkaman maal fa'i?
3. Gosoonni sochii lafaa meeqaa? Maal fa'i?

Uumamni lafaa uumama sirna biiftuu waliin walfakkaatadha. Uumriin uumama lafaa kan sirna biiftuu waliin tokkodha. Lafti pilaanetoota biiftuu irra naanna'an keessaa ishee tokko. Bara durii namoonni lafti akka waan diriirtuu taateetti yaadaa turan.



Fakkii 1.2. Lafa

Yeroon booda garuu qorannoon adda addaa gaggeeffamaa turan lafti danaa marfamaa yookiin boca killeetti dhiyaatu akka qabdu mirkaneessaniiru. Hayyoonni danaan lafaa marfamtuu ta'uu ishii mirkaneessan keessaa Paataagoras, Pilaatoofi Aristootil isaan hangaafoota.


Lafti danaa marfamtuu ta'uu ragaaleen agarsiisan keessaa muraasni:

- baahuufi lixuu biiftuu
- G aaddidduun lafaa fuula ji'aa irratti mul'achuu
- Suuraan lafaa samii irraa gadi kaafame marfamtuu ta'uu kan agarsiisu ta'uu
- Dooniin lamaa walduraa duuba imalan adeemsa keessa yoo walirraa fagaatan wal arguu dhabu.
- Namni iddoo ka'e irraa of duuba osoo hin deebi'in naanna'ee iddoo ka'etti deebi'uu danda'uufi kkf

Pilaanetoonni irra caalaan orbiitii isaanii irra kallattii dhihaa gara bahaatti naanna'u. Lafti utubaa ishii irra faallaa lakkoftuu sa'aatii kan marsituufi si'a tokko marsitee xumuruuf sa'aa 23fi daqiiqaa 56 (guyyaa tokko)

itti fudhata. Sochiin lafti utubaa ishii irra taasiftu kun maraamartoo lafaa jedhama. Yommuu lafti utubaa ishii irra marsitu halkaniifi guyyaan ni umma.

Lafti si'a tokko orbiitii ishii irra biiftuu naannoftee xumuruudhaaf guyyoota 365¼ itti fudhata. Sochiin kunis naanna'uu lafaa jedhama. Lafti aduutti yommuu naannoftu jijjiiramni waktiileefi garaagarummaan dheerinna halkaniifi guyyaa ni uumama.




Fakkii 1.3. Sochiilee Lafaa

Fageenyi naannawa lafaa 40,000 km akka ta'e mirkanaa'eera. Sararri yaadaa handhuura lafaa keessa qaxxaamuree bantiilee Kaabaafi Kibbaa wal qabsiisuun himisfeera bahaafi dhihaatti lafa addaan qoodu miiriidiyaanii guddaa jedhama. Dheerinni sarara yaadaa kun 12,640 km ta'a.

Sararri yaada biroo kallattii bahaa gara dhihaatti lafa walqixa kaabaafi kibbatti kan qoodu Mudhii Lafaa jedhama. Innis lafa heemiisfeera kaabafi kibbatti qooda. Dheerinni sarara kanaatis 12,756km ta'a. Garaagarummaan

dheerina Meeridiyaanii guddaafi mudhii lafaa gidduu jiru lafti danaan korboo sirrii akka hintaane mirkaneessa.



Fakkii1. 4 Sarara Meeridiyaanii Guddaafi Mudhii Lafaa

Gaaffilee Gochaa 1 . 1

1. Fakkii sirna biiftuu waraqaa irratti kaasuudhaan maqaa pilaanetootaa irratti barreessi. Dabalataanis waa'ee pilaanetoota kanneenii wanta beektu tokkoon tokkoo isaanii biratti barreessi.
2. Waraqaa irratti danaa lafaafi sarara yaadaa miriidiyaanii guddicha akkasumas mudhii lafaa agarsiisu kaasuun garaagarummaa dheerina isaan qaban dareef ibsi.

Gilgaala 1.1

Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni

1. Sirna biiftuufi haala uumama ishii gabaabsii ibsi. Maaliif sirna biiftuu jedhame?
2. Pilaanetoota saglan tartiibaan fagoo irraa gara dhiyootti barreessi.
3. Waa'ee pilaanetii teenyaa gabaabsii ibsi.

4. Lafti geengoo ta'uu ishee ragaalee mirkaneessan keessaa sadi barreessi.
5. Lafti Biiftuu si'a tokko naannoftee xummuruuf hagam itti fudhata? Sababa Lafti Biiftuu naannoftuuf taatewwaan umaman tarreessi.


1.2. Qabiyyee Irra Lafaatti Argamaniifi Caasaalee keessa Lafaa

1.2.1. Qabiyyeewwaan Irra Lafaatti Argaman

Gaaffilee Shaakalaa

1. Wantoonni irra lafaatti argaman maal fa'a? tarreessi.
2. Hiikni jechoota; Litoosfeerii, Baayoosfeeriifi haydiroosfeerii maali?
3. Gaasota baay'inaan qilleensa marsaa lafaa keessatti argaman tarreessi.

Naannoon fiizikaalaa fuula lafaa dhihootti argamu qaamolee gurguddoo afuritti qoodama. Qaamoleen kanniinis, diyaagiraamii armaan gadii irraa ilaali.



Fakkii 1.5 Qabiyyeewwan irra lafaa

A. Litoosfeerii

Litoosfeeriin qaama jajjaboo irra lafaatti argamuudha. Kunis kan argamu dacheerrafi jala garbaatti.

B. Hayidroosfeerii


Hayidiroosfeeriin qaamolee bishaanii fuula lafaafi dhihoo hunda kan hammatuudha. Isaanis; Garbawwan, Galaanota, Haroowwaniifi Laggeeni.

C. Qilleensa Marsaa Lafaa

Qilleensi marsaa lafaa makaa gaasota adda addaa, dhukkeewwaniifi hurka bishaanii akka bullukkootti lafa uwwisee argamuudha. Gaasonni naannoo lafaatti baay'inaan argaman Naayitiroojiinii, Oksiijiinii argoniifi karboondayi'oksaayidiidha.

D. Baayoosfeerii

Baayoosfeeriin naannoo jireenyaa lubbu qabeeyyii hundaati. Isfeeriin kun lubbu qabeeyyii xixiqqoo ijaan hin mul'anne, biqilootaafi bineensota hunda jechuudha. Lubbuqabeeyyiin qaama fuula lafaa, qilleensa keessaafi bishaan keessattis ni argamu.



Fakkii1.6 Walitti dhufeenya Qabiyyeewwan arfan irra lafaa

1.2.2. Caasaafi Maddoota Odeeffannoo Keessa Lafaa

1.2.2.1. Madda Odeeffannoo Waa'ee Keessa Lafaa

Gaaffilee shaakalaa

1. Maddeen odeeffannoo keessa lafaa maal fa'a?
2. Maddeen odeeffannoo keessa lafaa bakka meeqatti qoodamu?

Waa'ee keessa lafaa beekuun rakkisaadha. Haa ta'u malee guddinni saayinsiifi teekinoolojii yeroo gara yerootti fooyy'aa waan dhufeef yeroo ammaa waa'ee keessa lafaa beekuun danda'amee jira. Maddeen odeeffanno waa'ee keessa lafaa beekuuf nufayyadan bakka lamatti qoodamu.

A. **Maloota kallattii:** Maloota kallattii kan jedhaman kan akka dhoo'insa voolkaanoo, albuudota baasuuf bolla gara keessa lafaa gadi qotuu fa'a.

B. **Maloota alkallattii:** Maloota alkallattii kan jedhaman qaamota biroo kan haalli uumama isaanii lafa waliin walitti dhufeenya qaban kan akka addeessa/ji'aafi maarsii fa'a irratti qorannoo gaggeessuun odeeffannoo argamuudha. Saayinsiin Keessa lafaa qotuun odeffannoo waa'ee keessa lafaa argachuuf oolu ji'ooloojii jedhama.

1.2.2.2 Baqqaanota Lafaa

Gaafilee Shaakalaa

1. Baqqaana lafaa jechuun maal jechuudha?
2. Baqqaanota lafaa tarressi.

Baqqaana lafaa jechuun qoodama lafaa irra lafaarraa kaasee gara handhuura lafaatti jiruudha. Keessi lafa ulaagaalee garagaraa irratti hundaa'uun

qooduun nidanda'ama. Fakeenyaaf, keessi lafaa qabiyyeefi falkaa isaanii irratti hundaa'un bakka sadiitti qoodamu. Isaanis:

A. Irra lafaa: qaama lafaa kan gara oliitti argamuufi isa jajjaboodha. Gadi fageenyi irra lafaa iddoo gara iddootti adda addummaa qaba. Yabbinni irra lafaa kunis 30-40 km yemmuu ta'u, naannoolee gaarreen gurguddoon jiranitti hanga 40 km ol ta'a. Irri lafaa baqqaana dhalli namaa akka gaariitti beekuudha. Jireenya dhala namaatiifis faayidaa guddaa qaba. Baqqaanni kun humnoota keessa lafaafi irra lafaatiin kan jijjiiramuudha. Irri lafaa bakka lamatti qoodama. Isaanis: Irra lafa ardiileefi irra lafa garbawwaniiti

i. **Irra Lafaa Ardiilee:** baqqaanni irra lafa ardiilee kan uumame albuudota Siyaalii (siilkaafi aluuminiyeemii) jedhaman irraayi. Albuuddan kun ulfaatina kan hin qabne yookan sasalphoo kan ta'aniidha.

ii. **Irra Lafaa Jala Garbawwanii**: baqqaanni kun kan uumame siimaa (siilkaafi maaginiziyeemii) irraayi.



Fakkii 1.7 Irra lafaa

B. Keessa Lafaa: baqqaanni kun irra lafaafi handhuura lafaa gidduutti argama. Akka ibsa ji'ooloojistootaatti, keessi lafaa giddugaleessan hanga 2900 km yabbata. Qaama fiizikaala keessa lafaa ilaalchisee, qabiyyeen


baqqaana kanaa, wantoota gartokkee baqaa yoo ta'an jalli isaa immoo wantoota jajjaboofi cimoo kan ta'antu argama.

C. Handhuura lafaa: baqqaana lafaa isa gara walakkaatti argamuufi baay'ee yabbuu ta'eedha. Yabbinni isaa giddugaleessaan hanga 3470 km ta'a. Handhuurri lafaa harki caalaan wantoota ulfaatofi rukkatoo ta'an irraa uumame. Isaanis albuudota akka sibiilaafi niikeelii fa'a.

Handhuurri lafaa bakka lamatti qoodama. Isaanis:

i. **Handhuura lafaa gara alaa**: innis kan argamu bifa dhangala'aa ta'eeni.

ii. **Handhuura lafaa gara keessaa:** innis kan argamu bifa jajjaboo ta'eeni.



Fakkii 1.8 Baqqaanota Lafaa

Gilgaala 1.2 Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni

1. Qabiyyeewwan gurguddoo irra lafaarratti argaman tarreessi.
2. Haydiroosfeerii gabaabsii ibsi.
3. Odeeffannoon keessa lafaa akkamitti arganna?
4. Handhuurri lafaa bakka meeqatti qoodama? Amaloota isaanii ibsi.

1.3. Wantoota Baqqaanni Irra Lafaa Irraa Ijaarame

Gaafilee Shaakalaa

1. Elemantoonni gurguddoo irri lafaa irraa uumame maal fa'a?
2. Albuudonni maali?
3. Albuudota gurguddoo irri lafaa irraa uumame tarreessi.
4. Kattaalee beekamoo lafti irraa ijaarame kam fa'a?

Baqqaanni irra lafaa kattaalee irraa uumame. Kattaaleen immoo albuudota irraa kan ijaaraman yoo ta'u albuudonni immoo elementoota irraa uumaman. Baqqqaanni irra lafaa baqqaana isa gubbaa lafaa irratti argamuufi baqqaana jabaa (Liitoosfeeri) jedhama. Baqqaanni kuni gadi fageenya ykn yabbina kan hinqabneedha.

1.3.1. Elementoota Gurguddoo Irri Lafaa Irraa Uumame

Irri lafaa elementoota gurguddoo sadeet irraa ijaarrame. Isaanis: Oksijiinii, Silkanii, Almuniyeemii, Ayiranii, Kaalsiyeemii, Soodiyemii Potaasiyeemifi Maagniiziyeemiidha. Elementoota irri lafaa irraa uumameefi hamma isaanii gabatee armaan gadii irraa ilaali.

Gabatee 1.2 Elemantoota irri lafaa irraa ijaarame

T. L	Elemantoota	Hamma %n
1.	Oksijiinii	47
2.	Silkanii	28
3.	Almuiniyemii	8
4.	Ayranii	5
5.	Kaalsiyemii	3.5
6..	Soodiyemii	3
8.	pootaasiyeemii	2.5
7.	Maagniiziyemii	2

1.3.2. Albuudota Gurguddoo Irri Lafaa Irraa Uummame

Albuudonni elementoota irraa ijaaraman. Albuudota beekkamoo irri lafaa irraa ijaarame keessaa muraasni warqii, diyaamandii, koopparii, kuwaartizii, graanaayitii, Pootaashiifi albuudota boba'aa fa'a.

Albuudotni baay'een isanii jajjaboo yoo ta'an muraasni isanii bifa dhangala'ootiin argamu. Fakkeenyaaf albuudota jajjaboo kan jedhaman kattaa boba'aa, Giraanayitiifi kanneen kana fakkaatan yoo ta'u albuunni bifa dhangala'ootiin argaman immoo kanneen akka peetrooliyeemii fa'a.



Fakkii 1.9 Albuudota Adda Addaa

1.3.3. Kattaalee Gurgguddoo Irri Lafaa Irraa Uumame

Kattaaleen albuuddan adda addaa irraa u umaman. Kattaaleen gosa albuudota irraa uumamanii irratti hundaa`uun amala adda addaa qabu. Kattaaleen tokko tokko jabaataa yoo ta`an kan biroo immoo jabataa kan hintaanedha. Garaagarummaan jabeenya isaanii kunis qabiyyeefi haala uumama isaanii irratti hundaa'a. Haaluma kanaan kattaaleen bakka gurguddaa sadiitti qoodamu. Isaanis;

A. Kattaa Baq-Qorraa

Bakka keessi lafaa hoo`a guddaa qabutti wantoonni keessa lafaatti argaman baqanii bifa dhangala`aatti jijjiiramu. Dhangala`aan haala kanaan argamus Maagmaa jedhama. Maagmaan kunis sababa sochii

volkaanootiin keessa lafaatii gara fuula lafaatti oldhangala`a. Maagmaan irra lafaatti yeroo ol bahee dhangala'u laavaa jedhama. Laavaan suuta suutaan yeroo qabbanaa`aa deemu kattaa uuma. Kattaan haala kanaan uumame kunis kattaa baq-qorraa jedhama. Fakkeenya kattaa baq-qorraa: Giraanaaytiifi Baazaaltiidha.



Fakkii 1.10 Kattaalee baq-qorraa

B. Kattaa Kuusmansaa

Kattaan kuusmansaa mansoota caccabanii bishaaniin, bubbeefi cabbii sigigaatuun haramuun kuufaman irraa jajjabaachuun uumameedha. Mansonnis dhagaa caccabe, biyyee, bosbosa biqilootaafi haftee lafee bineeldotaa of keessaa qaba. Bara baraan mansi haarofti walirratti kuufamaa deema. Mansi gubbaa irra jiru isa jalaa irratti ulfaatina uumaa waan deemuuf inni gara jalaa immoo jabaachuun gara dhagaatti jijjiirama. Kattaan haala kanaan uumame kattaa kuusmansaa jedhama. Fakkeenyaaf; Kattaa cirrachaa, Dhagaa booraleefi Kattaa boba`aati.



Fakkii 1.11 Kattaa Kuusmansaa

C. Kattaa Jijjiiramaa

Kattaan jijjiiramaa kattaalee duraan turan kattaa baq-qorraafi kattaa kuusmansaa irraa sababa hoo`aafi dhiibbaa guddaan kan uumamuudha. Adeemsa kana keessatti jijjiiramni keemikaalatiifi jijjiramni fiizikaalaa raawwatamuu danda'a.



Fakkii 1. 12 Kattaa Jijjiiramaa

1.4. Haala Faca'insa Kattaleefi Faayidaa Isaan Dinagdee Itoophiyaa Keessatti Qaban

Gaaffilee Shaakalaa

1. Itoophiyaa keessatti haalli faca`iinsa kattaalee maal fakkaata?
2. Kattaaleen Itoophiyaa keessatti bay`inaan argaman kami?
3. Faaydaan kattalee maali?


Faca`iinsa Kattaalee

Itoophiyaa keessatti Kattaalee haala walfakkaatuun faca'anii hinargaman. Kattaaleen bal`inaan argaman Kattaalee baq-qorraa yemmuu ta'an, kana argamanis lafa olka`aa giddugaleessattiifi naannoo

sulula qiinxamaa keessatti argama.

Kattaaleen Kuusmansaa naannoo bulchiinsa mootummaa naannoo Sumaalee, giddugala sulula laga Abbayyaatti, dhuma sulullan laggeen Oomoofi Hawaasitti bay`inaan kuufamani argaman.

Kattaaleen jijjiiramaa kan argaman naannoo magaalaa Maqalee kaasee gara dhihaatti sulula laga Takazee qabatee hanga daangaa Suudaan gaha. Iddoon biroo immoo naannoo Beenshaangul Gumuz, Wallagga dhihaa, Sulula laga Baaroo, naannoo magaalaa Hararii kaasee hanga magaalaa Jigjigaatti argama.



Fakkii 1.12. Facaa'iinsa kattaalee Itoophiyaa

Faayidaa Kattaalee

Kattaaleen faayidaa gagagaraa qabu. Kattaaleen albuudota adda addaa ofkeessaa waan qabaniif diinagdee biyyaa keessatti bu'aa garagaraa qabu. Faayidaalee kattaaleen qaban gabatee armaan gadii keessaa ilaali.

Gabatee 1.3 Faayidaa kattaaleen dinagdee keessatti qaban

Gosoota Kattaalee	Fakkeenya Albuudota ofkeessaa qaban	Faaydaa Diinagdee Keessatti Qaban
Kattaa Baq-qorraa	➢ Bazaaltii ➢ Giraanaayitii ➢ Cirracha	➢ Ijjarsa gamootiif ➢ Ijjarsa daandiif
Kattaa Kuusmansaa	➢ Dhagaa boba`aa ➢ Peetirooliyeemii ➢ Gaazii umamaa ➢ Soogidda ➢ Dhagaa hoofii	➢ Ijaarsaaf ➢ Madda anniisaatiif ➢ Barreessuuf ➢ Meeshaa dheedhii warshaaleef ➢ Nyaataaf
Kattaa Jijjiiramaa	➢ Kattaa Maarbilii ➢ Daaymandii ➢ Yuraaniyamii ➢ Warqii	➢ Ijaarsaaf ➢ Faayaaf (Bareedinaaf) ➢ Industiriif ➢ Madda sharafa alaa

Gilgaala 1.3 Gaaffilee Armaan Gadiitiif Deebii Sirrii Ta'e Kenni

1. Elemantoota beekkamoo irra lafaa uuman barreessi.
2. Albuudni maali ? Fakkeenya kenni.
3. Gosoota kattaalee sadan tarreessi.
4. Itoophiyaa keessatti argama kattaalee gosa sadeen armaan gadii barreessi.

a, Kattaa Baq-qorraa_____

b, Kattaa Kusmaansaa

c, Kattaa Jijjiiramaa

Cuunfaa

Sirna biiftuu keessatti kan argaman Biiftuu, Pilaanetoota, Saatalaayitoota, Asteerooyidoota, Koomeetotaafi Meetiyoorota fa'a. Biiftuun sirna biiftuu keessatti guddinaan 99.86% taati, ifa mataa ofii kan qabduufi lafarraa fageenya 150,000,000 km irratti kan argamtuudha. Pilaanetoonni orbiitii isaanii irra biiftuu naanna'u. Orbiitii jechuun immoo daandii yaadaa irra pilaanetoonni biiftuu naanna'u. Naannoon fiizikaalaa fuula lafaatti dhihoo jiran afran liitoosfeerii haydiroosfeerii, qilleensa marsaa lafaafi baayoosfeerii jedhamu.

Keessi lafaa baqqaanota gurguddoo sadiitti qoodamu. Isaanis: irra lafaa, keessa lafaafi handhuura lafaati.Odeeffannoowwan keessa lafaa argachuuf maloota kallattiifi alkallattiitti fayyadamuun nidanda'ama. Haalli uumama kattaalee adda adda ta'uun akka faayidaa garagaraa dinagdee keessatti qaban isaan taasiseera.

Gaaffilee Xumura Boqonnichaa

Kutaa I. Himoota armaan gadii kan sirrii ta'e Dhugaa kan dogongora ta`e immoo Soba jechuun deebisi.

1. Pilaaneetoonni hundi kallattii walfakkaataa ta'een biiftuu naanna'u.
2. Dheerinni diyaameetirii bantii kan mudhii lafaa ni caala.
3. Irri lafaa nuti irra deemnu kuni elemantoota saddeet irraa ijaarame.
4. Albuudonni akkaataa uumama isaaniitiin jajjabeenyi isaanii wal caala
5. Kattaan kusmaansaa maagmaa irraa uumame.

Kutaa II. Yaadota "B" Jala Jiran Kanneen "A" Jala Jiraniin Walitti Firoomsi.

A	B
6. Wiirtuu sirna biiftuu	A. Meerikuri
7. Pilaaneetii ganamaafi galgala mul'attu	B. Veenusii
8. Pilaaneetii addeessa baay'ee qabdu	C. Saatarnii
9. Pilaaneetii biiftutti dhihaattee jirtu	D. Kattaa Kusmaansaa
10. Kattaalee duraan turan irraa kan uumame	E. Kattaa Baq-qorraa
11. Kattaan dhangala`aa lafa keessaa bahu irraa uumame	F. Biiftuu
12. Kattaa wantoota haraman irraa uumame	G. Kattaa Jijjiiramaa

Kutaa III: Gaaffilee armaan gadii deebii sirrii ta`e filachuun qubee isaa barreessi

13. Fageenyi lafaafi biiftuu jidduu jiru

A. 150,000 km B. 150,000,000 km C. 150 km D. 1500 km

14. Pilaanetoota armaan gadii keessaa xiqqaan

A. Lafa B. Saatarnii C. Juppitarii D.Uraansii

15. Albuudota armaan gadii keessaa hunda caala jabaataa kan ta`e?

A. Jiipsamii B. Kuwaartizii C. Daaymandii D.Kaalsaaytii

16. Kanneen armaan gadii keessaa gosa kattaa kuusmansaa jalatti kan hinramadamne kami?

A. Kattaa cirrachaa B. Baazaaltii

C. Kattaa Booralee D.Kattaa Boba`aa

Kutaa IV: Gaaffiilee armaan gadii iddoo duwwaa guutuun deebisi.

17. Pilaaneetii guddaan sirna biiftuu keessatti argamu _____jedhame.
18. Baay'ina addeessa lafaa _____yommuu ta'u pilaanetiin baay'ina addaeessa lafaan walqixa qabdu immoo _____dha.
19. Irri lafaa bakka meeqatti qoodama? tarreessi.
20. Baqqaanota lafaa keessaa baqaanni yabbuun isa kami?

BOQONNAA 2

JIJJIIRAMA DHALA NAMAAFI UMMATA ADDUNYAA

Bu`aawwan Barachuu Boqonnichaa:

- Wa'ee uumama dhala namaa ni ibsta.
- Iddoowwan qorannoo Arkiyoolojii madda dhala namaa ta'an kaartaa irratti ni agarsiifta.
- Haala dabaluu lakkoofsafi faca'iinsa ummataa ni ibsta.
- Saffisa demoogirafii dhala namaa (dhalata, du'aatiifi godaansaa) nishallagda.
- Akaakuufi gahee geejjibni garaagaraa qaban ni madaalta.
- Mallattoolee bu'uuraa daandiiwwanii adda baasuun ni agarsiifta.

Seensa

Boqonnaa darbe keessatti, waa'ee sirna biiftuu, uumama lafaafi amaloota fiizikaalaa fuula lafaa barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti waa'ee ummata addunyaafi Itoophiyaa baratta. Mata duree kana keessatti waa'ee daballii ummataafi jijjiirama caasaa ummataa, facaa'iinsa ummataafi babal'ina magaalotaa baratta. Dabalataanis waa'ee geejjibaa, akaakuu geejjibaa, seera tiraafiikaa, nageenya daandii, balaa tiraafikaafi ofeeggannoo yemmuu daandii qaxxaamuran taasifamu nibaratta.

Ga'umsa Barachuu Yoo Xiqqaate Bira gahamuu Qaban:

- Iddoowwan qorannoo Arkiyoolojii madda dhala namaa ta'an adda nibaafta.
- Gosa jijjiirama dhalli namaa yeroo adda addaa keessa darbe nimadaalta;
- Haala daballii lakkoofsa ummata gara fuula duraa ragaalee amma jiruufi kan darbe irraatti hundaa`uun nixinxaalta.
- Haallan dimoogiraafii ummataa; dhalata, du'a, godaansaafi kan kan fakkaatan nishallagda.
- Akaakuufi sababoota godaansa ummataa adda nibaafatta.
- Addunyaa irratti iddoowwan ummanni hedduminaan faca'ee irra jiraatu kaartaa irraatti ni agarsiifta.
- Haala daballii lakkoofsa Ummata Itoophiyaa kan Addunyaatiin wal bira qabuun nimadaalta;
- Seenaa dagaaginaafi gahee geejjibaa ni ibsita.
- Faayidaa geejjibaa giddu galeessa godhachuun gosoota geejjibaa adda addaa wal-madaalchifta.
- Mallattoowwan daandii tiraafikii murteessoo ta`an daree keessatti adda nibaafatta.
- Nageenya tiraafikaa eeguuf seera bu`uura faayida qabeessa ta'aan ni ibsita.


2.1.Jijjiirama Dhala Namaa

2.1.1 Arkiyoolojiifi Hojii Qorannoo Arkiyoolojii

Gaaffilee Shaakalaa

1. Dhalli namaa amma jiruufi kan durii walfakkaata moo garaagarummaa qabu? Akkamitti?
2. Arkiyoolojiin waa'ee maalii qo'ata?
3. Iddoon dhalli namaa jalqaba itti argame jedhamee tilmaamamu keessaa kan beektu himi?

Madda dhala namaa irratti yaadota garagaraa lamatu jiru. Yaanni tokko kallattii amantaatiin yommuu ta'u yaanni lammaffaan immoo karaa Saayinsiitiini. Karaa amantaatiin nama Rabbitu yookaan Waaqatu uume jedhamee amanama. Nama Rabbitu ykn Waaqatu uume yaada jedhu irratti amantaa hunda keessatti garaagarummaan hinjiru. Karaan Saayinsiitiin garuu dhalli namaa kan argame guddina jijjiirama tirannaa suuteetiin (Evolution) waggoota miiliyoonota hedduu booda dhufe jedhamee amanama. Kana hubachuufis fakkii armaan gadii ilaali.



Fakkii 2.1. Jijjirama suutaa dhala namaa

Itoophiyaafi naannoon Gaanfa Afrikaa argama dhala namaa keessatti iddoo olaanaa qabu. Akka qaroonnoon adda addaa ibsanitti naannoon kun soorata qopheessuufi meeshaalee adda adda hojjechuun itti jalqabame jedhamee tilmaammama. Dagaaginni kun immoo jijjiirama hawaasaa, ijaarsa diinagdeefi sirna siyaasaatiif gumaacha guddaa godhee jira.

Chaarlas Daarwiiniifi hayyoonni hedduun horteen namaafi jaldeessaa qomoo tokkorraa akka dhufanitti amanu. Garuu booda addaan bahanii damee dhalli namaa irraa madde hoomiinidii yoo jedhaman, dameen hortee jaldeessaa immoo poonjudee jedhamuun moggaafamuu isanii hayyoonni kun ibsanii jiru.

Arkiyoolojiin saayinsii hafte lafeefi hambaa meeshaalee durii dhalli namaa itti fayyadamaa ture qo'achuudhaan haala jireenya dhala namaa dur jiru ibsuuf carraaqqii taasisuudha. Arkiyoolojistoonni qorannoowwan adda addaa taasisaniin sanyiin dhala namaa sulula qiinxamaa Itoophiyaa keessatti argamuu isaa mirkaneessanii jiru.

2.1.2. Argamafi Jijjiirama Dhalli Namaa Yeroo adda addaa keessa darbame

Gaaffilee Shaakalaa

1. Hambaalee dhala namaa Itoophiyaa keessatti argaman kan beektu dareef ibsi?
2. Luusiin maali? hiriyyoota keetti himi.

Dhufaatii nama ammayyaa kanaan dura hortee dhala namaa adda addatu ture. Fakkeenyaaf;

Awustiroolopiitkas: horteen dhala namaa kun sadarkaa hoominiidiifi Poonjudeetti erga addaan bahanii booda kan mul'ateedha. Horteen dhala namaa kun naannoo waggoota miiliyoona lamaan dura bahaafi kibbaa

Afrikaa keessa akka jiraataa turetti himama. Horteen Awustiroolopiitkas jaldeessa fakkaatus irra caalaa nama kan fakkaatuufi oljedhee miilaan kan deemedha. Sanyiin kun jijjiirama tirannaan fooyya'ee gara sanyii Hoomootti olguddate. Sanyiin Hoomoo kunis sadarkaa dagaaginaatiin bakka sadiitti qoodama. Isaanis:

- Hoomoo Habiliis: Umrii waggoota miiliyoona lama dura kan jiraatan, hafte lafeen isaanii Itoophiyaatti naannoo sulula Oomootti kan argameefi sanyii dhala namaa harkaan hojjachuu eegaleedha.

Horteen kun Hoominiidii yeroo jalqabaa meeshaalee oomishuu jalqabaniidha. Meeshaalee kanneenis dhagoota irraa omishaa turan. Meeshaalee oomishanis tajaajila bineensota adamsan ittiin qaluufi gogaa irraa baasuuf itti gargaaramaa turan.

- Hoomoo Irreektas: Umrii wagaa miiliyoona tokko dura kan jiraateefi sanyii dhala namaa jalqaba olka'ee miila lamaan deeme, akkasumas hambaan lafee isaa Itoophiyaatti naannoo malkaa qunxurreefi sulula oomootti argame.

Hoomoo Irreektas meeshaa qara karaa lamaan qabu dhagaa irraa oomishuu danda'eera. Meeshaaleen kunniinis tajaajila qalmaaf, gogaa irraa baasuuf, hidda mukaa qotanii baasuufi muka muruuf itti tajjaajilamaa turan. Hambaaleen meeshaalee kanaas baay'inaan Itoophiyaafi biyyoota biroo Afrikaa bahaa keessatti argamanii jiru.

- Hoomoo Saappiyaansii: Sanyii dhala namaa yeroo ammaatti baay'ee dhiyaatu, waggoota 100,000 dura kan jiraateefi hambaan isaa Itoophiyaa naannoo sulula oomoo, laga hawaasiifi naannoo Dirree Dawaatti kan argameedha. Horteen kun meeshaalee dhagaa irraa hojjataman fooyyessuun kan akka haaddufi eeboo qabannaa qabu hedduminaan oomishaniiru.

Walumaagalatti, dhalli namaa ammayyaa osoo hinmuldhatin dura

jijjiirama suutaa garagaraa keessa darbeera. Odeeffannoo dabalataatiif gabatee armaan gadii ilaali.

Gabatee 2.1 Jijjiirama Tirannaa Dhala nama

TL	Maqaa hortee dhala namaa	umrii	Iddoo itti argamu
1	Hoominiidii	Waggoota mil.6-8	Afrikaa kibbaafi hara Chaad
2	Awustiraaloopiitikas Raamiidas	Waggoota miliyoona 4.5	Araamis; Affaar
3	Lafee Luusii	Waggoota miliyoona 3.18	Hadaar; Affaar
4	Awustiraaloopiitkas Gaarhii, Itoophikas, Baasii fi Roobustaa		Naannoolee laggeen Hawaasiifi Oomootti
5	Hoomoo Habiiliis	Waggoota miliyoona 2.5-1.9	Goonaa, Shunguraafi laga Oomoo gara gadii
6	Hoomoo Irreektas fi meeshaa Ashuuliyaan	Waggoota miliyoona 1.5	Malkaa Qunxurree, Gaardullaafi Gaadeebi
7	Hoomoo Saappiyaansi	Waggoota 100000	Booddoo, Poork Ippiik fi Kibish

Gilgaala 2.1

1. Yaadonni uumama dhala namaa ibsan maal fa'a?
2. Hortee sanyii dhala namaa ta'an tartiibaan barreessi.
3. Saayinsiin hambaalee meeshaa bara durii qo'achuudhaan haala jireenya dhala namaa durii ibsuuf carraaqu maal jedhama?
4. Sanyii dhala namaa yeroo jalqabaatiif meeshaalee gara lamaan qara qabu oomishe kami? Maal irraa oomishame? Tajaajila maaliif oolchaa ture?

2.2. Ummata Addunyaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Ummata jechuun maal jechuudha?
2. Haalli faca'iinsa ummata addunyaa maal fakkaata?
3. Haalli dabaliinsa ummata addunyaa iddoo hundatti walfakkaatadhaa?

Ummata jechuun tuuta namootaa kan naannoo murtaawaa tokko irra yeroo dheeraaf jiraatan jechuudha. Akka ragaaleen adda addaa ibsanitti lakkoofsi ummataa yeroodha gara yerootti baay'ee dabalaa dhufeera. Jijjiiramni lakkoofsa ummata addunyaa guddaan kan mul'ate Dh.K.D. naannoo waggoota 10,000tti ture. Sababnis wantoota oomishu irraa nyaata gahaa ta'e argachuu eegaluu isaati.

Addunyaa hunda irratti baay'inni ummataa haala walfakkaataa ta'een faca'ee hin argamu. Ummanni naannoo tokko tokkootti saffisaan baay'achaa adeema, naannoo birootti immoo suuta dabalaa deema. Sababni garaagarummaa baay'ina ummataa; qilleensa baramaa, dhiyeessii nyaataa, dhibee, teessuma lafaafi waraanni isaan ijoodha.

Biyyoota diinagdeen guddataniifi guddataa jiran gidduutti haalli daballii

lakkoofsa ummataa garaagarummaa guddaa qaba. Garagarummaa mul'atu kana akka salphatti hubachuuf gabatee armaan gadii ilaali.

Gabatee 2.2 Baay'inna Ummata Addunyaa

TL	Ardii	Ummata (Miiliyoonan)	Dhibbantaa (%)
1	Eeshiyaa	4393	59.78
2	Afrikaa	1186	16.14
3	Awurooppaa	738	10.04
4	Ameerikaa Kibbaa	634	8.62
5	Ameerikaa Kaabaa	358	4.87
6	Awustiraaliyaa	39	0.53
7	Ummata Addunyaa	7348	100

Madda UN department of economic and social affairs 2015

2.2.1. Jijjiirama Lakkoofsa Ummataa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Sababoonni jijjiirama lakkoofsa ummataa maali?
2. Godaansi baay'ina ummata addunyaa irratti jijjiirama fiduu nidanda'aa? Maaliif?

Lakkoofsi ummata biyya tokkoo yeroo hunda dhaabbataa miti. Baay'inni ummataa iddoofi yeroon garaagarummaa qaba. Jijjiirama lakkoofsa ummataa biyya tokkootiif sababa ijoo kan ta'an dhalata, du'aafi godaansa namootaati. Dhalannii lakkoofsi ummataa akka dabalu yoo taasisu duuti immoo lakkoofsa ummataa hir'isa.

Haa ta'u malee godaansi lakkoofsa ummataa hir'isuu yookiin dabaluu danda'a. Lakkoofsi ummata biyya tokkoo kan hir'atu namoonni lammummaa isaanii jijjiiratuun biyya birootti yoo godaanani. Godaansi lakkoofsa ummata addunyaa irratti jijjirama hin fidu.

Dhalata

Dhalanni karaa umamaatiin lakkoofsi ummataa akka dabalu taasisa. Adeemsa jijjiirama lakkoofsa ummataa keessatti qo'annoon waa'ee dhalataa baay'ee barbaachisaadha.

Shallaggii Saffisa Dhalataa

Saffisni dhalataa karaa herregaatiin yoo ibsamu:

$$\text{Saffisa Dhalataa} = \frac{\text{Baay'inna daa'imman bara tokkotti lubbuun dhalatan}}{\text{Baay'inna ummataa walakkaa waggaa biyya sanaa}} \times 1000$$

$$SDH = \frac{D}{BU} \times 1000 \text{ yoo ta'e}$$

SDh: Saffisa Dhalataa
BU: Baay'ina ummata walakkaa Waggaa biyyaa sanaa
D: Baay'inna Daa'imman Lubbuun Dhalatanii

Fakkeenyaa: Bara 2010tti baay'inni daa'imman biyya "X" keessatti lubbuun dhalatanii 300,000. Baay'inni ummata biyyattii walakkaa waggaa sanaa immoo miiliyoona 15 yoo ta'e saffisa dhalataa biyya kanaa shallagi.

HUB: Gaaffii kanaaf deebii kennuun dura waan kennamaafi wanta gaafatame addaan baafachuu barbaachisaadha.

Kennama

Daa'immaan dhalataan = 300,000

Baay'ina ummata walakkaa waggaa sanaa = miiliyoona 15

Barbaadamaa

Saffisa dhalataa =?

Furmaata

$$SDh = \frac{D}{BU} \times 1000 = \frac{300,000}{15,000,000} \times 1000 = \frac{300,000,000}{15,000,000} = \frac{300}{15} = \frac{20}{1} = \underline{\underline{20}}$$

Kana jechuun bara 2010tti biyya "X" keessatti namoota 1,000 keessaa daa'imman lubbuun dhalatan 20 ta'u jechuudha.

Du'a

Duuti baay'ina lakkoofsa ummata addunyaa kan hir'isuufi biyyoota guddataa jiran keessatti kan heddummaatuudha. Qorannoowwan adda addaa akka ibsanitti addunyaa irratti baay'inni namoota du'anii hirachaa dhufuu agarsiisa. Sababiin isaas fooyya'iinsa teekinoolojii qonnaa, fayyaa, qulqullina naannoofi qulqullina dhuunfaa isaan ijoodha. Shallaggiin Saffisa Du'aa bifa herregaatiin yoo ibsamu:

$$\text{Saffisa Du'aa} = \frac{\text{Baay'inna namoota waggaa tokko keessatti du'anii}}{\text{Baay'inna ummata walakkaa waggaa biyyaa sanaa}} \times 1000$$

$$\text{SDu} = \frac{Du}{BU} \times \frac{Du}{BU} \times 1000 \text{ yoo} \qquad \text{SDu: Saffisa Du'aa}$$

Du: Baay'ina namoota waggaa tokko keessatti du'anii

BU: Baay'ina ummata walakkaa waggaa biyya sanaa

Fakkeenya: Baay'inni namoota biyya "M" bara 2013tti du'anii 20,000. Baay'inni ummata biyyattii walakkaa waggaa kanaa miiliyoona 5 yoo ta'e saffisa du'aa biyyattii shallagi.

Kennama	Barbaadamaa
Du= 20,000	SDu=?
BU= 5,000,000	

Furmaata

$$\text{SDu} = \frac{Du}{BU} \times 1000 \frac{Du}{BU} \times 1000 = \frac{20,000}{5,000,000} \times 1000 = \frac{20,000,000}{5,000,000}$$

$$\frac{20,000}{5,000,000} \times 1000 = \frac{20,000,000}{5,000,000} = \frac{2020}{5\ 5} = \underline{4}$$

Kana jechuun bara 2013tti biyya "M" keessaatti namoota 1,000 keessaa namoonni 4 du'aniiru.

Godaansa

Godaansa jechuun sochii namootni bakka jireenya isaanii irraa gara bakka biraatti yeroodhaaf yookiin dhaabbataan bakka jijjiiruuf taasisan jechuu dha.

Shallagii Saffisa Godaansaa

a. Saffisa godaansa gara Biyyaa bifa herregaatiin yoo ibsamu:

$$\text{Saffisa Godaansa gara Biyyaa} = \frac{\text{Godaansa Gara Biyyaa}}{\text{Baay'inna ummata Walakkaa waggaa biyyaa sanaa}} \text{ x1000}$$

$$SGB = \frac{GGB}{BU} \times 1000 \text{ yoo}$$

GGB: Godaansa Gara Biyyaa

SGB: Saffisa Godaansa gara Biyyaa

BU: Baay'ina ummata walakkaa waggaa biyya sanaa

b. Saffisa Godaansa gara Alaa bifa herregaatiin:

$$\text{Saffisa Godaansa gara Alaa} = \frac{\text{Godaansa Gara Alaa}}{\text{Baay'inna ummata Walakkaa waggaa biyyaa sanaa}} \times 1000$$

$$SGA = \frac{GGA}{BU} \times 1000 \text{ yoo}$$

SGA: Saffisa Godaansa gara Alaa

GGA: Godaansa Gara Alaa

BU: Baay'ina ummata walakkaa waggaa biyya sanaa

c. Godaansa Calalamaa

Godaansi caalalamaan garaagarummaa godaansa gara biyyaafi gara alaa kan agarsiisuudha. Godaansi Calalamaan hala herregaatiin yoo ibsamu:

$$\text{Saffisa Godaansa Calalamaa} = \frac{\text{Godaansa gara biyyaa} - \text{Godaansa Gara Alaa}}{\text{Baa'inna ummataa walakkaa waggaa biyyaa sanaa}} \times 1000$$

$$SGC = \frac{GGB - GGA}{BU} \times 1000 \text{ yoo}$$

SGC: Saffisa Godaansa Calalamaa

GGB: Godaansa Gara Biyya

GGA: Godaansa gara Alaa

BU: Baay'ina ummata walakkaa waggaa biyya sanaa

HUB: deebiin isaa +ve, –ve yookaan zeeroo ta'uu danda'a.

- Deebiin +ve yoo ta'e godaansa gara biyyaa caaluu agarsiisa.
- Deebiin –ve yoo ta'e godaansa gara alaa caaluu agarsiisa
- Deebiin zeeroo yoo ta'e immoo godaansa gara biyya fi gara alaa walqixa ta'uu agarsiisa

Fakkeenya: Bara 2014tti baay'inni ummata biyya "A" miiliyoona 60. Namoonni lakkoofsi 300,000 ta'u gara biyyaa galanii jiru karaa

birootiin immoo namoonni lakkoofsi isaanii 60,000 ta'u gara biyya alaatti godaananiiru. Odeefannoo kanaan:

a. Saffisa godaansa gara biyya shallagi.
b. Saffisa godaansa gara alaa shallagi
c. Saffisa Godaansa calalamaa Shallagi.

a. Saffisa godaansa gara biyya shallagi

Kennama	Barbaadamaa
GGB= 300,000 BU= 60,000,000	a. SGB?

Furmaata

$$SGB=\frac{GGB}{BU}\times 1000=\frac{300,000}{60,000,000}\times 1000=\frac{300,000,000}{60,000,000}=\frac{30}{6}=\underline{5}$$

Kana jechuun namoota 1000 biyya sanaa ta'an irratti namoonni 5 alaa itti dabalamanii jiru.

b. Saffisa godaansa gara alaa shallagi.

Kennama	Barbaadamaa
GGA= 60,000 BU= 60,000,000	b. SGA=?

Furmaata

$$SGA=\frac{GGA}{BU}\times 1000=\frac{60,000}{60,000,000}\times 1000=\frac{60,000,000}{60,000,000}=\frac{6}{6}=\underline{1}$$

Kana jechuun namoota 1000 biyya sanaa ta'an keessaa namni 1gara alaatti godaanuu agarsiisa.

C. Saffisa Godaansa calalamaa Shallagi.

Kennama	Barbaadamaa
GGB= 300,000 GGA= 60,000 BU= 60,000,000	SGC?

Furmaata

$$SGC=\frac{GGB-GGA}{BU}\times 1000=\frac{300,000-60,000}{60,000,000}\times 1000=\frac{240,000}{60,000,000}\times 1000$$
$$=\frac{240,000,000}{60,000,000}=\frac{24}{6}=4$$

Ykn

SGC=SGB-SGA=5-1=4

Kana jechuun saffisni godaansa gara keessaa saffisa godaansa gara alaa caala.

2.2.2. Amaloota Jijjiirama Lakkoofsa Ummataa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Dandeettii oomisha omishuutiin ummanni garee umrii meeqatti qoodama?
2. Caasaa ummataa jechuun maali?
3. Gareen umrii oomishaa kami? Hirkattoonni hoo?

Caasaa ummataa jechuun ulaagaalee adda addaatiin ummanni garee umrii garagaraatti yoo qoodamu jechuudha. Ummata biyya tokkoo caasaa umriitiin adda baasanii baay'ina daa'ima barnootaaf gahanii, baay'ina ga'eessotaa akkasumas manguddoota beekuun haala egeree biyya tokkoo tilmaamuuf nama dandeessisa.

Ragaan umriifi koornayaa lakkoofsa ummataa yeroo adda addaa lakka'amu irraa argama. Ragaan argamu kun umrii gahumsaan qindaahee ta'uun gadi fageenyaan waa'ee ummataa akka hubatamuuf nama gargaara.

Baay'inni ummata biyya tokkoo gahumsa oomisha oomishuu irratti hundaa'uun garee umrii sadiitti qoodama. Isaanis caasaa umrii ijoollee waggaa 15 gadi, ga'eessota waggaa 15 - 64fi manguddoota waggaa 65fi isaa olii kan hammatuudha.

Reeshoo Hirkatummaa

Reeshoon hirkattummaa hariiroo namoota oomishanii ofgargaaruu danda'aniifi oomisha oomishanii ofgargaaruu hindandeenye gidduu jiru jechuudha. Dandeettii oomisha oomishuu irratti hundaa'uun ummata garee umrii lamatti qooduun nidanda'ama. Inni jalqabaa garee umrii oomishaa yoo ta'u inni lammaffaan immoo garee umrii hirkattootaati. Gareen umrii hirkattummaa irra deebi'uun bakka lamatti hiruun ni danda'ama. Isaanis ijoolleefi manguddoodha. Garee kana keessatti ijoolleefi manguddoonni hirkattoota yommuu ta'an ga'eessonni immoo oomishtoota jedhamu. Hariiroo isaan jidduu jiru bifa reeshootiin ibsuun nidanda'ama.

Gosoota reeshoo hirkattummaa:

a. Reeshoo Hirkattummaa Ijoollee

Reeshoon hirkattumaa Ijoollee baay'ina daa'imman ga'eessotaan gargaaramanii beekuuf nugargaara. Bifa herregatiin haala armaan gadiitiin ibsama.

Reeshoo Hirkattummaa Ijoollee $= \frac{\text{Ijoollee waggaa} < 15}{\text{Ga'eessota waggaa 15–64}} \times 100$

RHIj $= \frac{\text{Ijoollee}}{\text{Ga'eessota}} \times 100$

ij: Ijoollee M: Manguddoo fi G: Ga'eessa

RH $= \frac{ijij}{GG} \times 100$ **yoo**

Fakkeenya: Bara 2020tti baay'inni ummata biyya keeniyaa miliyoona 80 keessaa miliyoonni 30 ga'eessaa , miliyoonni 40 immoo ijoollee yoo ta'an?

a. Reeshoo hirkattummaa ijoollee barbaadi?

Kennama

Ij= mil 40

Barbaadamaa

G= mil 30

RHIj=?

Furmaata

$RHIj = \frac{Ij}{G} \times 100 = \frac{mil\ 40}{mil\ 30} \times 100 = \frac{400}{3} = 133.3$

Kana jechuun ga'eessotni 100'n ijoollee 133 gargaaran qabu jechuudha.

b. Reeshoo Hirkattummaa Manguddoo

Resshoon hirkattumaa maanguddoo baay'inna maanguddootaa ga'eessotaan gargaaraman beekuuf gargaara. Bifa herregatiin haala armaan gadiitiin shallagama.

Reeshoo Hirkattummaa Manguddoo $= \frac{\text{Manguddoo umrii 65fi ol}}{\text{Ga'eessota umrii 15–64}} \times 100$

M: Manguddoo fi G: Ga'eessa

RH M $= \frac{M}{G} \times 100$ **yoo**

Fakkeenyya. Bara 2009 tti baay'inni ummata biyya "G" miiliyoona 30 keessaa %50 ga'eessota yoo ta'an , %30 immoo ijoolleedha. Odeeffannoo kanaan reeshoo hirkattummaa manguddoo shallagi?

Kennama | Barbaadamaa

G= %50= mil 15 | RHM=?

Ij= %30= mil 9

Furmaata

M= UB- G-Ij= mil 30-mil 15- mil 9= mil 6

YKN

M= 20%= mil 6

$RHM = \frac{M}{G} \times 100 = \frac{\text{mil } 6}{\text{mil } 15} \times 100 = \frac{600}{15} = 40$

Kana jechuun ga'eessonni 100 manguddoota 40 gargaaru jechuudha.

c. Reeshoo Hirkattummaa Waliigalaa

Reeshoon hirkattumaa waliigalaa hariiroo namoota oomishitootaa ta'aniifi hirkattoota ta'an gidduu jiru agarsiisa. Bifa herregaatiin yoo ibsamu:

Reeshoo Hirkattummaa Waliigalaa $= \frac{\text{Namoota waggaa<15 + Namoota waggaa>65}}{\text{Namoota waggaa 15-64}} \times 100$

RHW $= \frac{\text{Ijoollee + Manguddoota}}{\text{Ga'eessota}} \times 100$

ij: Ijoollee M: Manguddoo , G: Gaheessa

R.H.W= Reeshoo Hirkattummaa waliigalaa

RHW $= \frac{ij+M}{G}$ **x100 yoo**

Fakkeenya: Bara 2015tti baay'inna ummata biyya "Z" 12,000,000 keessaa 3,500,000 manguddoota, 4,000,000 immoo ga'eessota yoo ta'an. Reeshoo hirkattummaa waliigalaa meeqa ta'a?

Kennama | Barbaadamaa

- M= 3,500,000 | RH=?
- BUB=12,000,000
- G=4,000,000

HUB: **Gaaffi kan shallaguun dura baay'inna ijoollee shallaguu qabna.**

Bij= BUB-(G+M)= 12,000,000-(4,000,000+3,500,000)

= 12,000,000-7,500,000= 4,500,000

Furmaata

$$RH = \frac{ij+M}{G} X100$$

$$= \frac{4,500,000+3,500,000}{4,000,000} x100$$

$$= \frac{800,000,000}{4,000,000} \quad = \frac{800}{4} = \underline{200}$$


Kana jechuun ga'eessotni 100 ummata hirkattoota 200 ta'an gargaaru yookiin ga'eessi tokko hirkattoota lama gargaara jechuudha.

Piraamidii Umrii

Piraamidiin umrii mala girifiidhaan baay'ina ummata biyya tokkoo umriifi koornayaan agarsiisudha. Piraamidiin umrii biyya tokkoo haala salphaa ta'een ijaan ilaaluu qofaan ummanni gareen umrii kamitti akka baay'atu hubachuun nidanda'ama. Piraamidiin umrii jalqabaa jala baldhatee saffisaan gara oliitti dhiphataa deemu baay'ina ummataa umriifi koorniyaa biyyoota guddataa jiranii agarsiisa. Piiraamidiin umrii gara jalaatti dhiphatee, walakkaatti baldhatee hamma tokko gara oliitti dhiphatu immoo amala baay'ina ummataa umriifi koorniyaa biyyoota guddatanii bakka bu'a.

Piiraamidiin inni jalqabaa jalatti baldhatee gubbatti saffisaan walitti dhiphachaa deemuun hammi dhalatu guddaa ta'uufi sababa du'aatiin kan dhalate irraa kan hir'atu guddaa ta'uu agarsiisa.

Karaa birootiin piiraamidiin umrii lammafaan namoonni umrii dheeraa jiraatan heddu ta'uu agarsiisa.



Fakkii 2.1 Piraamidii baay'ina ummataa umriifii koorniyaan agarsiisu

Reeshoo Koorniyaa

Reeshoo koorniyaa jechuun hariiroo lakkoofsa ummata dhiiraafi dubartoota gidduu jiru kan ibsuudha. Reeshoon koorniyaa haala herregatiin yoo ibsamu;

$$\text{Reeshoo koorniyaa}=\frac{\textbf{Baay'inna Dhiira}}{\textbf{Baay'inna Dubartootaa}}\ x100$$

$$RK=\frac{Dhi}{Dub}\times 100$$ yoo RK: Reeshoo Korniyaa Dhi:Dhiira Dub: Dubartii

Fakkeenya : Baay'inni Ummata magaalaa Adaamaa 800,000 yoo ta'eefi kana keessaa 450, 000 dubarttoota yoo ta'an reeshoo koorniyaa Ummata magaalaa Adaamaa shallagi?

Kennama	Barbaadama

BUM-Adaamaa=800,000

RS=? Dub= 450,000

Furmaata

(Bay'ina dhiiraa =BUM Adaamaa- Dub→ 800,000-450,000 = 350,000

$$RS=\frac{Dhi}{Dub}\times 100=\frac{Dhi}{Dub}\times 100=\frac{350,000}{450,000}\times 100=\frac{35,000,000}{450,000}=\frac{3500}{45}=77.78$$

Kana jechuun dubartoonni 100 yoo ta'an dhiirri immoo 78 ta'u jechuudha. reeshoon dubartiifi dhiira 100:60 jechuudha.

2.2.3. Faca'insa Ummata

Gaaffilee Shaakalaa

1. Iddoo ati jiraattutti ummanni haala kamiin faca'ee argama? Maaliif sitti fakkaata?
2. Ummanni magaalatti moo baadiyyaatti irra caalaa walitti dhihaatee jiraata? Maaliif?
3. Heddumina Ummata jechuun maal jechuudha?

Faca'iinsa ummataa jechuun haala ummatni addunyaa fuula lafaa irratti qubatee jiraatu jechuudha. Haalli ummanni addunyaa fuula lafaa irratti qubatee argamu iddoo hundatti walfakkaataa miti.

Haalli faca'iinsa baay'ina ummataa hemisfeera kaabaa kan kibbaa caalaa baay'ee guddaadha. Sababiin isaa hemisfeerri kibbaa irra caalaan isaa qaama bishaaniifi kuufama cabbii hedduun uwwifamee waan argamuufi. Haala faca'iinsaa Ummata ardiilee yoo ilaalle baay'ina Ummata adduyaa keessaa 59.78%, ardiin Eeshiyaa, 16.14% Afrikaafi 10.4% Awuroppaa qabaachuu walduraa duubaan sadrkaa tokkoffaa hanga sadaffaa qabatanjiru.

Heddumina Ummataa

Heddumina Ummataa jechuun baay'ina ummataa kan naannoo murtaa'aa tokko irra jiraatu jechuudha. Karaa biraatiin fuula lafaa irratti namoonni hangam walitti dhiyaatanii yookaan addaa faca'anii akka jiraatan kan ibsuudha. Heddumina ummataa beekuuf baay'ina ummataafi bal'ina lafa ummanni sun irra jiraatu walbira qabnee yeroo ilaalludha.

Heddumina beekuuf foormulaa armaan gadii fayyadamna:

$$\text{Heddumina Ummataa} = \frac{\text{Baa'inna Ummataa Biyya Sana Keessa Jiraatu}}{\text{Baldhinna Lafa Biyya Sanaa}}$$

$HU = \frac{BU}{BL}$ yoo BU: Baay'ina Ummata,
BL: Baldhina Lafaa

Fakeenya 1. Biyya 40,000 km^2 baldhatu keessa ummanni 2 miiliyoona ta'u odoo kan jiraatu ta'e, hedduminni Ummata biyya kana keessatti meeqa ta'a?

Kennama	Barbaadamaa
BL = 40,000km^2	HU=?
BU= 2,000,000	

Furmaata

$$HU=\frac{BU}{BL}=\frac{2,000,000}{40,000\ km^2}=\frac{200}{4km^2}=50/km^2$$

Kana jechuun biyya kana keessatti namoota 50tu lafa baldhina 1km^2 irra jiraata jechuudha.

Fakkeenya 2. Baay'inni Ummata Itoophiyaa akka bara 2010 tilmaamametti miiliyoona 79 ta'ee ture. Baldhinni lafa Itoophiyaa immoo 1,106,000 km^2 dha. Heddumina Ummata Itoophiyaa shallagi?

Kennama	Barbaadamaa
BL = 1,106,000km^2	HU=?
BU= 79,000,000	

Furmaata

$$HU=\frac{BUB}{BL}=\frac{79,000,000N}{1,106,000\ km^2}=\frac{79,000N}{1106km^2}=71.42/km^2=71/km^2$$

Kana jechuun namoonni 71 baldhinna lafa 1km^2 ta'u irra jiraatu jechuudha.

Waantota Faca'insa ummataa Irratti Dhiibbaa Fidan

Bakka kamittuu faca'iinsifi qubannaan ummataa kan wal hinfakkaanne ta'uu isaa beekkamaadha. Garaagarummaa faca'iinsa ummataa fuula lafaa irraatti wantoonni dhiibbaa geessisan yookaan murteessan nijiru. Waantonni faca'iinsa ummataa too'atan kunniin bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaanis: haalaa uamamaafi namtolcheedha.

A. Haala Uumamaa

Haalonni uummamaa faca'iinsa ummataa murteessan qilleensaa baramaa, gabbina biyyee, argama bishaanii, teessuma lafaafi uwwisa biqilootaa fa'i.

Qilleensa Baramaa: Naannoo haalli qilleensaa akka teempireecharaa,

roobaa, ifa aduu, jiidhiinsaafi qilleensa mijataan hinjirre keessa namoonni hedduminaan hinjiraatan. Fakkeenyaaf, naannoo gammoojjii hoo'afi diilalla'aa keessa namoonni baay'inaan hinjiraatan. Naannoon gammoojjii hoo'aa ilbiisota dhukkuba fidan waan qabuuf namoonni baay'inaan keessa hinjiraatan.

Teessuma Lafaa: Naannoo teessumni lafaa mijataa hinta'iniifi bu'aa bahii hedduu qabu irra namoonni hedduminaan hinjiraatan. Sababiin isaas wantoota jiruufi jireenyaaf isaan barbaachisu haala salphaan argachuu irratti waan rakkataniifi. Fakkeenyaaf, lafa gaaraa, haallayyaa, caffaa'aa ta'e irra namoonni baay'inaan hinjiraatan.

Argama Bishaanii: Bishaan dhala namaatiif baay'ee barbaachisaadha. Iddoo bishaan gahaafi qulqullina qabu jirutti ummanni hedduminaan jiraatu.

Gabbina Biyyee: Naannoo biyyee gabbataan jiru qotiinsaaf mijaa'aadha iddoo biyyee gabbataan jirutti namoonni hedduminaan irra jiraatu.

B. Haala Namtolchee

Haalonni nam-tolchee faca'iinsa ummata tooa'tan keessaa qonna, albuuda baasuu, geejjibaafi kan kana fakkaatan yoo ta'an; sochiilee diinagdee babal'achuu warshaalee, magaalotaafi guddinni teekinolojii ni murteessa.

Kana malees naannoof eegumsa gochuufi gochuu dhiisuun egeree qubsama ummata naannoo sanaa irratti dhiibbaa kallattii qabaata. Akkasumas gosti sochii dinagdee hawaasni irratti bobba'ee jiraatu kan akka qonnaa, horsiisa loonii, daldaalafi kanneen kana fakkaatan qubsuma wal fakkaataa hin qabatan.

2.2.4. Godaansa Ummataa

GaaffileeShaakalaa

1. Godaansa ummataa jechuun maal jechuudha?
2. Godaansi ummataa bakka meeqatti qoodama?

Godaansa ummataa jechuun namoonni dhaabbtaan yookiin yeroodhaaf iddoo duraan itti jiraatan dhiisanii gara iddoo birootti yoo deeman jechuudha.

Namoonni iddoo duraan itti jiraatan gadi dhiisani gara iddoo birootti kan godaananiif sababoota gurguddoo lama irraa kan ka'e. Isaanis sababoota uumamaafi sababoota nam-tolcheeti.

Sababoota uummamaa kan ta'an keessaa muraasni kirkira lafaa/ hoollannaa lafaa, hongee, lolaa, balaa ibiddaa, dhoo'insa voolkaanoofi kan kana fakkaatan yoo ta'an, sababoonni nam-tolchee immoo gochaalee ilma namaatiin namoonni iddoo duraan dhaabbataan jiraatan irraa gara iddoo haaratti yoo godaanan jechuudha. Sababoonni kunniinis namoonni fedhii isaanitiin kan iddoo isaanii duraa irraa iddoo haarattii kan jijjiiratan; barumsaaf, daawwannaaf, qorannoofi kan biroo yoo ta'an, isaan biroo immoo dirqamanii iddoo isaanii akka jijjiiratan yoo ta'eedha. Isaan keessaa muraasni waraana, siyaasaa, iddoon duraanii tajaajila birootiif barbaadamuu fa'a ofkeessatti hammata.

Godaansi ummataa bakka lamatti qoodama. Isaaniis godaansa biyya keessaatiifi godaansa biyyaan alaati. Godaansa biyya keessaa jechuun namoonni daangaa biyya sanaa osoo hinqaxxaamurin naannoo naannotti, godinaa godinatti, aanaa tokkoo gara aanaa birootti namoonni yoo godaanan jechuudha. Godaansi biyya keessa gosaa adda addaa qaba. Godaansa magaalaa gara baadiyyaa, godaansa baadiyyaa gara magaalatti, godaansa magaalaa magaalattiifi godaansa baadiyyaa baadiyyaatti taasifamuudha.

Godaansa biyyaan alaa kan jedhamu namoonni sababoota adda addaatiin daangaa biyya isaanii qaxxaamurani gara biyya alaatti yoo deeeman, akkasumas biyya alaa irra gara biyya tokkoo yoo gala godaansa biyyaan alaa jedhama.

2.2.5 Quubsama Ummataa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Iddoo ati jiraattutti ummanni haala kamiin qubatee jiraata?
2. Garaagarummaa qubannaa Ummata magaalaafi baadiyyaa ibsi?
3. Itoophiyaa keessatti naannoo ummanni heddumina guddaa qabu irra jiraatu eessa fa'i? Naannoo heddumina xiqqaan jiru hoo eessa? dareef ibsi?

Quubsama ummataa jechuun haala ummanni naannoo murtaa'aa ta'e tokko irra qubatee jiraatu jechuudha. Ummanni addunyaa haala walfakkaataa ta'een qubatee hinargamu. Qubsamni ummata biyya tokkoo haala faca'iinsa qilleensa baramaa, teessuma lafaafi faca'iinsa biqilootaatiin kan walqabateedha. Qubsamni ummataa sochiilee diinagdee adda addaafi sadarkaa jireenyaa ummataa argisiisuu bira darbee bu'uuraalee misoomaafi imaammata ummataa baasuu irratti kallattii kan agarsiisuudha.

Haala hojiifi baay'ina ummaataa iddoo tokko jiraatuu danda'an bu'uura godhachuudhaan qubsamni ummataa bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis magaalaafi baadiyyaadha.

Magaalaa: Maagaalaan iddoo jireenyaa baadiyyaa caalaa wantoonni tajaajila hawaasummaa garaagaraa guuttamanii argamaniidha.

Magaalaan bakka murta'aa ta'e tokko irratti ummanni lakkoofsa guddaa ta'e jiraatuudha. Akka Itoophiyaatti quubsamni tokko magaalaa

jedhamuuf baay'inni ummataa yoo xiqqaate 2000fi sanaa ol kan qabu yoo ta'eedha.

Haalota quubsama Ummata Magaalaa Murteessan

Haalonni guddinaafi dagaagina magaalaa murteessan hedduudha. Isaan keessaa kan akka dabaliinsa lakkoofsa ummataa, babaldhina warshaalee adda addaa, babaldhina tajaajila hawaasummaafi kannee kana fakkaatan isaan ijoodha.


Baadiyyaa

Ummanni baadiyyaa Ummata sochiilee diinagdee isaanii irra caalaan qonna irratti hundaa'e. Kunis lafa qotuu, horii horsiisuu yookiin hojii lamaanuu walitti qindeessuun kan jiraataniidha. Baadiyyaan quubsama ummata lakkoofsa xiqqaa kan ta'eefi lafa baldhaa irra qubatee jiraatudha. ogummaa hojii sadarkaa maatiitti baratamu kan qabaniifi biyyoota guddataa jiran keessatti garmalee kan baay'ataniidha.

Ummata Itoophiyaa

Itoophiyaan biyyoota lakkoofsi ummataa saffisaan dabalaa jiru keessaa ishii tokkodha. Afrikaa keessaa Itoophiyaan baay'ina lakkoofsa ummatatiin Nayijeeriyaatti aantee sadarkaa lammaffaa irratti argamti.

Faca'iinsi ummata Itoophiyaa walfakkaataa miti. Fakkeenyaaf teessuma lafaa naannoo gaarrenii, baddaafi badda-daree ta'anitti ummanni hedduminaan irra kan jiraatan yoo ta'u naannoo lafa dakee gammoojjiifi gammoojjii hoo'atti ummata lakkoofsa xiqqaatu irra qubatee jiraata.



Fakkii 2.2 Faaca'iinsa ummata Itoophiya

Galgaala 2. 2 Gaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni

1. Wantoota heddumina ummatatiif sababa ta'an maal fa'i?
2. Ardiilee baay'ina ummataatiin sadarkaa 1ffaa hanga 3ffaa ta'an barreessi.
3. Piraamidiin umrii ummataa maal agarsiisa?

Gaaffii hojiin agarsiisuu

4. Baay'inni ummata biyya"x" bara 2013 miiliyoona 120. Daa'imman bara kanatti dhalatan immoo kuma 200. Baay'inni ummataa gara biyya alaatti godaananifi gara biyyaa galan duraa duubaan 500,000fi 450,000 ta'u. Odeeffannoowwan kanneeniin fayyadamuun gaaffilee itti aananiif debii kenni.

   A. Saffisa Dhalataa C. Saffisa Godaansa gara alaa

   B. Saffisa godaansa gara keessaa D. Godaansa calalamaa

5. Baay'inni Ummata biyya"M" 20 miiliyoona. Ummata biyyattii keessaa 45% dhiira yoo ta'e reeahoo saalaa biyyattii shallagi.

6. Baay'ina Ummata biyya "R" miiliyoona 70. kana keessaa miiliyoonni 20 ijoolee yoo ta'an, miiliyoonni 10 immoo manguddoota.
   A. Reeshoon hirkattuummaa ijoollee meeqa?
   B. Reeshoon hirkattuummaa maanguddootaa meeqa?
   C. Reeshoon hirkattuummaa waliigalaa hoo?
7. Baldhinni lafa biyya "Y" 400,000 km^2dha. Baay'inni Ummanni biyyattii immoo miiliyoona 80 yoo ta'e, heddummina ummata biyyattii shallagi?

2.3. Dagaagina Geejjibaa

2.3.1 Yaad-rimee Dagaagina Geejjibaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Geejjibni maali?
2. Gosoonni geejjibaa maal fa'a?
3. Naannoo keessanitti ummanni geejjiba maal fa'aan fayyadama?
4. Dagaagina geejjibaa jechuun maal jechuudha?
5. Dagaagina geejjibaatiif maal faatu fayyada?

Guddina biyya tokkoo keessatti geejjibni bu'uura misoomaafi dagaaginaati. Biyya tokko keessatti dameen geejjibaa akka hidda dhiigaatti ilaalama. Geejjibni namootafi meeshaalee adda addaa iddoo tokkoo gara iddoo geessuuf nu gargaara. Geejjibni rakkoo fageenyaatti hiika. Kana jechuun namoonnifi meeshaaleen iddoo itti argaman irra gara bakka biroo salphaatti socha'uu danda'u.

Geejjibni ammayyaa kan jalqabame yeroo dhihoodha. Fooyya'insi isaa warraaqsa industirii jaarraa 18^{ffaa} waliin hidhata cimaa kan qabuudha. Waraaqsa industiriin asitti dagaaginni baay'een bu'a qabeessaafi jijjiiramni saffisaan addunyaa keessatti raawwateera.

Gabatee 2.3 Dagaagina Geejjibaa jaarradhaan.

Jaarraa	Dagaaginna Geejjibaa
Jaarraa 18ffaa keessa	○ Bo'oon Siwiiz qotamuu ○ Daandiin konkolaataa ijaaramuu
Jaarraa 19ffaa keessa	○ Daandii baabauraa ijaaramuu ○ Budiruun hurkaa jalqabamuu
Jaarraa 20ffaa keessa	○ Geejjibni motoraa jalqabuu ○ Geejjibni qilleensaa dagaguu

2.3.2. Gahee Geejjibni Guddina Hawaas-Diinagdee Keessatti Qabu

Gaaffilee Shaakalaa

1. Gahee geejjibni guddina diinagdee keessatti qabu ibsi.
2. Faayidaa geejjibni hawaasummaa keessatti qabu maal fa'a?

Geejjibni sochiilee diinagdee keessaatti tajaajila kennaan keessaa isa tokko. Akkuma asiin olitti tuqameetti namoonnifi meeshaaleen iddoo iddootti akka socha'an gahee guddaa taphata.

Geejjiba malee daldalli biyya keessaafi biyyaan alaa gonkumaa kan yaadamuu miti. Hojiilee bu'uura hawaasummaa garaagaraa kan akka fayyaa, barnoota, bishaaniifi ifaa fa'a waliin gahuudhaaf geejjibni murteessadha. Akka waliigalaatti geejjibni faayidaalee garaagaraa qabu keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

- Meeshaalee dheedhii warshaalee induustriitiif dhiyeessa
- Meeshaaleen bakka itti omishaman irraa fayyadamtootaaf ni dhiyeessa
- Yeroo balaa tasaafi balaa uumamaa tajaajila saffisaa nikenna
- Carraa hojii uuma
- Hojjettoonni iddoo hojiitii gara manaa, manaa gara iddoo hojiitti akka socha'an taasisa.

- Walitti dhufeenyi namoota jidduu jiru akka cimu gargaara.

2.3.3. Gosoota Geejjibaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Akaakuun geejjibaa naannoo keetitti tajaajila kennan maal fa'a?
2. Gosoonni geejjibaa aadaa kam fa'a? gosoonni geejjibaa ammayyaa hoo kam fa'a?

Geejjiba haala adda addaatiin qooduun nidanda'ama. Akkataa dhufaatiifi tajaajila kennaniin geejjiba aadaafi geejjibaa ammayyaa jechuudhaan bakka lamatti qoodamu. Karaa birootiin sarara irra deemaniin yookiin socha'aniin geejjibni bakka sadiitti hiramu. Isaanis geejjiba dachee irraa, geejjiba bishaan irraafi geejjiba qilleensa keessati.

Geejjiba aadaa kan jedhaman namoonni bara durii irraa kaasee kan itti fayyadamaa turaniifi namoota baay'ee yookiin ba'aa hedduufi ulfaatoo ta'an kan hin geejjibneedha. Haaluma walfakkaatuun gosoonni geejjibaa kuniin saffisa guddaa kan hin qabneefi karaa dheeraa kan hin deemnedha. Geejjiba aadaa kan jedhaman keessaa muraasni; geejjiba ba'aa namaatiin raawwatamuufi geejjiba beeyladoota adda addaatin fayyadamnuudha. Fakeenyaaf, gaala, fardeenifi harreen fayyadamuudha. Gosti geejjiba ammayyaa ammoo geejjiba konkolaataa, baaburaafi geejjiba xiyyaarati.

Geejjiba Aadaa

Geejjibni aadaa bu'uura geejjiba ammayyaati. Bara durii irraa kaasee namoonni geejjiba aadaa garagaraatiin fayyadamaa ture. Gosoonni geejjiba aadaa kunniinis; geejjiba ba'aa namaatiinifi beeyladoota garagaraatiin gaggeeffamuudha. Geejjiba aadaa iddoo lamatti qooduun nidanda'ama. Isaanis geejjiba aadaa dacheerraafi geejjiba bishaan irraati.

Geejjibni aadaa dacheerraa kan akka ba'aa dugdaafi beeyladoota gosa garagaraatin fayyadamnuudha. Isaanis farda, gaangee, gaalaafi harreetti fayyadamuun tajaajila argamuudha. Geejjibni bishaan irraa wantoota naannootti argaman irraa qophaa'anii tajaajila irra oolan kan akka hoboloo qarbata, hidhaa allaaduu, jirmaafi bidiruu fa'i.



Fakkii: Geejjiba Aadaa

Geejjibaa Ammayyaa

Geejjibni ammayyaa haala tajaajila isaanii irratti hundaa'uun bakka sadiitti qoodamu. Isaanis tajaajila geejjiba lafa irraa, bishaan irraafi qilleensarraa jechamu.



Geejjiba Ammayyaa

1. Geejjiba Lafarraa

Geejjibni lafarraa gocha sochii imaltootaafi meeshaalee fuula lafaa irra ittiin geejjibaniidha. Geejjibni lafarraa kan jedhaman konkolaataafi baabura.

2. Geejjiba bishaanirraa

Geejjibni bishaanii akaakuu geejjibaa ta'ee bidiruufi doonii fayyadamuun namootafi meeshalee garbawwan, galaana, lageenifi haroowwan irra kan geejjibuudha.

3. Geejjiba Qilleensarraa

Geejjibni qilleensarraa akaakuu geejjibaa hundarra saffisaa ta'eedha. Dabalataanis iddoo fuula lafaa irratti bu'aa bahii hedduu qabu naannoo gaarreenii, hallayyaa, tulluuwwaniifi qaama bishaanii irra imaltootaafi meeshaalee geejjibuuf mijataadha. Akkasumas messhaalee dafanii alaayuu danda'an, sasalphoo gatii qaalii ta'aniifi iddoo fagoo imaluufillee hundarra filatamaadha.

2.3.4. Nageenya Geejjiba, Daandii konkolataa, Balaa Tiraafikaafi Miidhaa Hawaas- Diinagdee Irratti Fidu

Gaaffilee Shaakalaa

1. Nageenya geejjiba daandii konkolataa jechuun maal jechuudha?
2. Nageenya daandii eeguuf itti gaafatamummaan kan eenyuuti?
3. Of eeggannoon daandii yommuu qaxxaamurtu taasiftu maal fa'i?
4. Seera tiraafikii hordofanii geejjibsiisuun balaa maal maal irra gahu hambisa?

Addunyaa irratti yeroo ammaa nageenyi daandii rakkoo fayyaa ummataa isa guddaadha. Nageenyi daandii konkolaachisaa, konkolaataa, namoota, bu'uraalee hawaasummaa fi kanneen kana fakkaatan irratti miidhaa geessisa. Nageenya geejjiba daandii konkolaataa jechuun imaltoonnifi konkolaachiftoonni yemmuu daandiitti tajaajilaman seerota tiraafikaa

hordofuu qaban jechuudha. Nageenyi daandii kunniin balaa tasaa, miidhama yookin sababa miidhama daandii irratti dhaqabuu danda'uu hir'isuuf oola. Seeronni kunniin itti fayyadamtoota daandii miilaafi konkolaachiftoonni hundi hordofuu qaban. Nageenyi daandii hariiroo; ijaarsa daandii, haala daandii, baay'ina konkolaataafi hojii irra oolmaa seerota tiraafikaa ofkeessa qaba. Nageenya daandii wantoota akka seerotafi dambii ittiin bulmaata daandii, sirna nageenya daandiifi too'annaa, konkolaachiftoota gahoomsuu, barattoota manneen barumsaa keessatti barsiisuu, hawaasa hundaaf hubannoo kennuu, mallattoolee ittiin bulmaatafi nageenya daandii agarsiisan daandii irra dhaabuu, nageenyummaa motora konkolaataa yeroo yeroon sakatta'uufi too'achuu faa hammata. Nageenya daandii keenyaa eeguun hojii ulfaataa miti.

Balaa Tiraafiikaa

Balaa tiraafiikaa jechuun balaa adda addaa sababa geejjibaatiin daandii irratti dhaqqabu jechuudha. Wantoonni bu'uura ijoo balaa daandii konkolaataa irratti dhaqqabuuf ka'uumsa ta'uu danda'an hedduutu jiru. Isaan keessaa muraasni daandii gurguddaan dhabamuu, dhuganii konkolaachisuu, sa'atii dheeraaf boqonnaa malee konkolaachisuu, bilbilaan haasawaa konkolaachisuu, ariitii humnaa oliitiin konkolaachisuu, karaa hayyamameef malee konkolaachisuu, karaa hinhayyamamneen walbira darbuufi mallattoo osoo hinagarsiisin naanna'uu fa'i.



Balaa Tiraafiikaafi Miidhaa Innni Dhaqqabsiisu

Ibsaa Tiraafiikaa

Ibsaan tiraafikaa halluu diimaa, keelloofi magariisa irraa kan qophaayaniifi daandii qaxxaamuraa irra dhaabbatanii sochiin tiraafikaa seera eeggatee harka poolisa tiraafiikaa bakka bu'uun anniisaa elektirikaa fayyadamuun kan tajaajilaniidha.



- Ifaan diimaan yoo ife konkolaataan toora qabatanii dhaabbatu
- Ifaan keelloon yoo ife konkolaataan socho'uuf qophaayu
- Ifaan magariisni yoo ife konkolaataan dhaabbate nisocho'a



Fakkii: Iddoo namoonni Daandii Ittiin Qaxxaamuramu

Gabatee: Mallattoolee daandii tiraafiikaa

T.L	Seerota	Mallattoolee
1	Akkeekkachiisan	
2	Dhoorkan	
3	Kan Dirqan	
4	Kan Dursa Kennisiisan	
5	Odeeffannoo kennan	
6	Kallattii kan Agarsiisan	

Ofeeggannoo Yommuu Daandii Qaxxaamuran Taasifamuu Qabu

1. Daandii konkolaataan irra deemu irraa siiqanii dhaabachuu
2. Yeroo konkolaataaf heyyamame dhaabbatanii dabarsuu
3. Bitaafi mirga ofii ilaallachuufi dhaggeeffachuu
4. Iddoo namaaf heyyamameen qofa qaxxamuruu
5. Yeroo namaaf heyyamame suuta qaxxamuruu

Walumaagalatti, tajaajilli geejjibaa guddina diinagdee, hawaasummaafi siyaasa Ummata addunyaa keessatti gahee olaanaa qaba. Sadarkaan guddina geejjiba addunyaa har'a mul'atus dhalli namaa akka fedhiisaatti bakka tokkoo bakka biraatti socho'uuf haala mijataa uumee jira. Kanaafuu, seeraan itti fayyadamuun lammii hundaarraa eegama.

Gochaa Shaakalaa

1. Naannoo isin jiraattanitti yoo daandiin konkolaataa jiraata ta'e mallattoolee tiraafiikaa daandii cinaa dhaabbatanii odeeffannoo kennan shan garee nama sadi qabuun socho'aa fakkii isaanii kaasaa. Maaliif akka fayyaduu danda'an dursaa barreeffadhaa. Faayidaa mallatoolee sanaa maal akka ta'e nama beeku yookaan tiraafiika poolisii gaafadhaa. Deebii argattan barattoota dareetiif ibsaa.
2. Mallattoolee gabatee armaan olii keessatti agarsiifaman tokkoon tokkoon isaanii odeeffannoo akkamii akka dabarsan ibsaa?

Gilgaala 2.3 Gaafilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni

1. Geejjibni maali?
2. Geejjibni ammayyaa bakka meeqatti qoodama? Tarreessi.
3. Seera tiraafikii hordofanii geejjibsiisuun balaa maal maal irra gahu hambisa?
4. Akaakuu mallattoolee daandii tiraafiikaa jahan maal fa'i? Mallattoolee tokkoon tokkooniif fakkeenya kenni?
5. Ofeeggannoon yommuu daandii qaxxaamuran taasifamu maali?

Cuunfaa

Madda dhala namaa irratti yaada garagaraa lamatu jira. Yaada karaa amantaafi sayinsaawaati. Itoophiyaafi naannoon Gaanfa Afrikaa seenaa dhala namaa keessatti iddoo guddaa qabu. Arkiyoolojiin damee saayinsii hambaa meeshaalee qo'achuudhaan haala jireenya dhala namaa dur jiru ibsuuf carraaqii taasisuudha.Awustirooloppitikasiis jijjiirama tirannaa yeroo dheeraatiin sanyii jenes gara Hoomoo Habiliis, Hoomoo Irreektasfi Hoomoo Saappiyaansitti guddatan.

Addunyaa irratti baay'inni Ummata walqixxee faca'ee hinargamu. Sababiin garaagarummaa kanaas gargarummaa qilleensa baramaa, dhiyeessii nyaataa, dhibeefi waraanni isaan ijoodha. Jijjiirtonni lakkoofsa Ummataa; dhalata, du'aafi godaansa namootaati. Baay'inni ummata biyya tokkoo gahumsa umrii hawaas- diinagdee irratti hirmaachuun ijoollee, ga'eessota fi manguddootatti qoodamu.

Heddummina ummataa jechuun walitti dhufeenya ummataafi naannoo isaan irra jiraatan jechuudha. Geejjibni sochii namoonni yookaan meeshaaleen iddoo tokkoo gara iddoo birootti taasifamuuf kan haala mijeessuudha. Gosoonni geejjibaa kan ammayyaafi aadaa jedhamuun bakka lamatti hiramuu.Nageenya daandii jechuun tarkaanfii namni kamiyyuu yommuu daanditti tajaajilamu hordofuu qabuudha. Balaa tiraafiikaa jechuun balaa adda addaa sababa of-eeggannon ala geejjibaa daandii konkolaataa irratti taasifamuun dhaqabu jechuudha. Seerri tiraafiikaa seerota daandii irraa, kan lafooniifi konkolaachiftoonni horodofanii itti fayyadamaniidha.

Gilgaala Xummura Boqonnaa

Kutaa I. Gaafilee armaan gadii keessaa kan sirrii ta'e Dhugaa kan dogongora ta'e immoo Soba jedhii deebisi.

1. Amantaan hundi nama Rabbitu ykn Waaqatu uume jedhanii amanu.
2. Sanyiin hoomoo fooyya'iinsa tirannaa suutee waggoota kumaatamoota hedduu keessatti taasifameen gara Austirooloopitikasiitti ol guddate.
3. Godaansi baay'ina Ummata addunyaa nijijjiira.
4. Akaakuun geejjiba aadaa kan lafa irraa malee kan bishaaniifi qilleensa irraa hinqabu.
5. Nageenya tiraafikaa eegsisuun gahee hojii poolisoota tiraafikaa qofa.

Kutaa II. Kanneen"B" jala jiran kan "A" jala jiran waliin walitti firoomsi.

A	B
6. Geejjiba aadaa	A. Miidhaa lubbuu fi qabeenyarra qaqqabsiisa
7. Geejjiba ammayyaa	B. Daandii cinaa dhaabbata
8. Seera tiraafiikaa	C. Xayyaara
9. Mallattoo tiraafikaa	D. Gaangee
10. Balaa Konkolaataa	E. Bitaa mirga ilaalanii daandii qaxxaamuruu

Kutaa III: Gaaffilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii ta'e qabate filadhu.

11. Iddoon argama madda dhala namaati jedhamee tilmaamamu kami?

A. Gaanfa Afrikaa B. Awurooppaa

C. Ameerikaa D. Awustiraaliyaa

12. Sanyii dhala namaa yeroo jalqabaatiif ol jedhee miila lamaan deeme:

A. Hoomoo Habiliis B. Hoomoo Irreektas

C. Hoomoo Saappiyaansii D. Hunduu deebiidha

13. Kanneen armaan gadii keessaa adeemsi ummama baay'ina namaa hir'isu isa kami?

A. Dhalata B. Godaansa C. Baqata D. Du'a

14. Kanneen armaan gadii keessaa sababa balaa tiraafikaa kan hinta'in isa kami?

A. Daandiin Konkolaataa mijataa hintane jiraachuu

B. Mallattoo nageenya daandii agarsiisan daandii cinaa dhaabuu

C. Ariitii humnaa oliin konkolaachisuu

D. Mallattoo osoo hinagarsiisin konkolaataa naannessuu

15. Mallattoolee daandii tiraafiikaa armaan gadii keessaa kan dhoorkan isa kami?


A.


B.


C.


D.


E.


G.

Kutaa IV: Gaaffiilee armaan gadiitiif iddoo duwwaa guuti.

16. Sanyii dhala namaa ta'ee jalqaba harkaan hojjachuu kan eegale _____ jedhama.

17. Sochii namaa ykn meeshaalee iddoo tokkoo gara biraatti taasisan _____ jedhama

Kutaa V: Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni.

18. Sababoota balaa tiraafikaa geessisuu danda'an keessaa sadi barreessi?

19. Of eeggannoo yemmuu daandii qaxxamuramu taasifamu tarreessi?

Kutaa VI: Gaafiilee armaan gadii hojiidhaan agarsiisi.

20. Baay'inni Ummata biyya Jaappaan 50,000,000 yoo ta'e kana keessaa ga'eessotaa 65%, maanguddoonni 5%dha. Baldhinni lafa isaanii immoo 10,000,000 km^2dha. Odeeffannoo kenname kanarraa:

    A. Baay'ina humna oomishaa shallagi

    B. Reeshoo hirkattootaa shallagi

    C. Heddumina Ummata shallagi

BOQANNAA 3

NAMAAFI QABEENYA UUMAMAA

Bu`aawwan Barachuu Boqonnichaa:

- Walitti dhufeenya qabeenya uumamaafi dhala namaa gidduu jiru ni ibsita.
- Qabeenya uumamaa sadarkaa argamaafi faayidaa isanitiin niqoodda.
- Wantota itti fayyadama qabeenya uumamaa irratti dhiibbaa geessisuu danda'an nitarreessita.
- Hariiroo dhala namaafi qabeenya uummamaa (ummata humnaa olii, ummata madalawaa fi ummataa humnaa gadii) maal akka ta'e ibsita.

Seensa

Barnoota boqannaa dabree keessatti waa'ee jijjiirama dhala namaafi qabeenya uumama addunyaa, jijjiirama lakkoofsa ummata, quubsama ummataa, faca'iinsa ummata Itoopiyaa barachuun keessaan niyaadatama. Boqonnaa kana kessatti immoo waa'ee hariiroo dhala namaafi naannoo, ummata humnaa olii, ummata madalawaa, ummata humnaa gadii, akaakuwwaan qabeenya uumamaa ofhaaromsaniifi of haaromsuu hindandeenyee nibarattan.

Dabalataanis Itoophiyaa keessatti wantoota qabeenya uummamaa irratti dhiibbaa geessisan kanneen akka dhiibbaa umamaa, babal'achuu lafa qonnaa, babal'achuu magaalotaafi quubsama uummataa nibaratta.

Ga'umsa Barachuu Barattoonni bira gahuu Qaban

- Walitti dhufeenya namaafi qabeenya uummamaa (ummata humnaa olii,ummata madalawaa fi ummata humnaa gadii) ni ibsita.
- Garaagarummaa qabeenya uumamaa of-haaromsuu danda'aniifi of-hinhaaromsinee gidduu jiru adda nibaasta.
- Itoophiyaa keessatti dhiibbaawwan gochaalee ijoo dhala namaatiin qabeenya uummamaa irra gahan nitaarreessita.
- Kaartaa salphaa qabeenya uummamaa naannoo isaanii agarsiisu niqopheessita.

3.1 Hariiroo namaafi naannoo uumama isaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Walitti dhufeenya namaafi naannoo gidduu jiru ibsi.
2. Wantoonni walitti dhufeenyaa namaafi naannoo irratti dhiibbaa geessisan maal fa'a?
3. Dhalli namaa waan uumamaan jiran hunda fayyadamaa jiraa? Yoo fayyadamaa hinjiraanne ta'e maalif fayyadamuu dhabe?
4. Garaagarummaa ummata humnaa oliifi humnaa gadii jidduu jiru ibsi.

Dhala namaafi naannoon hariiroo walirraa hincinne qabu. Dhalli namaa waantota jireenya isaatiif barbaachisu naannoo isaa keessaa argata. Kanaafuu dhalli namaa naannoo uumamaa malee jiraachuu hin danda'u. Dhalli namaa waan uumamaan jiru hunda itti fayyadamaa hinjiru.

Sababiin haqinaa humna nama barateefi saayinsiif teekinoolojiin waan hinbabaldhneefi. Haata`u malee adeemsa yeroo gara yerootti saayinsiifi

tekinoolojiin sababa fooyya'aa deemuuf qabeenya uumamaa naannoo isaa jiran gara fuula duraa itti fayyadamuu danda'a. Fakkeenyaaf, biyyee naannoo gammojjiitti argamu sababaa hanqina roobatiin oomisha gahaa oomishuu hindandeenye gara fuula duraa jallisiin fayyadamuun oomisha gahaa irraa oomishuun nidanda'ama.

Qabeenya uumamaa seeraan ala itti fayyadamuun mancaatii qabeenyaa kan geessisu ta'uun beekamaadha. Kanaafis sababa kan ta'u seeran itti fayyadamuu dhabuu dhala namaati. Keessattuu biyyoota Afrikaa saharaa gadii guddina diinagdeetiin boodatti hafan keessatti rakkoon kun hammatadha.

Itti fayyadama qabeenya uumamaa ilaalchisee hariiroon dhala namaafi qabeenya uumamaa gidduu jiru haala asiin gadiitiin ibsama.

Isaanis; ummata humnaa olii, ummata walmadaalawaafi ummata humnaa gadiiti.

Ummata Humnaa Olii

Ummata humnaa olii(over population) jechuun baay'inni ummata biyya tokkoo hanga qabeenyaa uumamaa ummanni sun itti fayyadamaa jiru yoo caale jechuudha. Yeroo kana hammi qabeenya uumamaa baay'ina ummataa qabeenya sanaan fayyadamaa jiruu gadi waan ta'uuf, qabeenyi sun suuta manca'aa deema. Biyyoota ummata humnaa olii qaban keessatti rakkoleen hawaas-dinagee heddutu mul'atu. Isaan keessaa muraasni hiyyummaa, mancaatii qabneenya uumamaa, hojii dhabdummaa, hanqina bu'uuraalee misoomaa fa'a.

Ummata madaalawaa

Ummata madaalawaa jechuun baay'inni uumata biyya tokkoofi qabeenya ummanni sun itti fayyadamaa jiru yoo walgite jechuudha. Biyyoota akkanaa keessatti namoonni jireenya fooyya'aa jiraachuu danda'u.

Carraan guddina dinagdeetis ni uumama. Bu'uuraaleen misoomaatillee babaldhachuu danda'u. Kunis qabeenya uumamaatis haala fooyya'iinsa qabuun raawwatama.

Ummata Humnaa Gadii

Biyyoota addunyaa muraasa keessatti qabeenyi uumamaa baay'ina ummataa caalee argama. Biyyoota akkasii keessatti qabeenya uumamaatti haalan hin fayyadaman. Kunis kan ta'uu danda'eef humni oomishaa xiqqaa waan ta'uuf qabeenyi uumamaa hundi faayidaa irra hinoolu.

3.2. Akaakuu Qabeenya Uumamaa

Gaafilee shaakalaa

1. Garaagarummaan qabeenya uumamaa ofhaaromsaniifi of hinhaaroomsine maali?
2. Gosoota qabeenya uumamaa ofhaaromsaniifi of hinhaaroomsine tarreessi.

Qabeenya uumamaa jechuun waantoota uumamaan jiraniifi dhala namaatiif faayidaa adda addaa kennaniidha. Qabeenyi uumamma kunniinis gosa adda addaa qabu. Isaan keessaa gurguddoon qabeenya uumamaa of-haaromsaniifi kan of- hinhaaromsineedha.

3.2.1. Qabeenya Uumamaa Of -haaromsan

Qabeenya Uumamaa of-haaroomsan; qabeenya uumamaa kanneen bakka ofbuusuu danda'aniidha. Fkn bishaan, biqilootafi biyyee fa'a. Dhalli namaa fedhii isaa guuttachuuf qabeenya adda addaatti gargaarama. Haata'u malee qabeenya uumamaa qixa sirrii ta'een yoo hingargaramne miidhaan hammataa irra gahuu danda'a.

3.2.2. Qabeenya Uumamaa Of hinhaaromsine

Qabeenya uumamaa of-hinhara'umsine jechuun qabeenya uumamaa si'a tokko itti fayyadamnee yoo dhumtan deebi'anii bakka of-buusuu kan hindandeenye jechuudha. Gosota qabeenyaa uumamaa kanneen keessaa muraasni kan akka albuudota sibiilaa, gaasii uumamaa, peetrooliyeemiifi kan kana fakkaataniidha.

3.3Itoophiyaa Keessatti Wantoota Qabeenya Uummamaa Irratti Dhiibbaa Geessisan.

Gaaffilee shakalaa

1. Karaa uumamaatiin dhiibbaan qabeenya uumamaa irra gahuu danda'umaal fa'aani?
2. Karaalee nam-tolcheetiin dhiibbaaleen qabeenya uumamaa irra gahaa jiru maal fa'a?

Qabeenya uumamaa irra dhiibbaan karaalee lamaan gahuu danda'u. Isaanis karaalee uumamaaniifi nam-tolcheedhan. Karaalee uumamaatiin dhiibbaan qabeenya uumamaa irra gahuu danda'u kan akka dhoo'iinsa voolkaanoo, hoollannaa lafafi ibidda bosonaa fa'a.

Dhiibbaan guddaan qabeenya uumamaa irra gahaa kan jiru garuu karaale gochaalee dhalli namaa gaggeessuni.Isaan keessa muraasni akka armaan gaditti ibsamaniiru.

Guddina Lakkoofsa Ummataa

Qabeenyi uummamaa murtawaa waan ta'aniif yeroo gara yerootti haalli dabaliinsa ummataa mancatiifi qisaasa'uu qabeenya uumamaatiif sababa guddaadha. Keessumaayyuu yeroo ammaa biyya keenya keessatti baay'inni ummataa haala yaaddessaa ta'een dabalaa kan jiru ta'uun mancaatii qabeenya uumaamaa irratti miidhaan gahaa jira.

Babal'achuu Lafa Qonnaa

Dabaliinsi ummataa yeroo gara yerootti guddachuu dhufuurraa kan ka'e lafti bosonaa, lafti margaafi paarkiiwwan gara lafa qonnnaatti jijjiramaa jira. Haalli kun akkataa kanaan kan itti fufu yoo ta'e, qabeenyi uumamaa manca'aa deema.

Babal'achuu Magaalotaa

Itoophiyaa keessatti babal'achuun magaalotaa baay'ee dabalaa dhufeera. Kessumaayyuu dabaliinsi ummataa garmalee fedhiin mana jireenyaa magaaloota hammataa dhufuun guddinni magaloota alseerummaan lafa qabachuun dagaagaa jira.

Gilgaala

1. Qabeenya uumamaa ofhaaromsaniifi ofhin haaroomsine adda baasii tarreessi
2. Itti fayyadamni qabeenya uumamaa seeraan ala yoo ta'e hariiroon qabeenya uumamaafi dhala namaa gidduu jiru hariiroo alkallattiitu uumama. Yaadni kun maal ibsuuf yaadameeti?
3. Hariiroo qabeenya uumamaafi dhala namaa ilaalchisee; qabxiileen ummata humnaa olii, ummata walmadaalawaafi ummata humnaa gadii ibsi.
4. Biyya keenya keessatti qabeenya umamaa irratti wantoonni dhiibbaa geessisan maal fa'a? tarreessi.

Gocha Barataa/ttuu

1. Qabeenya uumamaa naannoo mana barumsaa keetitti argaman erga daawwatteen booda qabeenya uumamaa ofhaaromsaniifi of hinhaaromsine jechuun adda baasii tarreessi
2. Kaartaa salphaa naannoo mana barumsaa keetii erga qopheessiteen booda gosoota qabeenya uumama mallattoolee mija'adhaan agarsiisi.

Cuunfaa

Qabeenyi uumamaafi dhalli namaa hariiroo wal irraa hincinne qabu. Kanaafuu qabeenyi uumamaa akka hinmancaanetti seeraan itti fayyadamuu qabna. Qabeenya uumamaa seeraan ala itti fayyadamuun mancaatii qabeenyaa gudda kan geessisu ta'uun beekamadha. Akkuma lakkoofsi ummataa yeroo gara yerootti dabalaa deemuun fedhiin buu'uraalee misoomaaf jiru dabalaa deema.

Dhalli namaa fedhii isaa kana guuttachuuf seeran ala yoo itti fayyadame qabeenya uumamaa irratti miidhaa geessisuu danda'a. Fakkeenyaaf lafa qonnaa babal'isuuf jecha lafa duraan bosonaafi paarkiwwaniin qabamee ture mancaasaa jira. Kessumaayyuu qabeenya uumamaa tokko tokko yoo dhumatan deebisanii argachuun rakkisaadha. Waan kana ta'eef hariiroon qabeenya uumamaafi Ummata gidduu jiru walmadaalawaa gochuun baay'ee murtessaadha. Kunis kan ta'uu danda'u baay'ina lakkoofsa ummataa to'achuun qabeenya uumamaa kunuunsuun walmadaalawaa gochuun baay'ee barbaachisaadha.

Gilgaala Xumura Boqonnichaa

Kutaa I. Gaaffilee armaan gaditiif qubee deebii sirrii ta'e filadhu

1. Qabeenya uumamaa armaan gadii kessaa qabeenyi ofhaaroomsu isa kami?

   A. Bishaan B. Gaasii boba'aa

   C. Diyaamandii D. Meetii

2. Kanneen armaan gadii kessaa qabeenya uumamaa kan hintaane isa kami?

   A. Biyyee B. Bosona C. Albuudota D. deebin hin jiru

3. Hariiroo ummataafi qabeenya uumamaa gidduu jiru ilaalchisee isa kamtu qabeenya uumamaa irratti rakkoo hin umamne ?

   A. Baay'ina ummata xiqqaa

   B. B. Baay'ina ummata qabeenya caalee argamu

   C. C. Hammi qabeenyaafi baay'ina ummata walmadaalaa

   D. Deebii hin qabu

Kutaa II. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni

1. Gossotni qabeenya uumamaa maal fa`a?
2. Hariiroo namaafi qabeenya uumamaa gidduu jiru ibsi.
3. Wantoota itti fayyadama qabeenya uumamaa irraatti miidhaa geessisan tarreessi
4. Ummata humnaa olii jechuun maal jechuudha?

Kutaa III. Iddoo duwwaa armaan gadii guuti

1. Itoophiyaatti gosoota qabeenya uumamaa irratti wantoota dhiibbaa geessisaan _____, _____ fi _____dha.
2. Qabeenyi uumamaa itti fayyadamne yoo dhumate bakka bu'uu hindaandeenye _____jedhamu.

BOQONNAA 4

SEENAA QAROOMA ADDUNYAA BARA DURIIFI GIDDUGALEESSAA

Bu'aawwan barnoota boqonnichaa:

- Qaroomman gurguddoo bara durii sulula laggeen addunyaa kaartaa irratti ni agarsiifta
- Dagaagina qaroomman addunyaa bara duriifi giddugaleessaa walbira qabuun ni xiinxalta
- Bu'aawwan qarooma addunyaa bara durii isaan gurguddoo ni ibsita
- Ka'umsaafi babal'ina amantii Kiristaanaa ni xiinxalta
- Ka'umsaafi babal'ina amantii Islaamaa ni hubatta
- Amaloota Impaayeera Baayzantaayin ni tarreessita.

Seensa

Barnoota saayinsii naannoo kutaa 5ffaa fi 6ffaa keessatti haala kunuunsa qabeenya uumamaa, qilleensa naannoofi hawaasa Itoophiyaa barattee jirta. Bifuma walfakkaatuun, sochiilee dinagdee gurguddoo akka qonnaafi daldalli gahee isaan jiruufi jireenya hawaasa Itoophiyaa keessatti qaban hubattee jirta.

Dabalataan, hambaalee seenaafi wiirtuulee turiizimii baha Afrikaa keessatti argaman adda baafattee jirta.

Boqonnaa kana keessatti immoo qaroomman addunyaa qarqara sulula-laggeenitti dagaagan baratta.Isaanis,qaroomman akka Mesopotaamiyaa,

Hindii durii, Chaayinaafi Giriiko-Roomaa itti jalqabaman bal'inaan kan barattu ta'a. Akkasumas, ka'umsaafi babal'ina amantii Kiristaanaafi Islaamaa haala ifa ta'en dhiyaatee jira. Dhuma irratti, haala hundeeffamaafi babal'ina Impaayera Baayzantaayin ibsa gahaa waliin dhiyaatee jira.

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamu qabu:

- Qaroomman addunyaa durii sulula laggeenitti dagaagan ni tarreessita
- Qaroomman addunyaa bara duriifi giddugaleessaa adda baafatta
- Bu'aawwan qaroomman bara duriifi bara giddugaleessaa ni ibsita
- Ka'umsaafi babal'ina amantii Kiristaanaa adda ni baafatta
- Ka'umsaafi babal'ina amantii Islaamaa ni hubatta
- Seenaafi amaloota Impaayera Baayzaantayin ni tarreessita

4.1. Qarooma Addunyaa Durii


4.1.1. Qarooma Mesopotaamiyaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Sulula laggeenii qarooma adda addaaf mijataa maaltu taasise?
2. Qaroomni Mesopotaamiyaa ardii inni keessatti dagaage beektuu ?
3. Waa'ee seera Hamuraabii waan beektu dareef ibsi.

Qaroomni Mesopotaamiyaa qaroomman addunyaa durii keessaa isa jalqabaati. Mesopotaamiyaa jechuun afaan Giriikiin '*Lafa laggeen lama gidduutti argamu*' jechuudha. Bifuma kanaan qaroomni Mesopotaamiyaa sulula laggeen Ifraaxesiifi Tigiriis jedhaman gidduutti naannoo bara 3500 Dh.K. D irraa eegalee kan dagaagedha. Biyyeen gabbataafi bishaan gahaan sulula laggeen Ifraaxesiifi Tigiriis jireenya dhala namaaf haala mijataa

uumuun, qaroomman bara durii akka jalqabamaniif bu'uura guddaa ta'ee jira.



Kaartaa 4. 1.1, Argama Mesoopotaamiyaa durii

Ummanni jalqaba naannoo sulula laggeen Ifraaxesiifi Tigiriis qubachuun qaroomma Mesopotaamiyaa hundeessan Sumeeriyaanota jedhamu. Booda irra garuu, ummattoonni akka Akkaadiiyaan, Baabilooniyaanotaafi Assiiriyaan jedhaman Mesopotaamiyaa humnaan ofjala galchuun walduraa duubaan bulchaa turan.Kanaafuu, hundi isaanii dagaagina qaroomman Mesopotaamiyaa durii keessatti gahee ol'aanaa qabu.

Mesopotaamiyaan bulchiinsaafi gurmaa'ina hawaas-siyaasaa cimaa qaba ture. Bulchiinsi Mesopotaamiyaa mootiin hogganama ture. Mootonni Mesopotaamiyaa durii aangoo cimaa qabu. Mootonni kunneen akka Waaqaan muudamanitti ofilaalu (offudhatu) ture. Mootota Mesopotaamiyaa durii keessaa seera baasuufi labsuun, hawaasni akka beekuu kan taasise mootii Hamuraabii (1792-1750Dh.K.D) jedhamu ture. Seerri isaas, seera baay'ee ulfaataafi cimaa ture dha. Sababni isaas, tokkon tokkon yakka hojjetameef seera adabbii walsimatu jedhamee kan beekamudha. Fakkeenyaaf, ''namni ija namaa jaamse ijji isaa jaamu qaba'' kan jedhudha .

Hamuraabiin ol'aantummaa seeraa baase hojiirra oolchuuf namoota akka abbootii seeraatti ramaduun hawaasa seera hubachiisaa ture. Hawaasni seera kana irratti hubannoo argachuun kabaja waliif kennuufi yakka hojjechuu irraa of qusataa turan. Bara bulchiinsa isaa, ol'aantummaan seeraa Mesopotaamiyaa keessatti yeroo itti kabajamaa turedha. Kanaaf, seenaa Mesopotaamiyaa keessatti seerri Hamuraabii tasgabbiifi nageenya amansiisaa fiduun beekama.

Sululli laggeen Ifraaxesiifi Tigiriis dagaagina qonna adda addaa Mesopotaamiyaaf haala mijataa uumeera. Ogummaafi tooftaalee adda addaatiin bishaan to'achuun qonna jal'isiin beekamoo turan. Dabalataan, daandii galaanaafi wiirtuulee daldalaa iddoowwan biroo waliin taasisaa turaniiru.


Daldala galaana irraaf dooniiwwan fayyadamaa turan. Dooniiwwan kunniin humna qilleensaan kan deeman ture.

Qonni bu'uura qarooma hundaati. Hawaasni dhaabbataan bakka tokko akka jiraatuufi hundeeffama magaalotaaf qonni bu'uuradha. Qonni dagaagina ogummoota ammayyaa hundaaf bu'uuradha. Seenaa dhala namaa keessatti warraaqsi Naayilootikii kan jiruufi jireenya hawaasa addunyaa irratti jijjiirama fide bu'uurri isaa qonnadha.

Qaromman ummattoota Mesopotaamiyaa durii geejjiba ammayyeessun, gaarii wiiliin deemuufi humna namaan socho'an (dhiibaman) hojjetanii jiru. Ogummaa sibiila baqsuu fayyadamuun Naasii irraa meeshaalee adda addaa hojjechun qaroomman addunyaa bara durii tiif gumaacha ol'aanaa taasisaniiru.

Mesopotaamiyaan qorannoo sirna urjii adeemsisuun Sirna Lakkoofsa Baraa (Kalaandarii) ji'oota kudhalama qabu uumaniiru. Qaroomni Sirna Lakkoofsa Baraa kunis marsaa ji'aa (addeessaa) irratti kan hundaa'edha. Qaroomni Mesopotaamiyaa falaasama herregaa geengoo digirii 360tti qooduu fayyadamuun, guyyaa tokko sa'aatii 24tti hirun shallaggii yeroo addunyaan amma itti tajaajilamaa jirru argataniiru. Dabalataan, sa'aatii tokko immoo daqqiiqaa 60tti qooduun bu'uura lakkoofsa yeroo bara ammayyaa ta'e jira.

Qaroomni Mesopotaamiyaa sa'aatii bishaaniin hojjetu kalaquun hojii irra oolchee jira. Akkasumas, biyyee suphee tajaajila ijaarsa garaagaraatiif fayyadamaa turanii jiru. Bifuma kanaan, suphee tajaajila barreeffama adda addaatiif fayyadamaa turaniiru. Ogummaa barreeffama Mesopotaamiyaan kalaqan Kuniformi jedhamuun beekama. Tooftaan barreeffamaa kanaas suphee jiidhaa irratti kan barreeffamudha.



Fakkii ,4.1.1, Barreeffama Kuniformi Mesopotaamiyaa durii

Dagaagina qarooma Mesopotaamiyaa durii keessatti qooda fudhattoonni ummattoota garaagaraadha. Isaanis Sumeeriyaanota, Akkaadiyaanota,

Baabilooniyaanotaafi Assiiriyaanota kanneen jedhamanidha. Ummattoonni kunniin yeroo Mesopotaamiyaa bulchaa turan ogummaafi kalaqa adda addaa addunyaaf gumaachaniiru.

Akka waliigalaatti, Mesopotaamiyaan qaroomman dagaagina dinagdee, hawaasaafi siyaasaa tokkummaa cimaa qabu hundeessuun beekamoo turan. Haata'u malee, ummattoonni Mesopotaamiyaa garee adda addaa jalatti gurmaa'un fedhii aangoo qabachuuf waraana walirratti labsaa turan. Waldhabdeen hawaasaa yookaan gareewwan gidduutti adeemsiffamaa ture humna Mesopotaamiyaa akka laaffatuuf sababa ta'e jira. Dhuma irratti, jaarraa 6ffaa Dh.K.D Pershiyaanotaan weeraramtee diigamuuf dirqamtee jirti.

4.1.2.Qarooma Hindiifi Chaayinaa Durii

A) Qorooma Hindii Durii

Gaaffilee Shaakalaa

1. Qarooma Mesopotaamiyaafi Hindii durii maaltu walfakkeessa?
2. Adeemsa hundeeffama qarooma Hindii durii irratti mari'adhaa.
3. Qaroomni Hindii durii sulula laggeen kam keessatti dagaage?

Qaroomni Hindii durii ardii Eeshiyaa naannoo sulula laggeen Induusiifi Gaanjees jedhamanitti jalqabe.Qaroomni kun naannoo bara 2500-1500 Dh.K.D irraa jalqabee suuta suutaan dagaagaa akka ture ragaaleen seenaa ni ibsu. Hundeessittoonni qarooma Hindii durii ummata Diraaviidiyaanota kanneen jedhamanidha. Qarooma Hindii durii keessatti akkuma kan Mesopotaamiyaa, biyyeen gabbataafi bishaan gahaa sulula Induusiifi Gaanjees dagaagina qonnaaf haala mijataa uumee jira. Keessattuu, qonna jirbii oomishuufi ogummaa jirbii irraa immoo wayaa dhahuu, addunyaaf gumaacha ol'aanaa taasisaniiru. Hindii durii ogummaa bishaan jal'isuun, qonni jal'isii addunyaa irratti akka babal'atu taasisaniiru. Akkasumas, biyyee suphee ijaarsaafi tajaajila adda addaatiif bal'inaan fayyadamaa

turaniiru.

Hindii durii qorannoo dawaa addaa addaafi yaala baqqaqsanii hodhuu, faayaafi meeshaalee tajaajila mana keessaaf oolan oomishuun beekamu ture. Oomishinni meeshaalee adda addaa Hindii durii biyyoota hedduu biratti barbaadamoo turan. Haaluma kanaan Hindii durii meeshaalee faaya adda addaa biyyoota addunyaa baay'eetti daldalaa turan. Biyyoonni akka Pershiyaa, Sumeeriyaa, Chaayinaa, Aksum, Misiriifi biyyoota Awurooppaa hedduutti daldalaa turan. Daldaltoonni Hindii durii biyyoota meeshaalee itti daldalan waliin hariiroo dinagdee cimaa qabu ture. Daldaltoonni Hindii durii chaappaa daldala akaakuu meeshaalee daldalaman ibsu bocuun itti fayydamaa turan.

Hindii durii keessatti magaalonni suphee gubatee jabaate irraa ijaaraman hedduu turan.Ogummaan kun hundeeffamuufi babal'achuu magaaloota Hindii duriif gumaacha ol'aanaa taasisee jira. Akka qorannoon Arkiyoolojii ibsutti, Moheenjoo Daaroofi Haraappaan magaalota qarooma ijaarsa Hindii durii keessaa isaan gurguddoodha.Magaaloonni lamaan Hindii durii kunniin haala ijaarsa magaalota ammayyaa fakkaatuun, karooraan kan ijaaramanidha. Dabalataanis, bo'oo balfaa dhangala'oon adda addaa keessa yaa'uufi iddoo tajaajila dhiqannaa hawaasaaf oolu qabu ture.



Hawaasni Hindii durii qoodama hojii adda addaa kan qaban ture. Qoodamiinsa gita hojii tureen, miseensonni garee hawaasaa gahee mataa ofii danda'e qabu. Haaluma kanaan, hoggantoonni nageenya hawaasaa eeguufi eegsisuu keessatti gahee ol'aanaa raawwataa turan. Bifuma kanaan itti gaafatamummaa nageenya hawaasaa amansiisaa taasisuu isaanitti kennamee jira. Abbootiin amantii akka miseensonni hawaasaa qulqullinaan qajeelfama amantii hordofan taasisuu keessatti gahee guddaa qabu. Dabalataan, hawaasni naamusa namummaa gabbifatanii aadaa waliin jireenyaa akka cimsatan qajeelchu. Amantiiwwan Hindii durii beekamoo Hinduuziimiifi Budiziimii jedhamu. Amantiiwwan kunniin hawaasni naamusa waliin jireenyaa akka dagaagfatan barsiisu.

Walumaagalatti, qaroomni Hindii durii beekumsaafi ogummoota adda addaa addunyaaf kanaaf gumaachaniiru. Haata'u malee, qaroomni Hindii durii sababoota garaagaraan kufuu danda'eera. Isaanis, sababota dhibee daddarboo, hongeefi weerara Aaryaanootaa bara 1500 Dh.K.D isaan gurguddoodha.

B) Qarooma Chaayinaa Durii

Gaaffilee Shaakalaa

1. Qaroomni Chaayinaa durii qarooma biyyoota biroo irraa maaliin adda ta'a?
2. Qarooma Chaayinaa durii keessatti kan dagaagaa turan maal maal fa'i? Gareen irratti mari'adhaa?
3. Faalaasamni Konfishaanizimii yaadota maal maal of keessatti hammata?

Qaroomni Chaayinaa durii naannoo sulula laggeen gurguddoo Yaangi-Tiziifi Huwaang-Hoo jedhanmanitti jalqabame. Bara 1700Dh.K.D irraa jalqabee naannoo qarqara laggeen kanaatti qaroomman beekamoo ta'an dagaaganiiru Bara qarooma Chaayinaa durii ummanni Wayaa(uffata) harrii hojjechuun beekamu. Akkasumas, qarooma anniisaa cileetti fayyadamaa

turaniiru. Haaluma walfakkaatuun, ogummaa Seeraamikii oomishuu, ogummaa hojii mukaa, hojii gogaafi ogummaa meeshaalee waraanaa adda addaa (baaruda rasaasaa) hojjechuun beekamoo turan. Naannoo bara 150 Dh.K.D. maashinii baay'isaa hojjechuun itti tajaajilamaa turan. Gaarii goommaa qaban kan beeyladootaan harkifamaniifi humna namaan socho'an kalaqaniiru.

Dagaagina qarooma Chaayinaa durii keessatti ogummaa mukkeen Leemman irraa faayaa adda addaafi meeshaalee manaa hawaasni itti fayyadaman tolchuun beekamoo turan. Chayinoonni Leemman irraa meeshaalee tajaajila addda addaaf oolan hojjetaa turan. Isaanis: teessoo, gimboolaa (kachoo) xiyya, haadduufi fal'aana fa'i. Chayinoonni durii Leemman taajajila barreeffamaafis fayyadamaa turan. Akka waliigalaatti, Leemman madda meeshaalee ijaarsaa Chaayinoonni irraa argataa turaniiru. Barreeffamni Chaayinaa durii Logogiraafiksii jedhama. Innis, barreeffama fakkii fakkaatu qaba. Logogiraafiksiin qarooma barreeffamaa mallattoo tokkon yaada yookaan jecha tokko ittiin ibsanidha.

Ummamni Chaayinaa durii gurmaa'inaafi ijaarsa bulchiinsa mootummaa gonfoo hundeessuun beekamu.Isaan keessaa bulchiinsa mootummoota gonfoo Shaang (1700-1122DH.K.D)fi Nzoon(Chou/1122-256 Dh.K.D) jedhaman walduraa duubaan Chaayinaa durii bulchaa turaniiru. Bulchiinsa isaanii keessatti diina alaa ofirraa ittisuuf *"Dallaa guddicha Chaayinaa"* jedhamee beekamuufi dheerinni isaa 7,400 km ta'u daangaa irratti ijaarsisaniiru. Haata'u malee, dallaan kun diina alaa hanga yaadame isaan irraa ittisuu hin dandeenye. Innis, dheerina inni gara dalgeetti qabu baay'ee dheeraa waan ta'ef humna namaa eegumsa taasisuuf hedduu sababa barbaaduuf milkaa'u hindandeenye.



Fakkii 4. 1.2(b) Dallaa guddicha Chaayinaa durii

Ummanni Chaayinaa durii mootummaa ofii hundeeffachuun alatti seenaa barreessuufi falaasama Konfishaanizimii jedhamuun beekamoodha. Falaasamni Konfishaanizimii hayyuu Konfishas (551-479Dh.K.D.) jedhamun jalqabame. Falaasamni kun hawaasa keessatti naamusni gaarii akka dagaagu irratti xiyyeeffata. Bifuma kanaan miseensonni maatii tokkoo hundi gulantaa umrii isaaniifi koorniyaan naamusaafi kabaja namoomaa waliif akka qabaatan barsiisa. Falaasamni kun hawaasni Chaayinaa mootummaaf akka ajajamu yookaan bitamuufi mormii hin agarsiifne kan qajeelchudha.

Dabalataan mootummaanis aadaafi duudhaa hawaasaaf kabaja malu kennuu akka qabu barsiisa.Haala kanaan hawaasnis deggarsa mootummaan barbaadu irratti hirmaannaa akka taasisan gorsa. Dabalataan, falaasamni kun wal deggaruu, walkabajuufi walgargaaruu irratti bal'inaan kan xiyyeeffatudha.

Walumaagalatti, qaroomni Chaayinaa durii kan of danda'ee dagaagedha. Sababni isaas, qoroomni Chaayinaa durii dhiibbaa biyyoota alaa irra bifa bilisa ta'een kan dagaagedha. Kanaafuu dagaaginni qarooma Chaayinaa durii qaroomman biyyoota biroo irraa adda isa taasisudha.

4.1.3. Qarooma Giriiko-Roomaa Durii

Gaaffilee Shaakalaa

1. Qaroomman ummata Giriikiifi Roomaa durii essatti jalqabaman?
2. Qaroomman Giriikiifi Roomaa durii bara ammayyaa keessatti mul'atan irratti marii taasisaa. Bu'aa qaroomman lamaanii tarreessaa.
3. Dimookiraasii Giriik duriifi kan ammaa irratti walfalmii taasisaa.

Qaroomman ummattoota Giriikiifi Roomaa durii addunyaa irraa sadarkaa ol'aanaa irra kan ture dha. Ummattoonni Giriikiifi Roomaa durii qaroomman hedduu waliin waan qabaniif qarooma Giriiko-Roomaa jedhamee waamama.


A) Qarooma Giriik Durii

Qaroomni Giriik durii bara 3000 Dh.K.D naannoo galaana Eejiyaan jedhamutti kan dagaagedha.Giriik biyya isaanii 'Hellaas' yoo jedhan, ummata isaanii immoo 'Helanoota' jechuun waamu ture.Bifuma walfakkaattun qarooma Giriik durii qarooma Helanootaa jechuun kanneen barreessanis jiru. Hundeeffama qarooma Giriikiif bu'uura kan ta'e qarooma Kireet durii dha.Magaalaan Kireet galaana Meditraaniyaa keessatti kan argamu ture. Haata'u malee, magaalaan Kireet guutummaan addunyaa kana irraa dhabamtee jirti. Qaroomni Kireet durii maqaa qarooma Minoos jedhamuunis kan beekamu ture.

Giriik durii madda qarooma adda addaati. Qaroomman adda addaa yeroo sanaa keessaa isaan beekamoo yaadota akka dimookiraasii, maaraatoonii, falaasama, herrega, baayolojii, qorannoo dawaafi seenaa barreessuu fa'i. Dabalataanis, ogummaawwan akka halluu dibuu, bobboca adda addaa qopheessuu, fakkii kaasuu, walaloo barreessuufi hojii faayaatiin daran

beekamoodha.

Ummanni Giriik durii ijaaarsa adda addaan addunyaa irraa beekamoo turan. Akkasumas, amantii isaanii jabeeffachuu irratti baay'ee cimoo turan. Keessattuu, ogummaa bobboca amantii isaanii wajjiin walqabatan qopheessuufi kadhannaa guyyoota ayyaanaa gaggeessuunis ni beekamu. Gaddaafi gammachuu kan ittiin ibsatan faayaa adda addaa fayadamaa turan.



Fakkii 4.1.3 Ijaarsaafi bobboca Giriik durii agarsiisan

Gaaffii armaan gadii hojechuun barsiisaa/ttu keessanitti agarsiisaa

- Garee miseensota afur afur qabu hundeessuun meeshaalee manaa bara qarooma Giriik durii itti tajaajilamaa turan keessaa fakkeenyaa fakkii 4.1.3 armaan olitti mul'atan irraa ilaaluun wantoota naannoo keessanitti argaman irraa hojjedhaa agarsiisaa.

Giriik durii addunyaa irraa qarooma baay'ee ittiin beekaman yaada dimookiraasii maddisiisudhaan. Jechi dimookiraasii jedhus qarooma Giriik durii irraa kan maddedha. Jechi Dimookiraasii jedhu jecha tishoo

Afaan Giriik yoo ta'u jechoota Dimoofi Kiraatos irraa kan ijaaramedha. Haaluma kanaan jechi *"Dimoo"* jedhu ummata jechuu yoo ta'u jechi "*Kiraatos*" immoo aangoo kan agarsiisudha.Walumaagalatti qarooma bara Giriik durii keessatti "*Dimookiraatos*" jechi jedhu bulchiinsa ummataa jechuudha.

Dimookiraasiin Giriik durii bulchiinsa Dimookiraasii ammayyaa waliin tokkummaafi garaagarummaa adda addaa kan qabudha. Tokummaa lamaan isaanii qaban keessaa: dhimmoota adda addaa irratti ummata hirmaachisuun, ofiin akka murteeffatan taasisuu, sagalee caalmaaf bitamuufi aangoon seeraan daangeffamaa ta'u fa'i. Akkuma waantota adda addaa irratti walfakkaatan, karaa biraa immoo garaagarummaa ni qabu. Garaagarummaa Dimookiraasii Giriik duriifi Dimookiraasii ammayyaa gidduu jiran gabatee kanaa gadii keessatti gabaabinaan tarreeffamanii jiru.

Dimookiraasii Giriik durii	**Dimookiraasii ammayyaa**
• Ummanni kallattiin keessatti hirmaatu	• Ummanni karaa bakka bu'ootaan hirmaannaa taasisu
• Dhiiroota ga'eessa ta'an qofaatu hirmaatu	• Mirga hirmaachuu lemmiilee hundaaf kenna
• Lammiilee hundaa hin hirmaachisu.	• Lammiileen hundi waggaa18 ol ta'an ni hirmaatu.

Giriik durii hayyoota hedduu addunyaa irratti hojii garaagaraan beekaman qabu ture. Isaanis: Heerodootas bara (484-425Dh.K.D) seenaa barreessaa waan tureef Abbaa seenaa jedhamee waamama. Hippookiraates bara (460-357 Dh.K.D) abbaa qorannaa dawaa adda adda nama turedha. Akkasumas, Hoomer barreessaa walaloo beekamaa bara sanaa kan turedha. Dabalataan, Sokiraates (470-399 Dh.K.D), Pilaato (427-347Dh.K.D)fi Aristootil

(384-322Dh.K.D) qarooma Giriik durii keessatti hayyoota gahee ol'aanaa addunyaaf gumaachanidha.

Qaroomni Giriik durii qarooma magaalotaa jedhamuun beekama. Sababni isaas, magaalonni hundinuu bulchiinsa mataa isaanii waan qabaniifidha. Magaalonni Giriik durii Poolis jedhamun waamamu ture. Bulchiinsi magaalootaa Giriik durii gandoota baadiyyaas nidabalata ture. Gandoonni baadiyyaa kunniin qonnaan jiraatu ture.Qonnaan bultoonni kunis, madda galii mootummoota magaalaa Giriik ta'un utubaa turanii jiru. Dabalataan, magaalonni Giriik durii hojii daldalaa keessaafi alaan galii isaanii gabbifataa turanii jiru.

Magaalonni gurguddoo bara sanaa Ateensiifi Ispaartaa jedhamu.Ateensi magaalaa guddoo waan taateef akka wiirtuu bulchiinsa Giriik durii ta'etti fudhatamaa turte. Magaalonni Giriik durii amaloota adda addaa qabu. Amaloota kanneen keessaa walwaraanuun isa tokkodha. Fakkeenyaaf, magaalonni Ispaartaafi Ateensi yeroo hedduu walwaraanaa turanii jiru. Sababa yeroo adda addaa, lola walirratti bananiif dallaa tajaajila diina of irraa ittisuuf oolu magaalota isaanitti marsanii ijaaraa turan.

Mootummaan Ispaartaa dubartoota waraanaaf leenjisuun beekama. Haaluma kanaan, dubartoonni waraana garaagaraa iratti hirmaataa turaniiru. Giriik durii biyyoota akka Misir (332Dh.K.B.) irratti waraana banuun weerara gaggeessaa turte. Barreessittoonni adda addaa hawaasa magaalota Giriik durii kanneen lola jaalatan jechuun ibsu.

Dhumarratti, qaroomni Giriik durii sababa waraana adda addaatiin dadhabaa dhufuun humnoota alaa ofirraa ittisuu hin dandeenye. Haaluma kanaan qaroomni Girriik durii sababa weerara Pershiyaanootaan jaarraa 6^{ffaa} Dh.K.B barbadaa'uu danda'eera.

B) Qarooma Roomaa Durii

Qaroomni Roomaa durii bara 753 Dh.K.D. sulula laga Tibar, hadhuura Xaaliyaan ammaa keessatti Laatinootaan jalqabamee kan dagaagedha. Roomaanoonni qarooma Giriik duriifi qarooma ofii isaanii itti dabaluun addunyaaf gummacha ol'aanaa taasisanii jiru. Qarooma Roomaa keessaa isaan gurguddoo yaadota akka Rippaaplikii, seera, diraamaa, tiyaatiraafi barnoota ofkeessatti hammata. Barnoonni Roomaa durii irra caalaan ogummaa barreessuufi dubbisuu irratti xiyyeeffata. Qubeen ittiin barreessaa turan Laatinii yoo ta'u, yeroo ammaa afaan Oromoo dabalatee afaanoonni hedduu qubee kanaan tajaajilamaa jiru.

Hojii daandii, ujummoo bishaanii diriirsuu, riqqicha ijaaruufi magaalota isaanii mimmiidhagsuun baay'ee beekamoo turan. Qarooma balfaa dhangala'oo ittiin dhabamsiisan kalaquun itti fayyadamaa turaniiru. Gama biraatiin, bara qarooma isaanii bulchiinsi Rippaablikiifi Seeronni Roomaa durii baay'ee cimoo turan. Kanaafis, mootonni Roomaa durii sodaatamoo turan. Bulchiinsi Rippaablikii Roomaa bara 509 Dh.K.D hundaa'e. Caasaan bulchiinsa Rippaablikii **Seenetiin** kan hogganamu yoo ta'u **Konsuloota** lama of jalatti qabata. Seenetiin qaama ol'aanoo, miseensonni isaanii umrii guutuu tajaajiluuf kan filatamanidha.

Miseensa Seenetii kanaa ta'u kan danda'an namoota beekamoo, hayyootaafi namoota hawaasa keessatti fudhatama guddaa qabanidha. Haata'u malee, miseensi hundi gosa gulataa ol'aanaa irra jiran, **Patirishiyaanota** keessaa qofa filatamu. Konsulonni lamaan garuu turtii waggaa tokko qofaaf filatamu. Bara bulchiinsa Rippaablikii keessatti murtii gurguddoo kan dabarsuufi seera baasuu miseensota Seenetiidha.

Akka waliigalaatti, hawaasni Roomaa gulantaalee adda addaatti qoodamu. Isaan keessaa beekamoon garuu **Patrishiyaanootaafi Pilibiyaanoota**

kanneen jedhamanidha. Patirishiyaanonni hawaasa dur irraa kaasee hoggansaafi qabeenyaan sadarkaa ol'aanaa irra jiranidha. Pilibiyaanoonni hawaasa baay'inaan caalmaa qabanidha. Isaanis, qaamaa hawaasaa gibiraafi qonnaan mootummaa dirqamaan utubanidha.

Mootummaan Roomaa naannoo galaana Meditraaniyaatti humna daldalaafi raayyaa waraanaa cimaa hundeessee ture. Haaluma kanaan hanga kaaba Afrikaa, Kaarteej duriitti bulchiinsa isaa humnaan diriirafatee ture. Fakkeenyaaf, bara 216-146 Dh.K.D. kaaba Afrikaa yeroo adda addaatti humnaan qabachuu danda'eera. Akkasumas, gara Misiriifi naannoo isaatti duuluun ol'aantummaa siyaas-dinagdeefi mootummaa Roomaa cimsataa ture. Ciminni Roomaa durii hanga dhumaatti itti fufuu hindandeenye. Sababni isaas, aangoo irratti walii galuu dhabuun wal waraansa yeroo dheeran booda Roomaan diigamuuf dirqame.

Haaluma kanaan hanga bara 27 Dh.K.D sirni Rippaablikii bulchiinsa hawaasaa ture diigamuun Roomaan sirna Impaayeraa jalatti kufuuf dirqamte.Bara kanaan booda, waggoota 200f yeroon Roomaan deebi'ee guddina sadarkaa ol'aanaa irra gahee ture.Sababa kanaaf **Roomaa Guddoo (Pax-Romana)** jedhamuun kan beekamu ture.Haata'umalee, jaarraa 4^{ffaa} irraa eegalee rakkoo keessoofi alaan ol'aantummaan Roomaa yeroo xumuraaf dadhabuu danda'eera. Haala kanaan bara 396 Dh.K.B.bakka lamatti foxxoquun Impaayera Roomaa lixaafi Impaayera Roomaa bahaa jedhamuun ijaaraman. Bara 476 Dh.K.B Roomaan lixaa guutumaan gosoota Jarmaniin yoo barbadaa'u, Roomaan Bahaa garuu maqaa Baayzantaayin jedhamuun hanga bara 1453 tti ol'aantummaa isaa itti fufisiisuu danda'eera.

4.1.4. Ka'umsaafi Babal'achuu Amantii Kiristaanaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Hordoftoonni amantii Kiristaanaa maal jedhamu?
2. Mootonni Roomaa durii amantii Kiristaanaa mirga maalif dhorkate?
3. Amantiin Kiristaanaa eessattti akka jalqabameefi akkamitti babal'achuu akka danda'e irratti mari'adhaa.

Amantiin Kiristaanaa jaarraa 1^{ffaa} Dh.K.B. baha giddugaleessaatti naannoo yeroo ammaa Filisxeemiifi Israa'el jedhamanitti, hordoftoota Kiristoosiin jalqabame. Hordoftoonni amantii kanaa Kiristaanota jedhamu. Maqaan kunis jecha Giriik irraa kan fudhatamedha. Jechi Kiristoos jedhu yaada Massiihi jedhu kan qabu, hiikni isaas baraaruu jechuudha. Kitaabni ittiin bulmaata amantii kanaa kitaaba Qulqulluu jedhama. Hordoftoonni amantii kanaa qajeeltoowwan Kitaaba Qulqulluu keessa jiraniin hogganamu.

Amantiin Kiristaanaa jaarraa 1^{ffaa} irraa hanga jaarraa 4^{ffaa} Dh.K.B rakkoo gurguddoo keessa darbee jira. Sababni isaas, mootonni Impaayera Roomaa durii barnootaafi hordoftoota amantii Kiristaanaa hadheeffatanii waan jibbaa turaniifidha. Keessattuu, barnoota amantii Kiristaanaa "*namni hundi walqixa*" jedhee lallabu, mootota Roomaa durii biratti fudhatama argachuu hin dandeenye.

Bara bulchiinsa Roomaa jaarraa 1^{ffaa}-4^{ffaa} gidduutti hordoftoonni amantii Kiristaanaa harki caalaan hawaasa hiyyeeyyii Roomaati.Haala kana irraa kan ka'e, mootonni Roomaa durii Kiristaanonni nuuf ajajamuu irraa Iyyasusiif ajajamuu caalsifatu yaada jedhuun hordoftoota irratti dhiibbaa dhaqqabsiisaa turan. Haaluma kanaan, mootonni Roomaa Kiristaanota irratti tarkaanfii sukkanneessaa fudhachaa turaniiru. Sababa kanaan hordoftoonni amantii Kiristaanaa baay'een biyyaa baqataniiru,hedduun isaanii immoo ajjeefamaniiru.

Dhiibbaa mootonni Roomaa amantii Kistaanaa balleessuuf taasisaa turan osoo hin milka'iin hafee jira. Hordoftoonni amantii Kiristaanaa daran cimaa waan dhufaniif mootonni Roomaa abdii akka kutatan taasiseera. Kanaaf, bara 312 Dh.K.B mootiin Roomaa beekamaa Konsitaantaayin guddichi amantii Kiristaanaa fudhate. Mootiin kunis, amantiin Kiristaanaaf mirga guutuu kennee jira. Suuta suuta amantiin Kiristaanaa amantii mootummaa Roomaa ta'u danda'e. Haaluma kanaan, bara dukkanaa (500-1000) Dh.K.B keessa amantiin Kiristaanaa (Kaatolikii) mootummaa Roomaa bakka bu'uun biyya bulchuu danda'eera.

Adeemsa keessa amantiin Kiristaanaa baabal'achuu danda'eera. Bara giddugaleessaa (500-1500) Dh.K.B amantiin Kiristaanaa Awurooppaatti ol'aantummaafi fudhatama guddaa argatee jira. Akkasumas, gara Afrikaa, Eeshiyaa, Amerkaa kaabaafi kibbaatti babal'acchuu danda'eera. Bara 332 Dh.K.B mootiin Aksum amantii Kiristaanaa fudhateera. Bifuma kanaan , mootiin Aksum Izaanaan(320-350)Dh.K.B amantii Kiristaanaa naannoo kanatti akka babal'atuuf gahee ol'aanaa taphateera.

Ummanni Nuubiyaafi Misir durii amantii kana babal'isuu keessatti gahee ol'aanaa qabu. Jaarraa 6^{ffaa}fi 7^{ffaa} keessa Mootummaan Nuubiyaa amantii Kiristaanaa akka babal'atu taasiseera. Akkasumas, mootummaan Misir durii amantii Kiristaanaa naannolee adda addaatti babal'isaniiru. Haa ta'u malee, akka waliigalaatti amantiin Kiristaanaa ardii Afrikaa keessatti daran kan babal'ate bara dhufaatii Misiiyoonotaan (jaarraa16^{ffaa} -18^{ffaa}) boodadha.

Gilgaala 4.1 Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii gabaabaa kenni

1. Barreefamni Mesopotaamiyaa durii maal jedhamuun beekama?
2. Kaayyoo Hamuraabiin seera cimaa tumeef maal sitti fakkata?
3. Qarooma Mesopotaamiyaa, Hindiifi Chaayinaa durii maaliin walfakkaatu? Garaagarummaan isaanii hoo?

4. Bu'aawwan qarooma Giriiko-Roomaa tarreessi.
5. Sululli laggeen gurguddoo qaroomman bara duriif maalif mijaata ta'u danda'an?

4.2. Seenaa Addunyaa Bara Giddugaleessaa

4.2.1. Impaayera Baayzantaayin


Gaaffilee Shaakalaa

1. Impaayera jechuun maal jechuudha?
2. Impaayerri Baayzantaayin naannoo kamitti hundeeffame?

Impaayera jechuun naannoo bal'aa mootii yookaan giiftii (Queen) hogganamudha. Impaayerri Baayzantaayin, Impaayera cimaa dhuma jaarraa 5ffaa hanga 15ffaa naannoo Awurrooppaa bahaa hanga baha giddugaleessaatti bulchaa turedha. Impaayericha kan hundeessee mootii Roomaa durii Konistaantaayin guddicha jedhamudha. Mootichi bara 324 Dh.K.B wiirtuu bulchiinsa Roomaa lixaa gadlakkisuun magaalaa Baayzantim jedhamutu giddugala bulchiinsa isaa godhate. Baayzantim bara 330 Dh.K.B maqaa mootichaatiin moggaafamuun Konistaantinooppil jedhame. Maqaa jijjiirachuun alatti, teessoo bulchiinsa Roomaa bahaa ta'ee jira.

Magaalaan Konistaantinooppil daandii daldalaa ijoo Awurooppaafi Eeshiyaa wal qunnamsiisuu irratti waan argamtuuf guddina dinagdee Impaayerichaaf gumaacha taasiseera. Sochiin daldala naannoo galaana Meditraanyaafi galaanaa gurraachaa guutummaan to'achuun magaalaa Baayzantaayin dinagdeen akka badhaadhu taasiseera. Akkasumas, wiirtuu qarooma Awurooppaa bara giddugaleessaa isa guddaa ta'un kufaatii Roomaa lixaan booda akka qaroomni Roomaafi Giriik itti fufu taasiseera.

Impaayerri Baayzantaayin kallattii adda addaan magaalaa kana irraa babal'achuun gara bulchiinsa mootummaa guddaatti dagaage.Haaluma kanaan, humna waraanaa lafoofi galaana irraa cimaa qaba ture. Haata'u malee, mormiin aangoo bulchiinsa Impaayerichaa qabachuuf taasifamaa ture ulfaataadha. Mootota Baayzantaayin bulchan keessaa Justiiniyaan (527-565 Dh.K.B.) daran beekamaa ture.Impayerrichis sadarkaa ol'aanaa irra kan gahe bara bulchiinsa isaati. Bara bulchiinsa isaa daangaan Impaayerrichaa daran babal'achuun naannoo kibba-baha Awurooppaa hanga Sooriyaafi Libaanos gaheera. Akkasumas, hanga Kaaba Afrikaafi Misir durii to'achuu danda'eera.Haala kanaan, sochiiwwan siyaas-dinagdee naannoo qarqara galaana Meditraaniyaa guutummaan ofjala galchee ture.




Kaartaa 4.2(a) Impaayera Baayzantaayin durii agarsiisu

Bara bulchiinsa isaa seeroota Roomaafi Giriik durii tumaman hedduu isaanii walitti qindeessuun seera Justiiniyaan jedhamu tumamee hojiirra oolee jira.Yaad-rimeen "*Waaqa-Tokko, Impaayera-Tokko, Amantii-Tokko*" jedhus Impaayera Baayzantaayin keessatti akka babal'atu ta'e jira.

Mootonni Baayzantaayin deggarsa mana amantii Kiristaanaa cimaa qabu. Walitti hidhamiinsa amantiifi bulchiinsa mootummaa cimsuun Konistaantinooppil wiirtuu barnoota amantii Kiristaanaafi ogummootaa hedduu turte. Bifuma kanaan, ogummaawwan ijaarsa Masaraa mootummaa, manneen kitaabaafi amantii midhagina qaban baay'inaan ijaaramaniiru. Ogummaa aartii sadarkaa ol'aanaa fayyadamuun fakkiiwwan miira namaa hawwatan, halluu adda adda dibuun beekamoo turan.

Ogummaa ijaarsaa keessatti hojiiwwan qarooma Giriik-Roomaa, Pershiyaanootaafi Arabootaa fooyyeessuun itti fayyadamaa turaniiru. Keessattuu ijaarsa manneen amantii Kiristaanaa baay'ee midhagaa ta'an ijaarsisuun beekamu. Hojii kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u Bataskaana Hagiyaa Sofiyaa jedhamudha. Bataskaanni kun hojii aartiifi bobboca adda addaa fayyadamuun sadarkaa qulqullina ol'aanaa qabuun kan hojjetamedha.



Fakkii 4.2, (b) Bataskaana Hagiyaa Sofiyaa

Bu'uurri dinagdee Baayzantaayin galii qonnaa, daldalaafi hojii ogummaa adda addaa irraa kan argamudha. Sirni bulchiinsa dinagdee sirna abbaa lafaa yookaan fiwudaalizimii ture. Sirna kana kessatti, lafti kan warra moototaafi hoggantoota sadarkaa ol'aanaati.Qonnaan bultoonni lafa abbootii lafaa irratti hojjechuun jiraatu.Oomisha argatan keessaas harka caalaa abbootii

lafaatiif qoodu.Ogeeyyiin hojii harkaa hojjetanis, ogummaa adda addaa irratti ciminaan hojjechuun bu'aa argatan irraa gibira kaffalu. Daldala daandii naannoo galaana Meditraaniyaa qaxxaamuru irraa galii guddaa argatu.Hojii daldalaa saffisiisuuf qarshii sadarkaa isaa eeggate Warqii, Meetiifi Naasa irraa tolchuun itti fayyadamaa turaniiru. Galiiwwan olitti ibsaman fayyadamuun Impaayerri Baayzantaayin humna siyaas-dinagdee cimaa ta'e hundeessuu danda'eera.

Impaayerri Baayzantaayin mormii keessaafi weerara aalaa bara dheeraaf qolachaa turus, jaarraa7^{ffaa} irraa jalqabee diina isaanii of irraa ittisuu hin dandeenye.Keessattuu, humnoota ol'aantummaan naannoo galaana Meditraaniyaafi galaana diimaa qabachuuf socho'an wajjiin waraana bara dheeraaf gochaa turanii jiru. Haaluma kanaan, yeroo dheeraaf Silaavota, Seljukootaafi Ottoomaan Turkii wajjiin walduraa duubaan wal waraanaa turaniiru. Dhuma irratti waraana Ottomaan Turkii wajjiin bara 1453 Dh.K.B gaggeeffame irratti injifatamee jira.Baruma kana magaalaan Konistaantinooppilis, Turkiin qabamuun wiirtuu bulchiinsa Ottomaan Turkii ta'e, maqaan Konistaantinooppil jedhamu gara Istaanbulitti jijjiiramu danda'eera.

Akka waliigalaatti, Impaayerri Baayzantaayin aadaafi qaroomman Giriiko-Roomaa akka hin dagatamne hojii gudda hojjeteera. Impaayera kana wajjiin sirni bulchiinsa abbaa lafaa dagaageera. Manni amantii Kiristaanaa bulchiinsa mootummaa waliin walitti hidhamuun deggarsa moototaatiin qabeenya guddaa horachuu danda'eera.Ogummawwan qarooma durii hedduun isaanii kan bara giddugaleessaa waliin walitti makamuun bal'inaan bara itti hojiirra oolanidha.

4.2.2.Ka'umsaafi Babal'achuu Amantii Islaamaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Islaama jechuu maal jechuudha ?
2. Baruumsi amantii Islaamaa kan jalqabame eessatti?
3. Amantiin Islaamaa adeemsa akkamiin Itoophiyaatti babal'ate ?

Ummanni naannoo Saa'udii Arabiyaa jiraataa turan baay'een isaanii horsiisee bultoota turan.Naannoon kunis haalli qilleessa isaa gammoojjii waan ta'eef mijataa hin turre. Kanaafuu, ummanni bishaan barbaacha bakka tokkoo gara bakka birootti socho'uun jiraataa turan. Akkasumas, hojii daldalaa irrattis bal'inaan hirmaataa turan. Ummanni naannoo kanaas gosaan qoqqoodamanii bulchiinsa mataa isaanii hundeeffachuun jiraachaa turan.

Amantiin Islamaa bara 612 Dh.K.B Saa'udii Arabiyaa magaalaa Makkaa irraa babal'achu jalqabe. Amantii kana barsiisuufi bababl'isuu kan eegale Nabi Muhammad ture. Kaayyoon barnoota Islaamaa inni guddaa ol'aantummaa Rabbiif bitamuu kan barsiisudha. Akkasumas, dhalli namaa jal'inaafi gochaa hamaa irraa baraaruufi qajeelummaa kan barsiisudha. Yeroo babal'ina amantii Islaamaa kana keessatti hoggantoonni gosa Qureeyish amantii Islaamaa fudhachuu diduun mormuu eegalan. Sochiin mormii kunis hordoftoota amantii Islaamaa irratti miidhaa adda adda dhaqqabsiisee jira. Miidhaafi dhiibbaa warra Qureeyishotaa jalaa baraaramuuf hordoftoonni Islaamaa bara 622 Dh.K.B, Makkaa irraa gara Madiinaatti baqachuuf dirqaman.

Barri godaansa Nabi Muhammadiifi hordoftoonni isaa magaalaa Makkaa irraa gara Madiinaatti taasisan Hijiraa jedhamuun beekama. Bara 622 Dh. K. B irraa jalqabee Hijiraan akka lakkoofsa baraa yookaan Kalandara

Islaamaa ta'un tajaajilaa jira.Musilimoonni magaalaa Madiinaa irratti humna isaanii cimsachuun warra Qureeyishotaa irratti lola bananiiru. Haala kanaan,bara 624 Dh.K.B dirree waraanaa Badir jedhamu irratti injifannoo gonfataniiru.Itti fufuun bara 630 Dh.K.B magaala Makkaa harka Qureeyishotaa jalaa baasun, bulchiinsa Musilimootaa yeroo jalqabaaf hundeessanii jiru.Sanaan booda, baruumsa amantii Islaamaa irratti hundaa'uun bulchiinsa Musilimoota tokkummaafi gurmaa'ina ol'aanaa qabu ijaaruu danda'aniiru. Bulchiinsa kana keessatti Nabi Muhammad hogganaa bulchiinsa siyaasaafi amantii ture.

Bara 632 Dh.K.B erga Nabi Muhammad boqoteen booda kaalifoonni hedduu hoggansan bakka bu'aniiru. Kaalifaa jechuun "Bakka bu'aa" jechuu yoo ta'u bakka bu'aa hoggansa siyaasaafi amantiiti. Kaalifoonni **Arfan Duraa** kaalifoota **Qajeeloo (the Right Caliphates)** jedhamuun beekamu. Isaaniis,**Abuu Bakar**(632-634) **Umar**(634-644), **Usmaan** (644-656)fi **Alii** (656-661)dha.Wiirtuun bulchiinsa Kaalifoota arfanii magaala Makkaa ture.Yeroo bulchiinsa isaanii amantii Islaamaa daran babal'isuufi Impaayera Musilimaa ijaaru keessatti gahee guddaa taphataniiru.

Nabi Muhammad irraa kaasee barumsi amantii Islaamaa Quraana irraa barsiifamuu jalqabe. Barumsa kana irratti hundaa'uun kaalifoonniifi hordoftoonni isaanii jaarraa tokko keessatti amantii Islaamaa addunyaa irratti babal'isaniiru.Tooftaa amantiin Islaamaa ittiin babal'ate karaa nagaafi waraanaatiin ture. Naannoolee amantiin Islaamaa karaa nagaan itti babal'atan keessaa inni tokko gaanfa Afrikaa dha. Gama biraatiin naannoolee gara kaabaafi lixa Afrikaatti, baha Awurooppaa, baha giddugaleessaafi Eeshiyaa kibba-bahaatti immoo karaa waraanaatiin babala'chuu danda'eera.

Akka waliigalaatti, babal'achuu amantii Islaamaa wajjiin ogummaafi

qaroomman hedduu dagaageera.Ogummaa ijaarsa adda addaatiin qaroomman Pershiyaa, Giriik-Roomaafi kan biroos fooyyeessuun akka babal'atuuf gahee ol'aanaa gumaachaniiru.Aadaafi afaan Arabaa qaama amantii Islaamaa ta'un addunyaa irratti babal'ateera. Yeroo gabaabaa keessattis, qarooma hawaasa addunyaa hedduu walitti fidee jira.

Gilgaala 4.2

1. Mootiin Baayzantaayin Justiiniyaa jedhamu maaliin beekama ture?
2. Bu'aawwan qarooma Baayzantaayin tarreessi
3. Amaloota Impaayera Baayzantaayin addeessi
4. Jaarraa 7ffaa keessa amantiin Islaamaa karaa nagaan Itoophiyaatti akka baba'latuuf gahee ol'aanaa kan taphate maalidha?

Cuunfaa

Qaroomman addunyaa durii harki caalaan qarqara laggeeniifi sulula bu'uura kan taasifatanidha. Sababni isaas, biyyeen gabbataafi bishaan gahaa qonnaaf mijitaa ta'e waan qabuufidha. Kana irraa ka'un sululaafi qarqarrii laggeenii wiirtuulee qaroommaniifi ogummoonni adda addaa itti dagaagaa turanidha. Gumaacha qaroomman durii addunyaaf argamsiisan keessaa ragaa kan ta'u qaroomman durii bifaa adda addaan mul'achaa jiranidha. Qorannoon adda addaa akka mul'isutti sululli laggeen addunyaa hedduun dagaagina qarooma duriif bu'uuradha.

Qaroomman addunyaa durii hedduu keessaa kanneen ardii Eeshiyaafi Awurooppaatti dagaagan isaaan gurguddoodha. Isaaniis, qarooma Mesopotaamiyaa, Giriik, Roomaa, Chaayinaafi kan Hindiiti. Qaroomman addunyaa ibsaman kana keessatti, hojiin qonnaa, daldalaa, kalaqaafi ogummoonni adda addaa bara itti dagaaganidha. Akkasumas, qaroomman kanneen keessatti yaad-rimee akka Dimookiraasii, Rippaablikii, seera, qorannoo dawaa, barreeffamootaafi bobboca fa'i. Akkasumas, barnoota saayinsii bara ammayyaatiif bu'uura kan ta'an akka herrega, qorannoo hawaa, tiyaatiraafi ogummaa daandii hojjechuufi ijaarsa adda adda akka fakkeenyaatti fudhahuun ni danda'ama.

Amantiin Kiristaanaa jaarraa1ffaa Dh.K.B. baha giddugaleessaa naannoo yeroo ammaa Filisxeemiifi Israa'el jedhamanitti, hordoftoota Kiristoosiin jalqabamee gara biyyoota adda addaatti babal'ate. Gama biraan,immoo amantiin Islamaa bara 612 Dh.K.B Saa'udii Arabiyaa magaalaa Makkaa irraa gara biyyoota addunyaa hedduutti babal'achu danda'eera.

Gaaffilee Xumura Boqonnichaa

I. Gaaffilee armaan gadii sirrii "Dhugaa" kan sirrii hintaane immoo 'Soba' jechuun deebisi

1. Qonni bu'uura qarooma bara durrii hundaati.
2. Barreeffamni Mesopotaamiyaa durii hayiroogiraafiksii jedhama.
3. Amantiin Islaamaa naannoo gaanfa Afrikaatti karaa nagaan babal'ate.
4. Hoggantoonni Baayzantaayin amantii Kiristaanaa babal'isuu keessatti gahee guddaa taphataniiru.
5. Qarooma jechuun aadaa, ogummaafi muuxannoo hawaasni tokko jiruuf jireenya isaa ittiin gaggeffataa turedha.

II. Yaadota roga 'B' jala jiran kan 'A' jala jiran waliin walitti firoomsi

A	B
1. Mesopotaamiyaa	A. Konistaantinooppil
2. Hindii durii	B. Rippaablikii
3. Chaayinaa durii	C. Dimookiraasii
4. Baayzantaayin	D. Logoogiraafiksii
5. Roomaa durii	E. Kuniformi
6. Giriik durii	F. Haraappaa
	G. Makkaa

III. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii sirrii filadhuu deebisi

1. Qaroomni Mesopotaamiyaa qarqara laggeen kam keessatti dagaage?
   A. Induusiifi Gaanjees
   B. Ifraaxesiifi Tigiriis
   C. Yaangi Tiziifi Huwaang-Hoo
   D. Naayiliifi Tigiriis

2. Mootii Mesopotaamiyaa seera labsuun beekamuu isa kami?
   A. Justiiniyaan guddicha
   B. Heerodootas
   C. Hamuraabii
   D. Konsitaantaayin guddicha
3. Qarooma durii keessaa sa'aatii bishaaniin hojjetu eessatti kalaqame?
   A. Giriik durii keessatti
   B. Hindii durii keessatti
   C. Chaayinaa durii keessatti
   D. Mesopotaamiyaa durii keessatti
4. Impaayerri guddaan naannoo galaana Meditraaniyaa jaarraa (5-15) ffaa bulchaa ture isa kami?
   A. Baayzantaayin
   B. Roomaa Lixaa
   C. Giriiko -Roomaa
   D. Impaayera Moongoliyaa
5. Namoota beekamoo bara qarooma Giriik durii keessaa "**Abbaa seenaa"** jedhamuun kan beekamu;-
   A. Pilaatoo
   B. Hippookiraates
   C. Heerodootas
   D. Sokiraates
6. Qarooma durii keessaa kan dhiibbaa alaa irraa caalmaan bilisa ta'e isa kami?
   A. Chaayinaa
   B. Hindii
   C. Giriik
   D. Roomaa

BOQONNAA 5

SEENAA AFRIKAA DURII

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa:

- Qaroomman Afrikaa durii ni tarreessita
- Hundeeffama seenaa qarooma mootummaa durii ni xiinxalta
- Qarooma mootummaa Nuubiyaa durii adda taasisan ni hubatta
- Amaloota gurguddoo qarooma Nuubiyaafi Mero'e ni xiinxalta
- Haalota mootummoota Afrikaa sirna koloniin duraafi boodaa walbira qabdee ni xiinxalta.

Seensa

Qaroomman biyyoota addunyaa adda addaa akkamiin akka jalqabamaniifi gumaacha isaan hawaasa addunyaaf taasisan boqonnaa afur keessatti hubatte jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo qaroomman Afrikaa durii keessaa, kan Misir, Nuubiyaafi Mero'e baratta. Qaroomman sadeen kunniin Afrikaa keessaa isaan beekamoofi kan jalqabaati. Qaroomni Misir durii kaaba baha Afrikaatti kan dagaage yoo ta'u, kan Nuubiyaafi Mero'e immoo naannoo amma biyya Sudaan jedhamutti kan hundeeffamanidha.

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamu qabu:

- Qaroomni Misir durii addunyaaf gumaache ni tarreessita
- Amaloota gurguddoo qarooma Nuubiyaafi Mero'e durii ni xiinxalta
- Haalota mootummoota Afrikaa sirna koloniin dura turaan ni ibsita
- Faayidaa qarooma sibiila baqsuun qabu ni addeesita.

5.1 Mootummaa Misir Durii

Gaaffilee Shaakalaa

1.Mootummaan Misir durii Ardii Afrikaa naannoo kamitti argama ture?

2. Qarooma Misir durii ittiin beekamu maal fa'i?

Mootummaan Misir durii Kaaba Afrikaa naannoo sulula laga Naayil keessatti kan hundeeffamedha. Kanaafuu, bu'uurri qarooma Misir durii sulula laga Naayil irraa kan madde yoo ta'u, Naayil jechuun afaan Giriikiin Sulula jechuudha. Akka barreessaan seenaa Giriik durii Heerodootas ibsetti, Misir (Egypt) jechuun kennaa laga Naayil jechuudha. Kana jechuun, hundeeffamaafi dagaagginni qarooma Misir duriif sababni ijoon Laga Naayilidha.

Lagni Naayil dagaagina qonna Misiri duriifi qaroomman adda addaaf bu'uura kan ta'edha. Ummanni Misir qonnaan bultoota yoo ta'an hojii qonna jal'isiifi horsiisa beeyladootaan beekamoodha. Oomishaalee qonnaa akka talbaa, garbuu, qamadiifi mishingaanis beekamoodha. Haata'u malee, haalli jireenya hawaasa Misir durii sadarkaa qarooma Misir waliin walbira qabnee yoo ilaallu hedduun isaanii hiyyeeyyiidha. Kanaafuu, haalli jireenyaa hawaasa Misir durii harki caalaan rakkisaafi gadaanaa kan turedha.Akka waliigalaatti, hundeeffamni mootummaa Misir duriif

sababni ijoon laga Naayilidha. Kanaafuu, haalli jiruufi jireenyi hawaasa Misir durii laga Naayil waliin kan walqabatu ture.



Kaartaa 5.1 Qarooma Sulula Laga Naayil kan agarsiisu

Qaroomni Misir durii Afrikaa keessatti qarooma jalqabaafi beekamtii guddaa qabudha. Qaroomni kun bara 3,000 Dh.K.D. irraa jalqabee kan hundeeffamedha. Qaroomni Misir addunyaa ammayyaa beekumsaafi ogummaa adda addaa dhaalchisee jira. Isaan keessaa, yaadota akka amantii, qorannoo hawaafi qorannoo dawaa fa'i. Kanaan alattis, ogummoota akka ijaarsa Piraamidii, awwaala, hojii waraqaa, halluu dibuu, ogummaa reeffa namaa gogsanii yeroo dheeraaf tursiisuufi qarooma barreeffamaa fa'i dabalata. Misir durii ogummaa reeffa namaa gogsanii ittiin tursiisan Mummifikeeshiin jedhamuun beekamaa ture. Qarooma Misir durii yaada du'aan booda jireenyi jira jedhu ofkeessaa waan qabuuf namni yoo du'e meeshaalee adda addaa waliin awwaalu ture. Sababni isaas namoonni awwaalaman meeshaalee waliin awwaalaman sanatti ni tajaajilamu jedhanii waan amananiifidha.

Barreeffamni Misir durii hayiroogilifiksii jedhama. Hayiroogilifiksiin meeshaa paappirus jedhamu irratti barreeffama. Barreeffamni kun akkuma ummata Chaayinaa durii mallattoo jecha tokko yookaan yaada tokko bakka bu'utti fayyadamuun tooftaa barreefamudha. Misir durii muuxannoo waraqaa hojjechuufi barreeffama adda addaa barreessuun beekamu. Barreeffamoota isaanii keessaa inni beekamaan 'Za buuk of Za deed (The book of the dead)' kan jedhudha. Kitaabni kunis waa'ee amantii irratti kan xiyyeeffatuufi qabiyyeen ijoo isaas du'an booda jireenyi akka jiru kan ibsudha.



Fakkii 5.1(a) Hayiroogilifiksii Misir durii

Ummanni Misir durii qaroommaniifi ogummoota armaan olitti eeraman qofa osoo hin taane, mootummaa bulchiinsa cimaa qabu ijaarunis beekamoodha. Misir mootummaa tokko jalatti walitti osoo hin dhufiin dura bakka lamatti qoodamanii jiraataa turan. Isaanis:

1ffaa mootummaa Misir laga Naayil gara olitti hundeeffamee turedha. Innis, mootummaa Misir gara ol'aanu (Upper Egypt) jedhamuun beekama. Mootummaan Misir kunis, faajjii Adiidhaan adda baha. Wiirtuun mootummaa kanaas magaalaa Teebis jedhama ture.

2ffaa mootummaa Misir laga Naayil gara gaditti kan hundeeffamedha. Innis, mootummaa Misir gara gadii (Lower-Egypt) jedhamuun beekama.

Mootummaan kunis, faajjii halluu diimaan beekama. Wiirtuun mootummaa kanaas magaalaa Meemfis ture.

Bara 3100 Dh.K.D Misir durii gara olii jiraniifi gara gadii walitti makamuun mootummaa tokkummaa cimaa qabu ijaaraniiru. Haaluma kanaan, mootiin Menaas jedhamu Misir gara olii weeraruun bulchiinsa mootummaa tokko jalatti akka bulan taasiseera. Sanaan booda, mootoonni Misir faajjii lamaan walitti fiduun halluu diimaafi adii fayyadamuu jalqaban. Taateewwan seenaa bu'uura godhachuun seenaan mootummaa Misir bakka sadiitti (3) qoodama.Isaanis:

- Mootummaa Misir bara durii isa jalqabaa (2686-2181) Dh.K.D
- Mootummaa Misir durii bara giddugaleessaa (2049-1730) Dh.K.D fi
- Mootummaa Misir durii bara haarawaa (1150-1080) Dh.K.D.gidduu jirudha.

Mootonni Misiriin hogganaa turan Farahoonota jedhamu. Farahoo jechuun afaan Misir duriin *"Mana Dhagaa"*jechuudha. Farahoononni mootota aangoo guutuu qabaniifi qaroomman hedduu kanneen dagaagsanidha. Bifuma kanaan mootummaan Misir durii aangoo gibira sassaabuufi daldala babal'isuu dhuunfatee turedha. Piraamidoota gurguddoo ijaarsisuufi qonna jal'isiitti hawaasa hirmaachisuun beekamu. Fakkeenyaaf, waggoota 1500 keessatti Piraamidoota baay'inni isaanii 70 ol ijaarsisanii jiru. Baay'een isaanis bara mootummaa Misir durii (Ancient Egypt) kan ijaaramanidha. Piraamidoota kanniin keessaa inni guddaa bara mootii Kuufu (2575- 2465 Dh.K.D) kan ijaaramedha. Piraamidiin kun yeroo ammaa bakka Giizaa jedhamutti argama. Sababa Piraamidoonni Misir keessatti bal'inaan ijaaramaniif ragaan qabatamaa beekamu hinjiru. Haata'u malee, akka ragaaleen tokko tokko ibsanitti sababa amantiifi awwaala mootataaf dhimma itti bahaa akka turan eeru. Akka waliigalaatti qaroomni Misir

durii hawaasa hojiilee gurgudoo hedduu irratti hirmaachisaa kan turedha.



Fakkii 5.1(b) Piraamidoota Misir durii

Hojii piroojektii

I. Gaaffii armaan gadii hojechuun barsiisaa/ttu keessanitti agarsiisaa

- Garee miseensota jaha jaha qabuun gurmaa'uun fakkii piraamidoota armaan olii jiran (fakkii 5.1.b) akka fakkeenyaatti fudhachuun wantoota naannoo keessanitti argaman irraa hojjedhaa agarsiisaa.

Mootummonni Misir durii weerara alaa qolachaa turanii jiru. Haata'u malee, sababa humnoonni alaa baroota dheeraaf Misiriin waraanaa turaniif, qaroomni Misir dadhabuu danda'eera. Weerartonni kunninis ummattoota akka Amoraayiti bara (1800 Dh.K.D), Hititees bara (1289-31 Dh.K.D.), Assiriyaanota bara (670-664 Dh.K.D) Pershiyaanota bara (525-332) fa'idha. Dhuma irratti weerara Giriik bara (332Dh.K.D)fi weerara Roomaanonni bara (30 Dh.K.D - 664 Dh.K.B) gaggeessaniin qaroomni Misir durii akka dadhabuuf sababoota isaan gurguddoodha.

Gilgaala 5.1

I.Gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan dubbisuun hima sirrii 'Dhugaa' kan sirrii hin taane immoo 'Soba' jechuun deebisi

1. Mummifikeeshiniin adeemsa Piraamidoonni Misir ittiin ijaaramanidha.
2. Ummanni Misir bara durii irraa jalqabanii laga Naayil akka kennaa addaa isaaniif qofa kennametti ilaalu.
3. Mootummaan Misir faajjii adii fayyadamaa ture Naayil gara olii kan turedha.
4. Hambaawwan seenaa Misir durii keessatti Piraamidoonni bakka ol'aanoo qabu.

II. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan dubbisuun deebii sirrii kenni

1.Qarooma barreeffama Misir durii maal jedhamuun beekama?

2.Barreeffamni Misir durii meeshaa_____jedhamu irratti barreeffama ture.

3. Qaroomni Misir durii sababa Sulula Naayil irratti dagaaguu danda'eef maali?

4. Mootummoonni Misir gara oliifi gadii turan yoom walitti makaman?

5. Bu'aawwan qaroomman Misir durii keessaa shan tarreessi.

5.2. Mootummaa Nuubiyaa (Kuush) Durii

Gaaffilee Shaakalaa

1. Mootummaan Nuubiyaa durii eessatti akka hundeeffame kaartaa hojjedhuu agarsiisi
2. Bu'aawwan gurguddoo qarooma Nuubiyaa tarreessi?

Mootummaan Nuubiyaa Kaaba baha Afrikaa naannoo Sudaan ammaatti hundaa'e. Mootummaan Nuubiyaa moggaasa maqaa Misirootaatiin Kuush jedhamuun kan beekamu yoo ta'u ummata mootummaa Misiriin gara kibbaa jiran hundaaf maqaa kennamedha. Naannoo bara 2,000 Dh.K.D. wiirtuu Karmaa jedhamutti mootummaan Nuubiyaa, qindoomina qabu ijaarame ture.

Haalli teessuma lafa mootummaa Nuubiyaa walfakkaataa miti. Naannoon bal'aan gammoojjii yoo ta'u horsiisa beeyladaaf kan ooludha. Innis naannoo gammoojjii Nuubiyaa jedhaamee kan beekamudha. Gama biraatiin naannoon gaara Nuubiyaa jedhamus ni jira. Naannoon kun immoo rooba gahaa kan qabudha. Dabalataan, Albuuda akka Warqii baay'inaan iddoo itti argamudha. Kan hafe immoo, naannoo sulula laga Naayil yoo ta'u biyyee gabbataafi bishaan gahaa kan qabudha. Biyyeen gabbataa uumamaan badhaadhe kunis hojii qonnaaf baay'ee mijataadha. Kanaaf, ummanni Nuubiyaa oomishaalee qonnaa adda addaa oomishun dinagdee isaanii cimsataa turaniiru.

Ummanni Nuubiyaa qonna qofa osoo hintaane hojii daldalaa irrattis hirmaataa turaniiru. Daldaltoonni Nuubiyaa hojii daldalaa irratti bobba'an meeshaalee akka ilkaan Arbaa, Warqiifi baallee Guchii biyyoota hedduutti daldalaa turan. Meeshaalee biroos gara Misiriifi hanga galaana Diimaafi naannoo isaatti deemuun daldala daandii (karaa) dheeraa keessatti

hirmaataa turan. Keessattuu, hariiroo Nuubiyaan mootummaa Misir durii isa jalqabaa (Old Dynasty) wajjiin qabdu gara walittidhufeenya siyaas-dinagdeetti guddachuu danda'eera. Sababa hariiroon gaarii kanaan , Nuubiyaan qaroomman Misir durii ofitti fudhachuun kan mataa isaanii waliin walitti makuun qaroomman hedduu dagaagsaniiru. Qaroomman Nuubiyaan Misir durii irraa argatan keessaa muraasni: amantii, bulchiinsaa,bobbocaa,ogummaa aartiifi ijaarsa Piraamidootaa fa'idha. Nuubiyaan qaroomman Misir irraa fudhatan kanis aadaa isaanii waliin walitti makuun itti fayyadamaa turaniiru.



Fakkii 5.2, Ijaarsa adda addaafi bobboca Nuubiyaa durii

Mootummaan Misir bara 1500 Dk.K.D Nuubiyaa weeraruun qabatee jira. Mootummaan Nuubiyaa Misir jalatti kufuun naannoo waggoota 400f kutaa bulchiinsa Misir ta'uf dirqame. Haata'u malee, naannoo bara 1100 Dh.k.D motummaan Misir laafaa waan deemeef, Nuubiyaan dhiibbaa Misir jalaa ba'u danda'eera. Haaluma kanaan, bara 750 Dh.K.D immoo Nubiyaan Misiriin of jala galchuun bulchuu jalqabe.Mootonni Nuubiyaa Misiriin qabatan bulchiinisa sanyii mootii 25^{ffaa} jedhamun kan beekamudha.

Booda irratti bara Assiriyaanoonni Misir weeraran ummanni Nuubiyaa Misir gadi lakkisanii bahuuf dirqaman.Ummanni Nuubiyaafi Mero'e tokko ta'u isaanii ragaan gahaa jiraachuu baatus yeroo kanatti gara kibbaatti kan

deebii'an ummattoota lameen (Nuubiyaafi Mero'e) maqaan eeramanidha. Haala kanaan, ummanni Nuubiyaa wiirtuu isaanii gara giddugaleessa Rippaabliki Sudaan ammaatti jijjiiratan. Ummanni Mero'e garuu daran gara kibbaatti fagaachuun magaalaa Mero'e hundeessan. Kana booda mootummaan Nuubiyaa daangaa isaa hanga laga Atibaaraatti babal'isuun bulchiinsa isaa cimsatee ture. Bulchiinsi mootummaa kanaas hanga dhufaatii amantii Kiristaanaafi Islaamaatti mootummaa cimaa kan turedha.

Gilgaala 5.2

I.Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kenni

1. Kufaatii mootummaa Nuubiyaaf sababa ijoo adda baasii ibsi
2. Bu'uurri dinagdee mootummaa Nuubiyaa maal ture?
3. Mootonni Nuubiyaa sanyii 25ffaa Misir bulchaa turan ummattoota Kuush maaliif jedhamu ture?
4. Hariiroo qarooma Nuubiyaafi Misir waliin qaban ibsi.

5.3 Qarooma Mero'e Durii

Gaaffilee Shaakalaa

1.Adeemsa hundeffama qarooma Mero'e maaltu adda taasisa?

2. Qaroomman Mero'e ittiin beekaman tarreessi.

Ummanni Mero'e bara 1000 Dh.K.D. hanga bara 730 Dh.K.D naannoo Nuubiyaa durii keessatti hundeeffame. Mootummaan Mero'e maqaa Kuush jedhamuun bulchaa akka ture ragaaleen ni ibsu. Haata'u malee, babal'achuu mootummaa Misir irraa kan ka'e yeroo dheeraaf Misir jalatti bulaa turan.Bara 730 Dh.K. D ummani Mero'e mootummaa Nuubiyaa waliin ta'un aangoo siyaasaa to'achuun naannoo waggaa 60f Misir bulchuu danda'aniiru.

Dhufaatii Assiriyaanotaan booda garuu gara kibbaatti dheessuun wiirtuu isaanii lammaffaa kan taate Mero'e hundeessan. Kanaaf, bulchiinsi Mero'e bara 593 Dh.K.D. hanga bara 330 Dh.K.B wiirtuu kana irraa maqaa Mero'e jedhuun bulchaa ture. Ummanni kun wiirtuu isaanii Misir irraa daran gara kibbaatti fageessuun sababoota hedduu of keessaa qaba.Isaanis:


- Rorroofi dhiibbaa mootummaa Misir irraa fagaachuuf. Mootummaan Misir waraana isaan irratti labsaa waan tureef Misir irraa fagaachuu akka furmaataatti fudhatan.
- Naannoo qilleensa baramaa jireenyaaf mijataa ta'e barbaaduuf. Lafa gammoojjii naannoo kaabaa irraa gara lafa margaafi bosona Savaanaatti godaanuun bu'aa dinagdee guddaa waan qabuufidha.

Bulchiinsi wiirtuu isaa magaalaa Mero'e taasifate kun qarooma gurguddoo addunyaaf gumaachee jira.Isaanis: hojilee Sibiila baqsuu, hojii supheefi hojii mukaan fa'i. Meeshaalee manaa supheefi muka irraa hojjechuun itti fayyadamaa turan.

Hojii sibiila baqsuutiin daran beekamoodha. Haala kanaan ummanni kun meeshaalee akka haadduu, eeboo, halbeefi sibiila qara qaban adda addaa tolchuun beekamoodha. Sababa qarooma sibiila baqasuun sadarkaa ol'aanaa irra gahaanii turaniif, Mero'e maqaa "Wiirtuu *Industirii Sibiilaa Afrikaa kaaba-bahaa"* jedhu kennameefii jira. Ragaaleen seenaa hedduu akka eeranitti, Mero'e hojii sibiila baqsuu dursanii akka eegalan dhugoomsu. Hambaaleen seenaa qorannoon irratti gaggeeffamanis kanuma mirkaneessu.

Mero'e daldalaafi horsiisa beeyladootaanis beekamoo turan. Meeshaalee sibiila irraa hojjetaman olitti ibsaman gara naannoo adda addaatti gurguruun galii argataa tura. Mero'e hariiroo daldalaa gara kaabaatti Misiriifi Nuubiyaa waliin qaban cimaa ture.Kallattii biroon immoo gara

bahaatiin hanga mootummaa Aksumiifi galaana Diimaa ga'uutti daldalaa turan. Haala kanaan bulchiinsi Mero'e hariiroo daldalaa naannoolee adda addaa waliin hundeessuun galii cimsataa turaniiru.



Fakkii 5.3,Piraamidoota bara Qarooma Mero'e Durii

Mero'e qarooma akka bobboca adda addaa qopheessuu, halluu dibuufi ijaarsa Piraamidootaanis beekamoodha. Muuxannoo adda addaa ummata Misiriifi Nuubiyaa irraa argatan kan ofii wajjin walsimsiisuun itti fayyadamaa turan. Keessattuu ijaarsa Piraamidiifi bobboca adda addaa hojjechuun naannoo jireenya isaanii hawataa taasisaa turan.Iddoo dhimma amantii itti raawwataniifi manneen mootota isaanii sadarakaa qulqullina isaa eeggateen ijaaru. Ijaarsa kanas halluu dibuun bobboca adda addaan bareechu.

Dorgommiin siyaas-dinagdee mootummoota naannoo wajjiin jiru cimaa ture. Dorgommiin kun daran kan hammaate jaarraa 3^{ffaa} boodadha. Haaluma kanaan bara 350 Dh, K.B mootummaan Aksum Mero'e irratti weerara gaggeessuun magaalaa Mero'eefi qarooma isaanii barbadeesseera. Kana booda, ummanni Mero'e kallattii adda addaan bittinaa'uuf dirqaman.

Gilgaala 5.3

I . Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kenni

1. Hariiroo mootummaa Nuubiyaafi Mero'e qaban xiinxalii barreessi.
2. Ogummaa addaa Mero'e ittiin beekamtu barreessi.
3. Bu'uurra dinagdee qarooma Nuubiyaafi Mero'e walbira qabuun ibsi.
4. Hariiroo qarooma Misir durii, Nuubiyaafi Mero'e qaban tarreessi.

Cuunfaa

Qaroomman Kaaba-bahaa Afrikaa durii keessaa qaroomni Misir, Nuubiyaafi Mero'e isaan gurguddoodha. Qaroomni Misir durii ardii Afrikaatti kan jalqabaati. Innis, kan hundeeffame bara 3,000 Dh.K.D. dha. Qaroomni Misir ogummoota akka Piraamidii ijaaruu, awwaala irratti ijaarsa adda addaa dhaabuu, amantiifi ogummaa barreeffamaan beekama. Haata'u, malee qaroomni Misir durii jaarraa 7^{ffaa} irraa eegalee sababa weerara Assiriyaanootaa, Peershiyaanotaa, Giriikiifi Roomaanotaan kufuu danda'eera.

Mootummaan Nuubiyaa naannoo amma Kaaba-baha Sudaanitti kan hundaa'edha. Haaluma kanaan, adeemsaan gara giddugaleessa Sudaan yeroo ammaatti babal'achuu danda'eera. Nuubiyaa suuta sutaan mootummaa Misir durii jalatti buluu dirqamee ture. Haa ta'u malee bara 730 hanga 640 Dh.K.D mootummaa Misir durii to'achuu danda'ee ture. Qarooma Nuubiyaa durii keessaa isaan gurguddoo: hojii ijaarsaafi bobboca adda addaa, daldala, horsiisa beeyladootaa fa'i.

Ummanni Mero'e durii Misir jalatti waggaa dheeraaf bulaa turee jira. Booda irra garuu, ummanni Nuubiyaafi Mero'e bara 730-640 tti

mootummaa Misir to'achuun waggaa 60f bulchaniiru. Haata'u malee, bara Assiriyaanoonni mootummaa Misir weeraran ol'aantummaan Nuubiyaafi Mero'e Misir irratti qaban itti fufuu hindandeenye. Dhuma irratti Misir keessaa bahuun gara kibbaatti baqachuun wiirtuu haaraa Mero'e jedhamu hundeessan. Bara 593 Dh.K.D hanga bara 350 Dh.K.B. naanno kana bulchaa turan. Haala kanaan qarooma mataa isaanii kan akka hojii sibilaa(sibiila baqsuu)fi daldala dagaasuu danda'aniiru. Haata'u malee bara 350tti weerara mootummaa Aksumiin diigame.

Gaaffilee Xumura Boqonnicha

I. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan dubbisuun deebii sirrii filadhuu deebisi

1. Seenaa qarooma Afrikaa durii keessatti kaaba baha Afrikaatti wiirtuu Industirii sibiilaa jedhamuun beekamu isa kami?
   A. Misir
   B. Aksum
   C. Mero'e
   D. Nuubiyaa
2. Kufaatii mootummaa Misir duriif sababa kan ta'u isa kami?
   A. Weerara Assiriyaanotaa
   B. Weerara Giriik
   C. Weerara Romaanotaa
   D. Hundinuu deebiidha
3. Mootummaa Misiriifi Nuubiyaan durii hariiroo gama kamiin qabu ture?
   A. Daladala
   B. Aadaa
   C. Siyaasaa
   D. Hundinuu deebiidha

4. Mootummaa Mero'e bara 350 Dh.K.B. wareeruun kan kuffise isa kami?
   A. Nuubiyaa
   B. Aksum
   C. Misir
   D. Kuush
5. Bu'aa qarooma Misir durii kan ta'e filadhu
   A. Hayiroogilifiksii
   B. Piraamidoota
   C. Mala mummifikeeshinii
   D. Hundinuu deebiidha

II. Yaadota roga 'B' jala jiran kan 'A' jala jiran waliin walitti firoomsi

A	B
1. Qarooma Nuubiyaa	A. Mootummaa Aksumin barbadaa'e
2. Qarooma Misir	B. Assiriyaanootaan to'atamera
3. Qarooma Mero'e	C. Qarooma Kuush
4. Damee qonnaa	D. Bittaafi gurgurtaa
5. Damee daldalaa	E. Beeylada horsiisu
	F.Aduulis

III. Gaaffilee armaan gadii jiraniif barreeffama gabaabaan deebisi

1. Bu'aawwan gurguddoo qaroomman Misiriifi Mero'e durii walbira qabuun qaaccessi.
2. Qoqqoodama hawaasaa bara bulchiinsa mootummaa Misir durii keessa turan barreessi?

BOQONNAA 6

SEENAA MOOTUMMOOTAAFI UMMATTOOTA ITOOPHIYAA BARA DURIIFI GIDDUGALEESSAA

Bu'aawwan Barnoota Boqonnichaa:

- Qarooma Itoophiyaa bara durii ni tarreessita
- Seenaa qaroomaa Aksumiifi Zaaguwee ni xiinxalta
- Ka'umsaafi babal'achuu Sulxaanota Muslimaa Itoophiyaa ni addeessita
- Taateewwan seenaa Gondor ni ibsita
- Sochiilee dinagdee Itoohiyaa bara duriifi giddugaleessaa ni hubatta.

Seensa

Seenaan Itoophiyaa ramaddii barootaa irratti hunda'uun bakka sadiitti qoodama. Isaanis, seenaa bara durii, bara giddugaleessaafi bara ammayyaati. Boqonnaa kana keessatti, seenaa bara duriifi bara giddugaleessaa gabaabinaan baratta. Seenaa bara durii kan jedhamu bara hundeeffamuu mootummootaa irraa hanga bara 1270 jirudha. Inni kun qarooma duriifi hudeeffamuu mootummoota Aksumiifi Zaaguwee of keessatti qabata. Barri giddugaleessaa immoo seenaa bara 1270 hanga 1855 kan hammatudha. Baroota kanniin hunda keessatti walmoorkiifi sosochii ummattootaa bal'inaan ibsamee jira.

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamu qabu:

- Seenaafi qarooma Itoophiyaa durii ni ibsita.
- Haala hawaas-siyaasaafi dinagdee Itoophiyaa bara duriifi giddugaleessaa ni addeessita.
- Hariiroofi walitti dhufeenya ummattoota Itoophiyaa ni qaacceessita.
- Gahee qonni, daldalaafi ashuuran dinagdee biyyaaf qabu ni ibsita.


6.1. Mootummoota Itoophiyaa Bara Durii

6.1.1. Mootummaa Aksum Durii

Gaaffilee Shaakalaa

1. Waa'ee qarooma Aksum durii waan beektu barsiisaa/ttu keetti himi
2. Kaartaa naannoo gaanfaa Afrikaa kaasuun iddoo Aksum durii turte mul'isi

Aksuum Kaaba Itoophiyaaa har'aatti akka bulchiinsa mootummaa durii, qaroomaafi wiirtuu bulchiinsa siyaasaa qabdu taatee tajaajilaa turte. Akka ragaan tokko tokko ibsutti, Aksum naannoo bara 100 Dh.K.D kan dagaageefi daangaan bulchiinsa isaa immoo jarraa 4^{ffaa}-7^{ffaa} daran kan babal'atedha. Daangaan bulchiinsa mootummaa Aksum yeroo gara yerootti jijjiiramaa ture. Jaarraa 4^{ffaa} hanga 7^{ffaa} keessatti daangaan bulchiinsa Aksum daran babal'ateera. Haaluma kanaan, kaabaan hanga Ertiraa, kibbaan kaaba Shawaa, lixaan Sulula Naayiliifi bahaan immoo hanga galaana Diimaa gaha ture. Bara mootii Izaanaa daangaan Aksum gara lixaatiin hanga mootummaa Mero'e gahee ture. Keessattuu, bara mootii Kaaleeb daangaan Aksum hanga kibba bahaa Arabiyaatti babal'ateera.



Kaartaa 6.1, Argamaafi daandii daldala Aksum durii

Bu'uurri dinagdee mootummaa Aksum qonnaafi daldalaa ture.Aksum jaarraa 4ffaa hanga 7ffaa keessa giddugaleessa daldalaa, barnootaafi amantii ture. Buufatni doonii bulchiinsa Aksum durii Aduulis jedhama.Aduulis qarqara galaana Diimaatti kan argamudha.Mootummaan Aksum hariiroo siyaas-dinagdee cimaa biyyoota hedduu wajjiin qaba ture.Biyyoonni mootummaa Aksum waliin hariiroo qaban kanneen akka Sooriyaa, Misir, Roomaafi Baayzantaayin fa'idha. Aksum gara biyya alaatti Meeshaalee ergaa turte keessaa muraasni: Warqii, faaya adda addaa, bineessotaafi gogaa bineessotaa adda addaa fa'idha.Gara biyya keessatti immoo wayaa, urgooftuufi meeshaalee waraanaa adda addaa fa'idha.

Hawaasni mootummaa Aksum durii gita adda addaatti kan qoodamedha. Caasaa hawaasaa keessatti gitni ol'aanaan hoggantoota bulchiinsaafi amantiiti.Gitni giddugaleessaa ogeeyyii adda addaa, qonnaan bultootaafi daldaltoota ofkeessatti kan hammatudha.Caasaa hawaasaa akka gita gadaanaatti ilaalaman immoo namoota garboota jedhamanidha.Bulchiinsa

mootummaa Aksum durii keessatti qaroomman hedduu dagaagaa turaniiru. Keessattu, ogummaa ijaarsa gamoowwanii, siidaawwan, manneen amantii Kiristaanaafi masaraawwan adda addaa isaan gurguddoodha. Siidaawwan gurguddoo bara qarooma Aksum durii dhagaa irraa kan tolfamanidha. Siidaawwan kunniin sadarkaa dagaagina qarooma Aksum durii irra ture kan agarsiisanidha.



Fakkii 6.1(a) Siidaa Aksum

Hojii piroojektii

I. Gaaffii armaan gadii hojechuun barsiisaa/ttu keessanitti agarsiisaa

II. Garee miseensota torba torba qabu qindeessuun fakkii siidaa Aksum 6.1(a) olitti mul'atu wantoota naannoo keessanitti argaman irraa hojjechuun agarsiisaa.

Bulchiinsi mootummaa Aksum sirna barreeffamaa mataa ofii qaba. Qaroomni barreeffama kanaa qubee saabaa fayyadamuun afaan Gi'iiziin kan barreeffamaa turedha.Afaan Gi'iizii afaan hojii bulchiinsa mootummichaa ture. Mootummaan Aksum mootummoota Afrikaa durii maallaqatti fayyadamaa turan keessaa isa tokkodha. Akka qorannoon arkiyoolojiin ibsutti, maallaqni Aksum durii Warqii, Meetiifi Naasa irraa akka tolfaman addeessa.



Fakkii 6.1(b) Maallaqa Mootummaa Aksum Durii

Seenaa mootummaa Aksum durii jaarraa 8ffaa hanga 12ffaa gidduu jiru *"Bara Dukkanaa"*jedhamun beekama.Sababni isaas,bara barbadaa'u qaroomman Aksum durii, hariiroo biyyoota alaa waliin ture bara addaan citeefi kufaatiin dinagdee mootummaa Aksum bal'inaan itti mul'atedha. Akkasumas, ragaaleen seenaa qabatamoo waan hin jirreefidha. Akka waliigalaatti, sochiileen siyaas-dinagdeefi qaromman Aksum durii bara itti dadhabaa dhufedha. Kufaatii mootummaa Aksum duriif ragaleen seenaa sababoota adda addaa akeeku. Isaanis, sababoota dhiibbaa biyya keessaafi alaati.

- Dhiibbaa biyya keessaa inni ijoon jijjiirama qilleensaa, xiqqachuu oomisha qonnaa, mormii ummattootaa (Beejjaa)fi waldhabdee aangoo qabachuuf taasifamaa turedha.
- Dhiibbaa biyya alaa keessaa immoo daandiin daldala galaana Diimaa guutummaan to'annoo Arabootaa jala galuufi hariiroon Aksum biyyoota alaa wajjiin qabu addaan cituudha. Gama biraatiin, buufanni doonii Aduulis humnoota Arabaan manca'uudha.

Akka waliigalaatti, sababoota kanniin irraa ka'uun mootummaan Aksum durii bara1150tti guutuummaan kufuu danda'eera.


6.1.2. Mootummaa Zaaguwee (1150-1270)

Gaaffilee Shaakalaa

1. Walitti dhufeenya Zaaguweefi Laallibalaa ibsi
2. Laallibalaan magaalaa Aksum irraa kallatti kamitti argama?
3. Hundeeffama mootummaa Zaaguwee irratti gareen mari'adhaa.

Mootumman Zaaguwee kufaatii mootummaa Aksum booda kaabaa Itoophiyaatti kan hundeeffamedha. Mootummaan Zaaguwee nama Marraa Taklahaymaanot jedhamun hundeeffame. Marraa Taklahaymaanot mootii Aksum isa xumuraa,Dil'naa'od jedhamu injiffachuun bulchiinsa Zaaguwee hundeesse. Mootonni Zaaguwee giddugalaa bulchiinsa isaanii naannoo Laastaa bakka Roohaa (Adafaa) jedhamu taasifachuun bulchaa turan. Mootonni Zaaguwee aadaa, adeemsa siyaasaafi gama bulchiinsaan Aksum hordofaa turan. Akka fakkeenyaatti kan ibsaman amantii Kiristaanaa babal'isuufi barreeffama afaan Gi'iizii fayyadamuu fa'idha.

Daangaan bulchiinsa mootummaa Zaaguwee irra caalaan daangaa bulchiinsa mootummaa Aksum durii turedha. Mootonni Zaaguwee Marraa Taklahaymaanotiin booda aangoo qabatan keessaa isaan beekamoo: Gabramaasqal, Harbee, Laallibalaafi Yitbaarak kanneen jedhamanidha. Mootota kanneen keessaa Laallibalaan mootii mana amantii Kiristaanaa hedduu ogummaa sadarkaa ol'aanaan ijaarsiisedha.



Fakkii, 6.1(c)Bataskaana Laallibalaa

Bataskaanonni Laallibalaa ogummaa adda ta'een dhagaa tokko irraa bocamanii kan hojjetamanidha. Bataskaanonni kunniin lakkoofsaan 11 kan ta'anidha. Bataskaanonni kunniin maqaa mootii Laallibalaan kan moggaafaman yoo ta'an hanga ammaatti tajaajila amantii kennaa jiru. Kaayyoon ijaarsa bataaskaanota kanaas, mootonni Zaaguwee fudhatama argachuufi magaalaa isaanii giddugaleessa amantii Kiristaanaa gochuuf ture. Bataskaanonni Laallibalaa bara 1978 "UNESCO"tti dabaree seenaa Idil-addunyaa ta'un galmaa'aniiru.

Dinagdeen isaanii akkuma mootummaa Aksum qonnaafi daldala irratti kan hunda'edha. Hojii daldalaafi hariiroo biyya alaa karaa buufata doonii Zeeylaatiin raawwataa turan. Mootumman Zaaguwee biyyoota alaa akka Misiriifi Filisxeem waliin hariiroo cimaa qaba ture. Bu'aawwan qarooma Zaaguwee hedduudha. Isaan ijoo ta'an manneen amantii Kiristaanaa haala miidhagaa ta'en hojjechuufi amantii Kiristaanaa daran babal'isuu fa'i.

Sababni ijoo kufaatii mootummaa Zaaguwee walfalmii aangoo masaraa keessa turedha. Akkasumas, mootonni Zaaguwee abbootii amantii

Ortodoksiifi hawaasa gita ol'aanoo irraa deggarsa dhabuudha. Bu'uurri deggarsa dhabuu mootummaa Zaaguwee olola warri sanyii solomoonawaa ofiin jedhan irraa kan maddedha. Mootonni Zaaguwee akka saamtoota aangoo yookaan seeraan ala aangoo harkatti galfatanitti garee solomoonawaan dhiibbaan isaan irratti taasifamaa turedha.

Olola kana irratti hunda'uun Tasfaa-Iyyasus namni jedhamu bara 1270 mootii Zaaguwee isa xumuraa Yitbaarak mo'aatee aangoo qabate. Maqaa gonfoo isaas,Yikunoo Amlaak jedhee moggaafate. Sana booda Yikonoo Amlaak sanyii Solomoonawaa jalatti ofqajeelchuun sirna mootummaa Solomoonawaa bara 1270 labsuu danda'eera.

6.1.3. Gondor

Bara 1632-1667, mootiin Faasiladas masaraa mootummaa Gondor haala miidhagina qabuun ijaarsisaa ture.Bara1636,Gondor Mootii Faasiladasiin hundeeffame.Sababa kanaan, magaalaa Gondor yeroo dheeraaf giddugala bulchiinsa mootota Itoophiyaa turte. Bara 1636, Gondor wiirtuu siyaasaafi bulchiinsaa ta'un hanga bara 1850 mootaatti tajaajilaa turte. Mootonni Itoophiyaa hedduun Gondoriin giddugala bulchiinsa isaanii taasifachuun masaraa mootummaa miidhagaa ta'an ijaarsisaniiru. Akkasumas, Gondor magaalaa manneen amantii Kiristaanaa baay'ee qabdudha.Ogummaafi haalli ijaarsa masaraa Faasiladas kan Aksumiifi Lallibalaa waliin walitti dhiyeenya guddaa qaba.

Qaroomni Gondor sadarkaa ol'aanaa irra kan gahee bara bulchiinsa mootota: Faasiladas (1632-1667),Yohaanis I(1667-1682)fi Iyaasuu I (1682-1706) ture.Yeroo kanatti magaalaan Gondor daran guddachuun masaraawwan, manneen amantiifi manneen barnootaa amantii baay'een babal'ataniiru. Ogummaan ijaarsa magaalaa Gondor ittiin beekamu

keessaa inni guddaan masaraa mootii Faasiladasidha.Masaraan kun ijaarsa gamoowwan tajaajila adda addaaf oolan hedduu ofkeessaa qaba. Masaraan kun qaama dabaree seenaa addunya ta'un "UNSECO"tti bara 1979 galmaa'eera.



Fakkii 6.1(d), Masaraa mootii Faasiladas

Magaalaan Gondor daandii daldalaa kaabaa gara kibba Itoophiyaa deemu irratti hundeeffame.Daandilee gara Matammaa, Adowaafi Mitsiwwaa geessan magaalaa Gondar keessa qaxxaamuru. Daandii kana irraatti hundaa'uun isaa giddugala daldalaa akka ta'u taasiseera.

Hawaasni magaalaa Gondor gitaan kan qoqoodamedha.Hoggantoonni bulchiinsaafi amantii gita ol'aannoo keessatti ramadamu. Qonnaan bultootaafi jiraattoonni magaalaa gita giddugaleessaa kessaatti hammatamu. Daldaltoonni, oggeeyyiin harkaafi lammiileen biyya alaa gita gadaanu jalatti ramadamu.

Magaalaan Gondor wiirtuu jiraattoonni aadaa, amantiifi eenyummaa adda addaa qaban keessa jiraataa turanidha.Jiraattoonni kunniin hojiilee adda addaa hojjechuun beekamu. Fakkeenyaaf, muslimonni hojii daldalaa

irratti hirmaataa turan, Falaashoonni immoo hojii suphee,mukaafi sibiila hojjachuun jiraataa turan.

Walumaagalatti dagaaginni qarooma Gondoriifi wiirtuu bulchiinsaa ta'un itti fufuu hin dandeenye.Innis, sababa aangoo qabachuuf mootonni mormii wal irratti gaggeessaniin dadhabuu danda'eera. Gondor, magaalaa giddugala siyaasaa, daldalaafi barnoota amantii taatee tajaajilaa turtus, booda irraa laafaa deemuu danda'eera. Sababni isaas mootoonni naannoolee (kutaa adda addaa) aangoo harkatti galchuuf wal irraatti mormii waan gaggeessaa turaniifidha. Kunis, nageenyaafi tasgabbii dhabamsiisuun Gondor akka dadhabdu taasisee jira.Haala kanaan bara 1850 mootaa mootummaan Gondor guutuummaan kufuu danda'eera.

Gilagaala 6.1

I.Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii gabaabaa kenni

1. Bu'aawwan gurguddoo qarooma Aksum durii keessaa sadii tarreessi.
2. Bu'uurri dinagdee Aksum, Zaaguweefi Gondor maal ture?
3. Buufata doonni mootummaa Aksumiifi Zaaguwee walbira qabuun ibsi.
4. Hariiroo hawaas-siyaasaafi dinagdee Aksum, Zaaguweefi Gondor ibsi.

6.2. Sulxaanetoota Muslimaa Itoophiyaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Sulxaanetii jechuu maal jechuudha?
2. Itoophiyaa keessatti Sulxaanetoonni akkamitti akka hunda'an ibsi.


Sulxaanetiin bulchiinsa naannoo daangaan isaa beekamu kan sulxaanota Muslimaatiin hoganamudha.Akka seenaan ibsutti jaarraa 10ffaa eegalee Sulxaanetoonni Muslimaa hedduu naannoo bahaafi kibbaa-bahaa Itoophiyaatti hundeeffamaniiru.Isaanis:Sulxaanetii Shawaa, Ifaat, Adaal, Dawaaroo, Faxagariifi Baalii kan jedhamanidha.

Sulxaanetii Shawaa: Sulxaanetiin Shawaa, sulxaanetii muslimaa Itoophiyaa kan jalqabaati. Jalqaba jaarraa 10ffaa sanyiin warraa Maakzum jedhaman Arabiyaa irraa godaanuun gara naannoo kanaatti dhufan. Kana irraa ka'uun Sulxaanetiin kun maqaa Maakzumaayit jedhamuun beekama ture. Sulxaanetiin Shawaa Sulxaanota ollaa isaanii waliin walwaraanaa turan. Irra caalaa Sulxaanetii Ifaat waliin walwaraanaa turus, dhuma jaarraa 13ffaa Sulxaanetiin kun mo'aatamuun to'annaa Ifaat jala galeera.

Sulxaanetoota Ifaatiifi Adaal: Sulxaanetiin Adaaliifi Sulxaanetiin Ifaat walitti hidhamiinsa qabu. Sulxaanetiin Ifaat bara 1285 nama Umar Walaasmaa jedhamuun naannoo bahaa Shawaatti hundeeffame. Sulxaanetiin kun walaasmaa jedhamuun beekama. Sulxaanetiin Ifaat jaarraa13ffaa-14ffaa keessa gaanfa Afrikaatti sulxaanetii Muslimaa beekamaafi cimaa ture. Bu'uurri dinagdee Sulxaanetii Ifaat galii kan argataa ture daldala Zeeyilaafi bulchiinsa naannoolee isaanii irraa argamuunidha.

Fedhiin daandii daldala Zeeyilaa to'achuufi daangaa babal'ifachuun Sulxaanetii Ifaatiifi mootummaa Kiristaanaa gidduutti walitti bu'iinsa uumee jira.Walitti bu'iinsi kun bara 1332 injifannoo mootummaa

Kiristaanaatiin xumuramuun isaa kufaatii Sulxaanetii Ifaat fidee jira. Sanaan booda hogantoonni Ifaat mootummaa Kiristaanaa mormuun gara bahaatti baqatan bakka Daakaar jedhamutti sulxaanetii Adal jaarra 15ffaa keessa hundeessaniiru.



Kaartaa 6.2 Babal'ina Sulxaanetoota Muslimaa Itoophiyaa

Walitti bu'iinsa Sulxaanetoota Muslimaafi mootummaa Kiristaanaa Itoophiyaa gidduu biyyoonni alaa kan akka Porchugaaliifi OttomaanTurkii hirmaataniiru. Isaanis, fedhii daldala naannoo Galaana Diimaa to'achuuf ture. Bara 1520 irraa jalqabee Sulxaanetiin Adaal hoggansa Imaam Ahimad Ibn Ibraahim Aligaaz (Ahimad Graany) jala buluu jalqaban. Ahimad Graany, bara 1529, Dirree Waraanaa Shimburaa Quree irratti mootummaa Kiristaanaa injifachuun ol'aantummaa siyaas-dinagdee Itoophiyaa hanga 1543 jiru to'achuu danda'eera. Haata'u malee, Ahimad Graany, bara 1543, waraana mootummaa Kiristaanaa waliin dirree Waraanaa Wayinaa Dagaa irratti mo'aatamuu danda'eera.

6.3. Hariiroo, Walitti dhufeenyaafi Sosochii Ummattootaa (Sirna Gadaafi Dhaabbilee Hawaasaa Beekkamoo)

Gaaffilee Shaakalaa

1. Sosochiifi babal'ina ummataa jechuun maal akka ta'e irratti mari'adhaa?
2. Sababoota sosochiin ummattootaa maal fa'i?
3. Bu'aafi miidhaa sosochiin ummattootaa maal fa'i?

Ummattoonni, sabaafi sab-lammoonni Itoophiyaa yeroodhaa gara yerootti bakkaa bakkatti sosocho'aa turaniiru.Haaluma kanaan sosochiifi babal'ina ummattootaa keessaa beekamoo kan ta'an jiru. Isaanis: sosochilee ummattoota Afaar,Hararii,Argobbaa,Somaaleefi kan ummata Oromooti. Sababoota hawaas-dinagdeefi uumamaa iraa kan ka'e ummattoonni kunniin bakkaa bakkatti sosocho'aa turaniiru.

Sosochiifi babal'ina ummattootaa irraan kan ka'e hariiroofi walitti dhufeenyi ummattootaa daran cimuu danda'eera.Ummattoonni bakkaa bakkatti yoo socho'an aadaa, amantii, muuxannoo jireenyaa adda addaa,ogummaafi beekumsa qaban waliif qoodaa turaniiru.

6.3.1. Sosochii Ummata Oromoo

Adeemsi sosochii ummata Oromoo yeroo gabaabaafi al-tokkon kan raawwatamee miti. Haaluma kanaan bara 1522 irraa jalqabee federeeshiniin Oromoo Booranaafi Baarentuu kallatti lamaan gara naannoolee amma irra jiraataa jiranitti sosocho'uu danda'aniiru. Federeeshiniin tokkoffaa kan damee Booranaa kallatti kibbaa, kibba-lixaafi lixaatti sosocho'uu danda'eera. Dameen kun godinaalee yeroo ammaa Booranaa, Gujii, Wallaggaa, Iluu Abbaa Boor, Jimmaafi Shawaa keessa jiraataa jiru. Federeeshinii inni lammaffaa, Baarentuu yoo ta'au kallattii kaaba-bahaafi

bahaatti sosocho'uu danda'eera. Haala kanaan godinaalee yeroo ammaa keessa jiraatan akka Arsii, Harargee, Walloofi Baaleetti sosocho'eera.

Walumaagalatti federeeshiniin lamaanuu wiirtuu waloo kan ta'e Madda Walaabu irraa fagaachuu irraan kan ka'e wiirtuulee (Caffee) haarawa hundeeffataniiru. Wiirtuuleen kunniini kan akka Odaa Nabee, Odaa Bisil, Odaa Bulluq, Odaa Garaadoofi Odaa Bultum fa'idha.Wiirtuuleen kunniin iddoowwan Oromoon qubatee buluuf murteeffatetti kan hundeeffamanidha. Akkasumas, yaa'a Gadaa ittiin hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee bulchan bakka adda addaatti hundeessaa deemuu jalqaban.

Haata'u malee, jilli wiirtuulee kanneenii hundi waggaa saddeet saddeetiin wiirtuu Madda Walaabuutti walgahu.Madda walaabuuttis seera tumamuufi seera haaromsaman waraabbachuun jaarraa hedduuf seera Gadaa tokkon bulaa turan. Akkasumas, walitti dhufeenya gaarii ummata Oromoo bakka adda addaa qubatan gidduu bifa kanaan cimsachaa turaniiru.

Yeroo sosochii taasisaa turan ummanni Oromoo gurmaa'inaafi tokkummaa cimaa bulchiinsa Gadaan kan hogganamu ture.Bara bulchiinsa Gadaa keessa Oromoon qindoominaafi gurmaa'ina gama siyaasaa, hawaasummaa, dinagdee, loltummaa, aadaafi amantiin of ijaaree socho'aa ture.

Bara bulchiinsa Gadaa tokkummaafi qindoominni Oromoon qabu, sosochii jaarraa hedduuf taasisaa ture karaa safuufi safeeffannaan akka raawwatuuf gahee ol'aanaa taphateera.Fakkenyaaf, aadaa moggaasaafi guddifachaa fayyadamuun isa tokkodha. Dhuma irratti, mirga dubartiifi daa'immanii kabajuufi safuu namummaa eeguun milkaa'ina sosochii taasifamaa ture keessatti gahee guddaa taphatee jira.

Sirna Gadaa Oromoo

Gaaffilee Shaakalaa

1. Sirni Gadaa Oromoo ummata Oromootiif maalidha?
2. Sirni Gadaa Oromoo dhimmoota akkamii of keessatti hammata?
3. Sadarkaaleefi kutaalee Gadaa Oromoo irratti marii gabaabaa taasisa.

Sirni Bulchiinsa Gadaa Oromoo sirna dimookiraatawaa, qindoominaafi caaseffama adda addaa qabudha.Bulchiinsa Gadaa jala caaseffama dhimmoota siyaas-dinagdee, hawaasummaafi amantii hogganan hedduu of jalatti hammata. Sirni Gadaa dhimmoota hundaaf qajeelfama, seeraafi dambii ittiin bulmaataa qaba.Gadaan Oromoo waan hundaaf safuufi safeeffannaa waan qabuuf dhimmoota adda addaa seeraafi heera eegun adeemsa dimookiraatawaan raawwata.



Fakkii 6.3(a) Marii Yaa'a Gadaa

Sirna Gadaa keessatti ummanni Oromoo duudhaa ganamaan waliif ajajama, waliif abboomama, akkasumas walkabajuun jireenya isaanii

gaggeeffatu. Bulchiinsi Gadaa sirna jireenya waloofi faayidaa ummataaf dhaabbatedha. Haaluma kanaan, sirna Gadaa keessatti manguddoonniifi hayyoonni bakka guddaa qabu. Sirni Gada bara 2016 akka hambaa seenaa hafuuraa ta'un UNESCO tti galmaa'eera. Walumaagalatti sirni Gadaa Oromoo sirna guutuu ta'eefi waan jiruufi jireenya dhala namaa hunda kan ofkeessatti hammatudha.

Dhaabbilee Gadaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Maalummaa sirna siinqeefi faayidaa siinqee irratti marii bal'aa taasiisaa?
2. Faayidaa moggaasaafi guddifannaa qaban irratti mari'adhaa?

Dhaabbilee Gadaa jala jiran hedduu keessaa muraasni: sirni Siinqee, sirna Irreechaa, Muudaa(Qaalluu),sirna moggaasaa, guddifannaafi Waaqeffannaadha. Dhaabbileen gurguddoo sirna Gadaa keessatti argaman hedduudha. Akkasumas, jiloota adda addaas nidabalata.



Fakkii 6.3(b) Sirna Siinqee

Sirna Siinqee mirga dubartootaa kabachiisuufi walitti bu'iinsa adda addaa araarsuu irratti kan xiyyeeffatudha. Inni biroo, sirna Waaqeffannaafi Irreechaadha. Irreechi sirna uumaa galeteeffannaa yoo ta'u waggaatti marsaa lama kabajama. Moggaasaafi guddifachaan dhabbilee gurguddoo Gadaa jalatti dhimmoota adda addaa raawwatanidha. Dhaabbileen lameen namoota sabaan Oromoo hin taane Oromoo waliin walitti firoomsuu irratti xiyyeeffatanii kanneen hojjetanidha. Bulchiinsi Gadaa yaa'a Gadaan kan hogganamu yoo ta'u caasaan isaa yaa'a Gadaa (Caffee) irraa hanga ardaalee Jilaatti kan diriiredha. Hoggantonni Abbaa Gadaa Kallachaa hanga gogeessi Gadaa isaanitti aanee dhufutti aangoo kennanitti seeraafi heeraan bulchu.



Fakkii 6.3(c) Sirna Irreecha malkaa Finfinnee

Sirna Gadaa keessatti dhaabbillee olitti ibsaman keessa inni biroo amantii Waaqeffannaadha. Waaqeffannaan amantii Waaqa tokkotti amanudha. Amantiin kun ayyaanota akka Irreeffannaa, Muudaafi sirna Qaalluu kan hammatuufi qajeeltoon isaa immoo Safuufi Safeeffanaa dhuudhaa Oromoo irratti xiyyeeffata.

Sadarkaaleefi Kutaalee Gadaa

Sadarkaalee Gadaa

Sirna Gadaa keessatti hawaasni Oromoo sadarkaalee Gadaa gurguddoo hedduu keessa darbu.Isaanis, gulantaa Dabballee(0-8), Gaammee xixiqqoo (9-16), Gaammee Gurguddoo (17-24), Kuusaa(25-32), Raabaafi Doorii (33-40), Gadaa(41-48), Yuuba I(49-56), Yuuba II(57-64), Yuuba III (65-72) fi Yuuba IV(73-80)dha. Godinaalee Oromiyaa adda addaa keessatti maqaafi akkaataa rammaddii isaaniin gargar ta'u danda'u. Haata'u malee gaheefi itti gaafatamummaa walfakkaatu qabu. Mogaasa maqaafi itti gaafatamummaa sadarkaalee Gadaa adda addaa gabatee armaan gadii keessatti dhiyaataniiru.

Gabatee 6.3, Maqaa Sadarkaalee Gadaafi itti gaafatamummaa isaanii

T/L	Mogaasa maqaa	Ittigaafatamummaa
1	Dabballee, Suluda, Ittimakoo.	• Naannoo manaatti hojii xixiqqoo hojjechu.
2	Gaammee Xixiqqoo, Ruubboo, Qarree duubaa…	•Maatii waliin ta'un barnoota aadaa, mamaaksaafi sheekkoo baratu
3	Gaammee gurguddoo, Foollee, Qarree duraa, Goobama…	•Leenji adda addaa fudhatu, hojiitti bobba'uu, hawaasummaa keessatti qooda fudhachuu…
4	Kuusaa, Qondaalaafi Raaba	•Kallattiin seeraafi ittiin bulmaata Oromoo baratu, leenji'uu, hojii humnaa gurguddoo hojjechuu…
5	Raabaa-Doorii, Raaboma, Luba…	•Itti gaafatamumma adda addaa irratti hirmaatu, seera qo'achuu, kaadhimachuufi fuudhuu
6	Gadaa, Gadooma,	•Ittigaafatamummaa bulchiinsaa guutummaan guutuutti isaanitti kennama.
7-10	Yuuba, Gadamoojii, …	• Gorsa, Eebba, muuxannoo dabarsuu

Kutaalee Gadaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Sadarkaalee Gadaa adda addaa keessatti itti gaafatamummaa adda addaa maaliif akka kennamu irratti mari'adhaa.
2. Naannoo keessanitti Sadarkaalee (kutaalee) Gadaa umriin gurmaa'anii hanga bara Gadoomaatti jiran maatii yookaan maanguddoo naannoo keessan jiran gaafadhaa dareef gabaasaa.

Gadaa keessatti (dhahaan) lakkoofsa baraa Oromoo guyyoota gara ji'aatti, ji'oota immoo gara waggaatti, waggoonni immoo gara jaarratti qoodamu. Haala kanaan marsaaleen Gadaa waggaa saddeet saddeetiin qooduun marsaalee yokkaan goggeessa Gadaa shaniin aangoo waliif dabarsu. Gogeessa yookaan Marsaalee Gadaa beekamoon: Melbaa, Mudana, Kiiloolee, Roobaleefi Michilleedha. Hata'u malee mogaasni maqaa marsaalee Gadaa kanniin iddo adda addaatti maqaa adda addaan bekamu. Kanaaf, barnoota Gadaa keessatti qabiiyyeen kun sirriitti qaacceffamee waan jiruuf dubbisaa.

Gilgaala 6.3.

I.Gaaffilee armaan gadii dhugaa yookaan soba jechuun deebisi

1. Ummattoonni Itoophiyaa walitti dhufeenya kallattii hedduun qabu.
2. Sababoota sosochii ummataa keessaa tokko dhiibbaa dingdeeti.
3. Sosochii ummattootaa bara giddugaleessaa keessaa inni ijoon babal'ina ummata Oromooti.
4. Sirni bulchiinsa Gadaa Oromoo mirga dhala namaa kan kabajudha.
5. Sirni bulchiinsa Gadaa Oromoo dhimmoota hundaaf seeraa mataa isaa qaba.

II. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii sirrii ta'e filadhu

1. Dhaabbilee Gadaa jala jiran keessaa dhimmoota mirga dubartootaa kabachiisuu irratti xiyyeeffatu isa kami?
   A. Muudaa
   B. Qaalluu
   C. Siinqee
   D. Irrechaa
2. Sirna Gadaa keessatti sadarkaa namni tokko bulchiinsa keessatti itti gaafatamummaa fudhatu isa kami?
   A. Kuusaa
   B. Qoondaala
   C. Yuuba
   D. Gadaa
3. Kanneen armaan gadii keessaa isa kamtu adda?
   A. Harmuufa
   B. Roobalee
   C. Luba
   D. Horata
4. Kan armaan gadii keessaa tokko toofta ummanni Oromoo saboota adda addaa ittiin firoomsatu isa kami?
   A. Waaqeffannaa
   B. Baallii dabarsuu
   C. Moggaasaa
   D. Jila

6.4. Sochiilee Dinagdee Bu'uura Mootummoota Itoophiyaa (Qonna, Daldalaafi Gibira)

Gaaffilee Shaakalaa

1.Qonni maal maal of keessatti akka hammatu irratti mari'adhaa.

2.Faayidaa qonni qabu maal fa'i?

3. Hojiin qonnaa akkamitti akka raawwatamu irratti mari'adhaa?

A. Qonna

Qonni bu'uura dinagdee mootummaa Itoophiyaa bara durii kaasee hanga ammaati. Kanaafuu utubaan dinagdee Itoophiyaa bara durii kaasee hanga ammaatti jiru qonna jechuudha. Qonni lafa qotuufi beeyladoota horsiisu kan hammatudha. Haaluma kanaan, mootummoonni Aksumiifi Zaaguwee durii maddi galii isaanii bu'aa qonnaa ture. Oomishaalee qonnaa adda addaa kan akka Garbuu, Xaafii, Daagujjaafi Midhaan Zayitii (dhamaa/dibataa) karaa aadaatiin baay'inaan oomishamaa ture. Oomishaalee kanniinis gara naannoolee adda addaatti gurguruun galii argachaa turanii jiru. Galii argachuun alattis soorata hoomaa waraanaafi ittiin jireenya hawaasa hundaa ta'e tajaajila. Kanaafu, qonni utubaa dinagdee mootummoota Itoophiyaa yeroo darbaniifi kan ammaati.

B. Daldala

Gaaffilee Shaakalaa

1. Hojiin daldalaa akkamitti raawwatamaa har'a gahe?
2. Bu'aa daldalli guddina dinagdeefi mootummaaf kennu irratti mari'adhaa
3. Garaagarummaafi tokkummaa daldala biyya keessaafi alaa irratti gadi fageenyaan mari'adhaa.

Daldalli akkuma qonnaa utubaa dinagdee bara duriifi giddugaleessaa ture. Akka ragaaleen tokko tokko agarsiisanitti, daldalli hundeeffama mootummaafi magaalota adda addatiif bu'uuradha. Fakkeenyaaf, ,magaalonni akka Kolowee, Maxaraa, Yehaa, Rohaafi Aksum bu'aa daldalaatiin kanneen hundeeffamanidha. Daldalli Itoophiyaa bakka lamatti qoodama.Isaanis,daldala biyya keessaafi biyya alaati. Bifuma kanaan bara mootummoota Aksumiifi Zaaguwee daldalli biyya keessaafi biyya alaa cimaa ture.

Daladala biyyoota alaa waliin turan keessaa daldallii Ilkaan Arbaa, Warqii, Omishaalee qonnaa, daldalli garbaa, gogaa roobii, mi'eessituu adda addaafi baallee guchii isaan gurguddoodha. Gara biyya keessatti meeshaleen jijjiirraan dhufan immoo kanneen akka meeshaalee waraanaa, huccuu (wayaa), akaakuu dhugaatii adda addaafi faayaa adda addaa fa'idha.

C. Gibira

Gaaffilee Shaakalaa

1.Gibirri maalidha?

2. Faayidaa gibirri guddina dinagdee biyyaaf kennu maali?

Ashuraan hoo?

Dameen dinagdee mootummoota duriifi bara giddugaleessaa Itoophiyaa inni biraa Gibiraafi Ashuraadha. Kanaafuu, hawaasa irraa bifa adda addatiin gibirri guuramaa tureera. Akaakuun gibiraa inni duraa qonnaan bultoota irraa bifa oomishaatiin yookaan bifa beeyladaatiin kan sassaabamudha. Inni lammataa daldaltoota irraa bifa qaraxaatiin (Ashuuraatiin) kan guuramudha. Haata'u malee sassabbiin gibiraa kun akka bara ammayyaa salphaa waan hin hintaaneef mootummoonni durii gibira gahaa sassaabu hin dandeenye.

Gilagaala

Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii gabaabaa kenni

1. Faayidaa qonni guddina dinagdee biyya tokkoof qabu tarreessi.
2. Gibirri sirna kennanii fudhachuudha kan jedhamu maalif ?
3. Bu'aawwan daldala irraa argaman maal fa'i ?

Cuunfaa

Aksumifi Zaaguween mootummoota Itoophiyaa durii kaaba biyyattii keessatti qarooma isaanii dagaagsanidha.Aksum jaarraa 1ffaa Dh.K.D hanga walakkeessa jaarraa 12ffaa Dh.K.B mootummaa qaroomman adda addaan beekamudha. Mootummaan Zaaguwee immoo kufaatii mootummaa Aksum irraa kaasee hanga bara 1270 Dh.K.B. naannoolee duran Aksum jala turan baay'ee isaanii bulchaa kan turedha.

Jaarraa 10ffaa irraa jalqabee, Sulxaanonni Muslima Itoophiyaa naannoolee adda addaa keessatti kanneen hundeeffamanidha. Jaarraa 13ffaa hanga 16ffaatti Sulxaanoonni kunniin mootummoota Kiristaanaa waliin walitti bu'iinsaafi lola yeroo adda addaa gaggeessaa turaniiru. Jaarraa hedduuf sababa sosochiifi babal'ina ummattootaa irraan kan ka'e iddoo adda addaatti hunda'aaniiru.

Hariiroo siyaas-dinagdeefi hawaasummaa ummattootaa gidduufi sabaafi sablammoonni ijaarasa biyyaa irratti gahee ol'aanaa gumaachaniiru. Gadaan Oromoo sirna bulchiinsa qindoominaafi caaseffama addaa qabudha. Sirni kunis, dhimmoota siyaas-dinagdee, hawaasummaafi amantii kan hammatedha.

Qonni, daldalli, gibiraafi ashuraan damee dinagdee mootummoota Itoophiyaa bara durii, giddugaleessaafi kan yeroo ammaati. Hawaasni Itoophiyaa sochiilee dinagdee kanniin irratti hirmaataa har'a gahee jira.

Mootummoonni Itoophiyaa bara durii hanga ammaatti galii gibira irraa argamuun dinagdeefi bulchiinsa isaanii cimsataa har'a gahaan.

Gaaffilee Xumura Boqonnichaa

I. Yaadoota armaan gadii kan sirrii ta'an dhugaa kan sirrii hin taane immoo soba jechuun deebii kenni

1. Qaroomni Aksum qarooma kibba Itoohiyaatti dagaagedha.
2. Bu'uurri dinagdee Aksum qonnaafi daldala ture.
3. Sirni Gadaa Oromoo akka hambaa seenaatti UNESCO tti galmaa'eera.
4. Mootiin bulchiinsa Zaaguwee hundeesse Dilnaa'od jedhama.
5. Kufaatii bulchiinsa Zaaguweef sababni ijoon dorgomii aangoo qabachuuf taasifamaa turedha.
6. Sosochiin ummattootaa miidhaa malee faayidaa hinqabu.

II.Gaaffilee armaan gadii dubbisuun deebii sirrii ta'e filadhu

1. Qarooma Aksum ilaalchisee kamtu dhugaadha.
   A. Barreeffama mataa isaa danda'e qaba
   B. Maallaqa fayyadamaa turan
   C. Ogummaa ijaarsa siidaawwaniin beekamoo turan
   D. Hundinuu deebiidha
2. Buufanni doonni mootummaa Aksum _____ture.
   A. Zeeylaa
   B. Aduulis
   C. Asab
   D. Mitsiwwaa
3. Mootiin Akusuum Mero'e to'achuun beekamuu eenyu?
   A. Kaleeb
   B. Izaanaa
   C. Di'lnaa'od
   D. Taklaab

4. Albuuda Maallaqni Aksum durii irraa hojjaman isa kamidha?
   A. Meetii
   B. Nahaasa
   C. Warqii
   D. Hundinuu deebiidha
5. Faayidaa ijoo sirna Siinqee kan ta'e isa kami?
   A. Daldalaaf
   B. Nagaa buusuuf
   C. Mirga dubartootaa kabachisuuf
   D. 'A' fi 'C'
6. Sosochii ummattootaa Gaanfa Afrikaa keessaa kan seenaa bal'aa qabuufi inni ijoo kan ummata————ti
   A. Affaar
   B. Oromoo
   C. Somaalee
   D. Argobbaa

III. Gaaffilee armaan gadiif deebii barreeffamaa gabaabaa kenni

1. Gogeessa yokaan marsaalee sirna Gadaa Oromoo gurguddoo tarreessi.
2. Bu'aawwan qaroomman Aksumiifi Zaaguwee walbira qabuun barreessi.
3. Maalummaa sirna Gadaa Oromoo manguddoota (Maatii / Abbootii Gadaa) gaafachuun yaada argate qindeessii dareetti dhiyeessi.

BOQONNAA 7

DHIMMOOTA IJOO ADDUNYAA SI'ANAA XIYYEEFFANNOO BARBAADAN

Bu`aawwan Barachuu Boqonnichaa:

- Yaad-rimee wa'ee naannoo ni ibsita.
- Miidhaa dhalli namaa naannoo irratti fidu ni ibsita.
- Rakkoolee gurguddoo sadarkaa biyyaafi addunyaatti naannoo uumamaa irra gahu adda nibaasta.
- Kunuunsa naannootiif gahee hawaasni bahuu qabu keessatti hirmaannaa nitaasista.
- Miidhaa dabaluu lakkoofsa ummataa qabeenya uumamaa irraatti fidu nixinxaalt.
- Maalummaa shororkeessummaafi miidhaa inni lubbuu namaafi guddina hawaas-diinagdee irratti qabu nihimta.
- Sababaafi miidhaa godaansi seeraan alaa diinagdee, hawaasummaafi siyaasa irratti qabu ni ibsita.

Seensa

Dhimmoota ijoo addunyaa yeroo ammaa kanaan walqabatee qabxiileen askeessa jiran waa`ee naannoo keessa jiraannu keessatti wantoota fiizikaalaa naannoo keenyatti argaman kan akka sirna ikoloojiifi qabeenya uumamaa jiru. Rakkoolee gurguddoo naannoo uumamaa ta`an kan akka faalamaa, dabaluu hoo'insa addunyaa, haphachuu baqqaana Ozoonii, balfaa adda addaa, xiqqaachuu sanyii lubbu qabeeyyiifi kan kana fakkaatan nijiru. Rakkoolee kana furuuf qabxiiwwan irratti xiyyeeffatamu naannoo kunuunsuu, lafa duwwaa bosoneessuu, bakka bosonni irraa bade deebisanii bosoneessuu, hawaasa barsiisuufi qabeenya qusannaan fayyadamuu fa'a. Akkasumas waa`ee heddummachuu lakkoofsa ummataa, godaansa seeraan alaafi shororkeessummaa fa'a barattu.

7.1. Naannoo Keessa Jiraannu

Ga'umsa Barachuu Barattoonni Yoo Xiqqaate Gonfachuu Qaban:

- Wantoota naannoo kee keessatti argaman nitarreessita.
- Rakkoolee gurguddoo naannoo nitarreessita.
- Miidhaa dhalli namaa naannoo irratti fidu nixiinxalta.
- Karaalee rakkoon naannoo ittiin furaman ni ibsita.
- Rakkoo naannoo uumamaa irra gahu furuu keessatti faayidaa hirmaanaan hawaasaa qabu ni ibsita.
- Hawaasa keessa jiraattu keessatti hirmaannaa kunuunsa naannoo nitasfta.
- Miidhaa dabaluu lakkoofsa ummataa qabeenya uumamaa irraatti fiduu adda nibaasta.
- Maalummaa shororkeessummaafi miidhaa inni lubbuu namaafi guddina hawaas-diinagdee irratti qabu nixiinxalta.
- Sababaafi miidhaa godaansi seeraan alaa diinagdee, hawaasummaafi siyaasa irratti qabu ni ibsita.

7.1.1. Naannoo Keessa Jiraannu Beekuu

Gaaffilee Shaakalaa

1. Naannoo ati keessa jiraattu keessatti maal faatu argama?
2. Rakkooleen gurguddoon naannoo ati keessa jiraattu maal fa`a?

Naannoo keessa jiraannu jechuun bakka lubbu qabeeyyiifi lubbu maleeyyiin keessa jiraataniidha. Lubbu qabeeyyiifi lubbu maleeyyiin naannoo keessa jiraatan keessatti hariiroo cimaa ta'e waliin qabu. Dhalli namaa jireenya isaanii fooyyeffachuuf jecha lubbu qabeeyyii biroofi lubbu maleeyyii naannoo isaaniitti argaman irratti dhiibbaa nigeessisan.

Naannoon bakka lamatti qoodama. Isaanis naannoo uumamaafi naannoo nam-tolchee jedhamu. Naannoo uumamaa jechuun lubbu qabeeyyiifi lubbu maleeyyii kan ofkeessatti hammatufi uumamaan kan jiru yoo ta'u, isaanis kan akka bishaanii, qilleensa, biyyee, albuudota, biqilootafi bineensota fa`a ofkeessatti qabata. Gama biraatiin immoo naannoon nam-tolchee kan jedhamu wantoota ilma namaatiin jijjiiramanii fooyya`anii argamaniidha. Isaanis kanneen akka manneenii, daandii, magaalaa, naannoo qonnaafi industirii fa`a ofkeessaa qaba.

Wantoonni naannoo keessatti argaman hariiroo cimaa ta'e waliin qabu. Kana jechuun wantoonni naannoo keessa jiraatan walitti hirkatanii kan jiraataniidha. Fakkeenyaaf hariiroo biqilootaafi biyyee, bineeldotaafi biqiloota, namaafi qabeenya uumamaa gidduu jiru ibsuun nidanda'ama. Kanaaf naannoon keessa jiraannu bay`ee bal`aafi walxaxaa kan ta`eedha. Naannoo keessa jiraannu beekuun sirritti nurraa eegama. Ilmi namaa waa'ee naannoo keessa jiraatuu yoo hubannaa qabaatefi wantoota achi keessa jiran yoo beekee itti fayyadamee naannoo isaas sirritti kunuunsuu danda`a.

7.1.2. Rakkoolee Gurguddoo Naannoo Uumamaa

Addunyaan sababa bay`achuu lakkoofsa ummataa, aara warshaaleefi cirama bosonaatiin rakkoo adda addaatiif saaxilamaa jirti. Rakkooleen kunis kan akka faalama qilleensaa, dabaluu ho`aa, babal'achuu gammoojjummaa, hoongee, hanqina bishaan qulqulluu, xiqqaachuu lubbu qabeeyyii, haphachuu baqqaana Oozooniifi kan kana fakkataniidha.

Faalama

Faalama jechuun naannoon uumamaa qulqullina dhabuun, fooliin ykn qabiyyeen yeroo jijjiiramuudha. Naannoo uumamaa keessatti waantonni faalamuu danda'an kanneen akka qilleensaa, bishaaniifi biyyee fa`a.

Faalama qilleensaa: faalama qilleensaa jechuun qulqullina dhabuu qilleensa naannoo lafaa jechuudha. Qilleensi haala uumamaan jiru irratti wantoonni haaraan adda addaa yoo itti makaman qulqullina isaa dhaba. Qilleensi karaa lamaan faalamuu danda'a. Isaanis: karaa uumamaafi gochaalee namaatni.

1. **Wantoota Uumaman Qilleensa Faalan**

A. **Dhoohinsa Volkaanoo**: Volkaanoon yeroo dhohu aara, daaraafi dhukkeewwan baay'inaan gara qilleensa naannootti yemmuu maku qilleensa naannoo nifaala.

B. **Ibidda Bosonaa:** Wal-rigiinsa mukkeen bosonaatiin yeroo tokko tokko ibiddi tasa bosona keessaa nika'a. Ibiddi haala kanaan ka'ee bosona naannoo lafa baldhaa irratti argamu gubuu danda`a. Aarri bosona gubate keessaa bahu qilleensatti makamuun naannoo faala.

2. **Gochaalee namaa:**

Namni jireenya isaa gaggeessuuf sochiilee garaagaraa taasisa. Sochiilee taasisu kana keessatti wantoota qilleensa naannoo faaluu danda'an gara qilleessaatti gadhiisa. Isaan keessaa muraasni aara warshaalee keessaa

bahu, aara konkolaataa, farra aramaafi ilbiisotaa fayyadamuu, bosona gubuu, aara mana jireenyaa keessaa bahuufi kanneen kana fakkaataniidha.



Fakkii 7.1. Faalama Qilleensaa

Faalama Bishaanii: Bishaan naannoo keenya jiru sababa gocha ilma namaa garagaraatiin faalama. Isaan keessaa muraasni:

- Dhangala`aa warshaaleefi mana jireenyaa keessaa bahu,
- Xaa`oofi farra ilbiisotaa naannoo lafa qonnaatti fayyadamuu,
- Balfa adda addaa bishaanitti gatamuufi kan kana fakkaatan.

Dabaluu Hoo'a Addunyaa


Dabaluun hoo`a addunyaa kan dhufuu danda`u gaasii kaarbondaayoksaaydii (CO_2) hamma uumamaan jiruu ol yoo qilleensa naannootti makameedha. kaarbondaayoksaaydii (CO_2) uumamaan jiru teempireechara lafaa sirreessa ykn akka lafti hin qorrine godha. Garuu hanga uumamaan jiru irratti sababa adda addaatiin yoo qilleensa keessatti gadi lakkifame hoo'i addunyaa dabalaa deema. Haalli kunis dabaluu hoo`a addunyaa (Green house effect) jehama. Fkn $CO_2$ yoo dachaan dabale hoo'i digrii seentigireedii 1 hanga 3 dabaluu danda`a. Kuni immoo miidhaa guddaa addunyaa irratti fida. Fkn jijjiirramni qilleensaa, cabbiin naannoo bantiilee baquun sirriin gaalaanaa


akka dabalu taasisa. Gaasota daballii hoo'a addunyaaf sababa ta'an qilleensa naannawa lafaa keessatti makamanii hoo'i addunyaa akka dabalu taasisan gaasota manneen jireenyaa, warshaaleefi bosona gubatu keessaa bahan faadha.

Maqaafi hamma baay'ina gaasonni kunniin qilleensa naannawa lafaa keessatti qaban chaartii armaan gadii ilaali.

Maqaa	Bakka bu`ee	Hamma
Kaarbondaayoksaayidii	CO_2	55%
Miteen (Methane)	CH_4	15%
Naayitrawusoksaayid (nitrous oxide	N_2O	5%
Kilorofloro kaarboon (chlorofluorocarbans)	CFC	25%

Gabatee 7. 1. Gaasota dabaliinsa hoo`a addunyaatiif sababa ta`an





Fakkii 7.2 Dabaluu hoo'a Addunyaa

Haphachuu baqqaana Oozoonii

Oozooniin (O3) qabiyyeewwan qilleensa marsaa lafaa keessaa isaa tokko. Baqqaanni qilleensaa nuti keessa jiraannu baqqaana Tiroopoosfeerii jedhama. Gaasiin Oozoonii baqqaana Istiraatoosfeerii keessatti argama. Sababa dabalaa deemuu hoo`a addunyaatiin baqqaanni Oozonii haphachaa deema. Happachuun baqqaana kanaa akka caaraallaan Altiraavaayoleetii summaa`aa ta`e gara lafaatti dhufu taasisa. Carallaan Altiraavaayoleetii lafa irra gahuun lubbu qabeeyyii irratti miidhaa guddaa fida.

Balfa adda addaa

Balfa jechuun wantoota adda addaa hinbarbaachifne kanneen akka hara manaa, haftee nyaataa, waraqaa, kaartoonii, huccuu, lafee bineensotaa, meeshaalee ijaarsa adda addaa, meeshaalee qorichaa, sibiila caccabaa adda addaafi kan kana fakkaatan of keessatti hammata.

Xiqqaachuu Lubbu Qabeeyyii

Xiqqaachuun lubbu qabeeyyii hir`achuu sanyii ykn lakkoofsa lubbu qabeeyyii akka addunyaatti yookin akka uumama naannootti jechuudha. Kunis sababa badiinsa biqilootaafi bineensotaatiin kan dhufuudha. Wantoonni badiinsa lubbu qabeeyyiif sababa ta`an: sanyiin lubbu qabeeyyii tokko kan biraa weeraruun miidhuu, dhalli namaa humnaa ol qabeenya uumamaatti fayyadamuu, jijjirama qilleensaa fi kanneen kana fakkaataniidha.

7.1.3. Naannoo Kunuunsuu

Gaaffilee Shaakalaa

1. Naannoo kunuunsa jechuun maal jechuudha?
2. Hawaasni ati keessa jiraattu akkamitti naannoo isaanii kunuunsa?

Kunuunsa jechuun waantoota uumamaan naannoo isanitti argamuuf eegumsa barbaachisu taasisuufii jechuudha. Kaayyoon isaa guddaan qabeenya uumamaa naannootti argaman qusannoofi sirnaan itti fayyadamuun yeroo dheeraaf akka turan taasisuufi namoota baay'ee akka tajaajilu gochuu, akkasumas dhaloota dhufuuf dabarsuu danda'uudha. Hawaasni naannoo isanii tooftaaalee armaan gadiitiin kunuunsuu qabu.

Lafa duwwaa bosoneessuu: Bosoneessuu jechuun lafa hojii qonnaatiif hinoolle kan akka lafa gaarreenifi naannoo hallayyaa lafa qullaa jiraan biqiloonni irra hinjirre irratti biqiloota dhaabuun gara bosonaatti jijjiiruu jechuudha.

Deebisanii bosoneessuu: naannoo bosonni irraa ciramee bade biqiloota deebisanii dhabuufi kunuunsuun debi'ee akka bosona ta'u gochuudha. Kunis, biyyeen haala salphaan bishaaniin akka hinharamne, bineensonni bosonaa dahoo akka argataniifi madaalliin qilleensaa akka eeggamu taasisa.

Hawaasa barsiisuu: Mootummaafi dhaabbileen miti-mootummaa sagantaa adda addaa baafatee hawaasaaf hubannoo kennuu qabu. Karaa midiyaalee adda addaatiin, waltajjiiwwanfi karaa barnootaatiin hubannoo uumuu qaba.

Haala itti fayyadama Qabeenya uumamaa

Qabeenyi uumamaa akka hinqisaasofneef karaa sadi'in itti fayyadamuu dandeenya.

Qusannaan itti fayyadamuu: Qabeenya hanga nuuf barbaachisu qofa qusannaan osoo hinqisaasessin itti fayyadamuufi dhaloota itti aanuuf akka turu eegumsa gochuu jechuudha. Fakkeenyaaf qabeenya of-hinhaaromsine kan akka albuudotaa, boba`aafi kan kana fakkaatan qusannaan itti fayyadamuudha.

**Irra deebi`uun itti fayyadamuu**: Qabeenya uumamaa tokko itti fayyadamnee ,irra deebiin akka suphamu gochuun deebisani akka tajaajila kennu gochuu jechuudha. Fakkeenyaaf mancaatii bosonaa hir'isuuf meeshaalee tajaajila manaafi waajjiraaleef oolan suphuun deebisanii itti fayyadamuun nidanda`ama.

Marsaan fayyadamuu: meeshaalee gataman bifa haaraan fooyyessanii oomishuun itti fayyadamuu jechuudha. Kaayyoon kanaas meeshaaleen dheedhiin haarofti akka hinqisaasofneefi meeshaleen gataman faalama naannoo akka hinfidne hir`isuuf nugargaara.

Gilgaala 7.1

1. Ilmi namaa naannoo isaa irratti miidhaa akkamii geessisa?
2. Naannoo keetitti wantootni qabeenya umamaa faalan maal fa`a?
3. Naannoon akka hinfaalamneef gaheen sirraa eeggamu maal fa`a?
4. Dabaluun hoo`a addunyaa akkamitti uumama?
5. Qabeenya umamaa seeraan itti fayyadamnee dhaloota dhufuuf akka darbuuf maaltu godhamuu qaba?

7.2. Heddummachuu lakkoofsa Ummataa

Gaafilee Shaakalaa

1. Heddumachuu lakkoofsa ummataa jechuun maal jechuudha?
2. Rakkoon daballii lakkoofsa ummataatin dhufu maali?

Heddumaachuu lakkoofsa ummataa jechuun lakkoofsi ummata naannoo murta'aa ta'e tokko irra jiraatuu garmalee dabaluu jechuudha. Garmalee dabaluun lakkoofsa ummataa kun immoo qabeenya uumamaa irratti miidhaa gudddaa geessisa. Heddummachuun lakkoofsa ummataafi qabeenya uumamaa jiru walmadaaluu dhabuun immoo rakkoolee kan akka manca'ina qabeenya uumamaa, fakkeenyaaf ciramuu bosonaa, harama biyyee, garmalee fayyadamuu albuudotaafi kanneen kana fakkaataniidha.

Gaaffilee Gilgaala 7.2

1. Heddumaachuu lakkoofsa ummataa jechuun maal jechuudha?
2. Sababni lakkoofsi ummataa sffisaan dabaluu maali?
3. Rakkooleen baay'ina ummataatiin walqabatnii qabeenya uumamaa irra gahuu danda'an maal fa'a

7.3. Shororkeessummaa

Gaaffilee Shaakalaa

1. Maalummaa shororkeessummaa irratti mari`achuun:
   A. Miidhaa shororkeessummaan fidu tarreessaa?
   B. Shororkeessummaa ittisuu keessatti gaheen hawaasni qabu maal ta'uu danda'a?

Shororkeessummaan gocha sukkaneessaa rakkoo ijoo addunyaa si`anaafi hawaasa addunyaa garmalee dhiphisaa jiruudha. Shororkeessummaan gocha faallaa seeraafi safuu ta'ee yaada dhuunfaa garee muraasaa galma

gahachuuf rawwatamuudha. Seenaa addunyaa ammayyaa keessatti shororkeessummaan aangoo siyaasaa qabachuuf akka tooftaatti itt fayyadamaa jiru. Haa ta'u malee, kaayyoon isanii inni guddaan qabeenya heddu horachuun karaa qaxxamuraan duroomuudha.

Baroota as dhiyoo, bara 2001 irra kaase tarkaanfiiwwan shororkeesitoota hawaasa siiviliifi tajaajila hawaasummaa irratti xiyyeefachuun badii hamaa geessisaa jiru. Fakkeenyaaf, badii sukkaneessaan shororkeessitonni raawwaatan keessaa tokko tarkaanfii Fulbana 11,2001 giddu-gala daldala addunyaa (World Trade Center) Ameerikaa (USA) keessatti argamu irratti raawwatamedha.



Fakkii7.3. Miidhaa dhaabbata Daldala Addunyaa irratti Shororkkeessitootan qaqqabe

Xiyyeeffannoon shororkeessitotaa inni guddaan iddoowwan tajaajila hawasaa, kanneen akka manneen barnootaa, giddu-gala gabaa, iddoo bashanannaafi kan kana fakkatan irratti miidhaa hamaa geessisuudha. Biyyoota oolla keenyaa keessattuu, Somaaliyaafi keeniyaa keessatti irra deedeebiin shororkeessitonni badii hamaa geessisaniiru.

Kanaafuu, shororkeessummaa ittisuun itti gaafatamummaa lammiilee biyya hundaati. Keessattuu dhaabbilee barnootaa keessatti barnoonni

kennamu kan lammiileen dandeetti, ilaalcha, gahumsaafi ogummaa wajjiin jireenyaa horachiisu ta`u qaba. Gahumsa odeeffannoo qacceessuun dhugaa barbaaduufi sababaan hogganamuu akka horatan gochuun barbaachisadha. Akkasumas, dhaabbilee amantaafi aadaa duudhaawwan wajjiin jireenyaa, nageenya waloo, walqixxummaa dhala namaafi haqummaa irratti hordoftoota isanii barsiisuufi hubachiisuu qabu.

Lammiileen garaagarummaa aadaa, amantaa, afaan, ilaalchafi amala qabaan walhubachuun waldanda'anii waliin jiraachuu qabu.

Akka waliigalatti, biyyoonniifi hawaasni addunya hundi walitti hidhama gama adda addaatin jiruufi garaagarummaa ummataa hubachuun nageenya waliitiif dhaabbachuun dirqama. Lammiileen bakka jiran hundaatti dammaqinaan nageenya naannoo waliin eeguu qabu.

Gilgalaa 7.3

Gaaffiilee armaan gaditti dhihaataniif deebii kenni.

1. Shororkeessummaa ittisuu keessatti gaheen lammiileen bahuu qaban sadii tarreessi.
2. Biyyoonni shororkeessummaa ittisuuf maal godhuu qabu?

7.4 Daddabarsa Namootaa Karaa Seeraan Alaa

Gaaffilee shaakalaa

1. Miidhaa karaa seeraan alaan namoota daddabarsuun qabu tarreessi
2. Miidhaa karaa faddaaltota namaatiin biyyaa bahuun qabu irratti mari`adha dareef ibsaa.

Karaa seeraan alaan namoota daddabarsuu jechuun gochaafi adeemsa namoota gowwoomsuun, sobuun, ukkaamsuuniifi kanneen kana fakkaataniin walitti qabuun faayidaa irraa argachuuf bakkaa bakkatti daddabarsudha. Haala kanaan namoota bakkaa bakkatti yookaan biyyaa

biyyatti daddabarsuun daldala garbaa ammayyaati jedhama. Dhimmi namoota seeraan ala daddabarsuu rakkoowwan gurguddoo addunyaa si`anaa keessaa isa tokkoodha.

Biyyoota heddu keessatti gochi kun miidhaa cimaa gama adda addaan geessisaa jira. Keessattuu, hawaasni biyyoota guddataa jiran keessa jiraatan baay`ee miidhamaa jiru. Gareen hawaasaa daddabarsa seeraan alaatiif baay'inaan saaxilamoo ta`an dargaggootafi daa`immani. Keessattu, dubartoonniifi daa`imman rakkoo kanaaf daran saaxilamoodha. Faddaaltonni seeraan alaa namoota daddabarsan naannoo baadiyyaa hanqinni hubannoo jiru keessa socho`uun namoota gowwoomsuun filatu. Tooftaalee isaan namoota ittiin gowwoomsan keessaa ijoon maqaa ``Hojjetaafi hojjechiisaa walqunnamsiisuu`` jedhuuni. Namootaan hojii mijataafi kaffaltii fooyya`aa argattu jechuun sobuun maallaqa irraa fudhachuun, qaama birootti dabarsu. Akkasumas, biyyaa baasuun gara biyyoota birootti ergu.

Namoonni haala kanaan sobamuun bakkaa bakkatti daddabarfaman rakkoo hedduuf saaxilamuun, miidhaama qaamaa hanga lubbuu dhabuufi xiin-sammuu hamaaf saaxilamu. Rakkoo namoonni seeraan ala daddabarfaman qunnaman keessaa ijoon;-

- Hojii dirqamaan hojjechuu
- Hojii humna oli hojjechuu
- Hojiiwwan miidhaa adda adda qabu hojjechiisuu
- Yakka adda addaa irratti dirqiin hirmaachisuu
- Daa`imman miidhaa qaamaa irraaan gahuun ittiin kadhachuu, kadhaa irratti hirmaachisu
- Hojii mana keessaa hojjachiisuun akka bakkaa bakkatti hinsochonee dhorkuu

- Gochaalee sagaagalummaan walqabatan irratti raawwachuu.
- Saamicha humnaafi kafaaltii gadi aanaa kaffalamuufi.
- Daa`imman mirga barachuufi eegaree ofii fooyyeefachuu dhabuufi kanneen kana fakkaataniidha.

Seeraan ala namoota daddabarsuufi daldalli namaa seera addunyaaleessaa ta`ee heera mootummaa Federaalawaa Rippabilikaa Itiyoophiyaa keeyyata 18/2 irratti ibsameera . Kanaafuu, laammiilee balaa kana irraa baraaruuf hubannoo uumuun barbaachisadha.

Gilgalaa 7.4 Gaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni

1. Namoota karaa seeraan alaa daddabarsuun miidha maal qaba?
2. Garee hawaasa daddabarsa seeraan alaatiif saaxiilamoo ta`aan tarreessi.
3. Faddaaltoota karaa seeraan alaan namoota daddabarsan jechuun maal jechuudha?
4. Faaddaaltoonni seeraan ala namoota bakka bakkatti daddabarsan tooftalee akkam fayyadamu?

Cuunfaa

Naannoon keessa jiraannu bakka ilmi namaa, bineensotniifi biqilootni keessa jiraatan ta`ee bakka lamatti qoodama. Isaanis: Naannoo uumamaafi naannoo nam-tolcheeti. Naannoon uumamaa kan akka bishaanii, qilleensa, biyyee, albuudota, biqiltootafi bineensota ofkeessaa qaba.

Naannoon namtolchee immoo kan akka manneenii, daandii, magaalaa, naannoo qonnaafi industirii fa`a ofkeessaa qaba. Naannoon keessa jiraannu fayyummaafi jiraachuu lubbu qabeeyyiitiif gahee olaanaa taphata. Kanaaf namni hundiinuu naannoo kunuunsuufi eeggumsa gochuun murteessaadha.

Yeroo ammaa kana naannoon rakkoolee akka faalamaa, dabaluu hoo`a addunyaa, haphachuu baqqaana oozoonii, balfa adda addaa, xiqqaachuu lubbu qabeeyyiifi kanneen kana fakkaataniif saaxilamaa jira. Rakkoolee kanaaf sababa kan ta`uu danda`an bay`ina ummata, aara warshaaleefi motora keessaa bahufi cirama bosonaa fa`a. Rakkoo kana maqsuuf hawaasa barsiisuun, bosona deebisanii dhaabuun, qabeenya uumamaatti qusannaan fayyadamuun murteessaadha.

Gama biraatiin rakkoowwan addunyaa si`anaa keessatti mul`atan shororkeessummaafi daddabarsa namootaa karaa seeraan alaati. Shororkeessummaan adeemsa hawaasaa keessatti sodaafi dhiphina umuun jireenyi hawaasa akka nageenyaafi tasgabbii dhabuu godhuuti. Karaa seeraan alaan namoota daddabarsuu jechuun gochaafi adeemsa namoota gowwoomsuun, sobuunifi ukkaamsuun walitti qabuun faayidaa irraa argachuuf bakkaa bakkatti daddabarsaniidha.

Gilgaala Boqonnaa 7

I. Gaaffilee armaan gadii kan sirrii ta`e **Dhugaa**, kan dogongora ta`e **Soba** jechuun deebisi.

1. Naannoon keessa jiraannu lubbu qabeeyyifi lubbu maleeyyii hunda ofkeessatti qabata.
2. Itoophiyaa keessatti namootni karaa seeraan alaatiin wanti deemaniif waan rakkataniif qofa.
3. Naannoo keessa jiraannu sirritti beekuun akka naannoo keenya seeran kunuunsinuuf nufayyada.
4. Shororkeessumaan addunyaa si`anaa keessatti rakkoo bay`ee yaaddeessaa miti

II. **Kanneen "B" Jalatti barreeffaman kan "A" jalatti tarreefamaniin walitti firoomsi**

"A"	"B"
1 Naannoo namtolchee	A. Ozoonii
2 Naannoo uumamaa	B. Dhoohiinsa volkaanoo
2. Caarallaa summaa`aa ittisa	C. CO_2
3. Gaazii hoo`a dabalu	D. Magaalaa
4. Wantoota uumamaan qilleensa faalan	E. Bishaan
5. Faalama qilleensaa gocha namaatiin	F. Bosona Gubuu

III. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii qubee sirrii qabate filachuun deebsi.

1. Wantoonni uumamaan qilleensa faalan kami?

   A. Abidda manaa B. Dhoohinsa Volkaanoo

   C. Aaara magaalaa keessaa D. Aara warshaalee

2. Wantoonni nam-tolchee ta`anii qilleensa faalan:

   A. Daraara B. Dhoohinsa Volkaanoo

   C. Aaara magaalaa keessaa D. Ibidda bosonaa ofumaan ka`u

3. Gaaziin dabaliinsa hoo`a addunyaatiif sababa ta`e isa kami?

   A. Kaarboondaayoksaayidii B. Ooksijiinii

   C. Ozoonii D. Naayitiroojinii

Hiika Jechootaa

Kuniformi	Barreeffama Mesopootamiyaa durii
Laatinoota	Ummataa Roomaa durii
Logogiraafiksii	Barreeffama Chaayinaa durii
Meetii	Albuuda tajaajila adda addaaf kan ooluu
Mummifikeeshinii	Qarooma Misir nama du'e yeroo dheeraaf tursiisu
Naayilootikikii	Warraaqsa qonna jijjiirama dhala nama irratti fide
Nahaasa	Albuuda tajaajila adda addaaf kan ooluu
Paappirus	Meeshaa Misir durii irratti barreessuuf ooludha.
Patirishiyaanota	Roomaa durii keessatti ol'aantummaa siyaasa qaban
Pilibiyaanoota	Ummata baldha Roomaa durii
Piraamidii	Qarooma ijaarsaa Misiriifi Mero'e durii
Qarooma	Fooyya'insa ogummaa,beekumsaafi dandeettii
Rippaablikii	Mootummaa ummatan ijaarame